# QAACCESSA FAYYADAMA JECHOOTA TAJAAJILA MEESHAALEE BARNOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9FFAA.

DIRRIBEE GABRUUTIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE.

YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII.

HAGAYYA 2019

FINFINNEE

# QAACCESSA FAYYADAMA JECHOOTA TAJAAJILA MEESHAALEE BARNOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9FFAA.

DIRRIBEE GABIRUU JIRAATAATIIN

GORSAA: Dr. AMAANU'EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMSIISAA GUUTTACHUUF QOPHAA'E

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA 2019

FINFINNEE

YUUNIVARSIITII ADDIIS ABABAA/FINFINNEE DHAABBATA

QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE.

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan oromoofi Ogbarruun gamisaan guuttachuuf Dirribee Gabiruun, mataduree: Qaaccessa Fayyadama Jechoota Tajaajila Meeshaalee barnootaa Afaan oromoo Kutaa 9^ffaa jedhurratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutteetti.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa______________________ Mallattoo_______Guyyaa________

Qoraa Keessaa____________________Mallattoo_______Guyyaa ________

Gorsaa__________________________Mallattoo________Guyyaa________

_______________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee Ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seeraqabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Dirribee Gabiruu Jiraataa

Mallattoo: ____________________

Guyyaa: ____________________

*Axereeraa*

*Jechootni tajaajilaa garee jechoota ta'anii kanneen hiika murtaawaa mataa isaaniihin qabnedha. Hiikni Jechoota tajaajilaa kan ibsamu/murtaa'u hariiroo isaan garee jechoota biroo wajjin qabaniin. Jechootni tajaajilaa barnoota Afaan oromoo keessatti tajaajila isaan kennan irratti hundaa'uun akaakuu garagaraatu hojiirra oolaa jiru. Mata duree qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e jechootni tajaajilaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessatti adda bahanii kaahamuu dhabuufi jechootni tajaajilaa akka jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo dhabuu fa'i. Kaayyoonqorannoo kanaa fayyadama jechoota tajaajila meeshalee barnootaa Afaan oromoo kutaa 9ffaaqaaccessuudha.Kaayyoo Qorannoo kanaa dhugoomsuuf ammoo qoratttuun mala qorannoo Akkamtaatti dhimma baateetti. Qorannicha caalaatti qabatamaa taasisuuf mala iddaattoo kaayyeffataa fi meshalee odeeffannoo ittiin funaanaman af-gaaffii, daawwannaa daree fi sakatta'a meeshalee barnootaa kutaa 9ffaafilachuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabachuun qindeessiteetti. Bu'aan qorannoo kanaa kan agarsiisujechootni tajaajilaa akka jechoota qabiyyee of danda'ee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessattii qindaahee ta'uu dhabuu mirkanaa'eera; kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessatti jechootni tajaajilaa haala baruu fi barsiisuu barattootaaf mijatuun fakkeenyaan deggaramee dhihaachuu dhabuu hubatameera; gosootnijechoota tajaajilaa meeshaalee barnootaa kutaa 9ffaa keessatti haala wal-qixaan kan hin kaahamnee fi kan meshaalee kanneen keessatti hin haammatamnes jiraachuu sakatta'ameera; Kaka'umsifi hubannoon barsiisonni jechoota tajaajilaa irratti qaban gahaa akka hin taane qorattuun mirkaneeffatteetti. Qorattuun qorannoo kanaa qabxiiwwan argannoo jalatti ibsamaniif furmaata ta'a jette kan keesse keessaa Jechootni tajaajilaa akka jechoota qabiyyee of danda'ee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti akka kaa'amu; leenjiinfi hubannoo jechoota tajaajilaa irratti barsiisotaaf akka keennuu; qopheessitoonni meeshaalee barnootaa kanneenii, fayyadama jechoota tajaajila meeshalee barnootaa Afaan oromoo kutaa Saglaaarratti xiinxala gadifageenyaa adeemsisuufa'i.*

# Galata

Jalqabarratti Waaqayyoo waa hunda keessa nadabarsee asiin naga’eef hoqubaan hammana hin jedhamne laadha.Qorannoon kun bifa ammaa kana qabatee akka qophaa’uuf yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffiifi mufii tokko malee deeggarsa ogummaa naaf kennaa, na sirreessaafi najajjabeessaa kan turan gorsaa koo Dr. Amaanu’eel Alamaayyoo galanni isin haa qaqqabu. Yeroon qorannoo kana gaggeessaa turetti, odeeffannoo barbaachisaa ta’e of qusannoo tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun kan naaf kennan barsiisotaa fi barattoota mana barumsaa Gurraa Jarjaraa Sad. $2^{ffaa}$f galatni koo guddaadha.

Qorannookoo naaf gulaaluun, deeggarsa ogummaa barreessuun akkasumas jalqabaa hanga dhumaatti kan na wajjin dhama’e Abbaa Manaakoo Aschaaloo Alamaayyoo guddaan galatteeffadha. Itti dabaluun deeggarsa yaadaan, Hamilee naaf kennuun kan nacinaa dhaabbatan maatiikoo hundaaf galannikoo guddadha.

**Yaadannoon Qorannoo kanaa: Obboleessakoo Caalaa Gabiruutiif**

# Qabiyyee

**Baafata** **Fuula**

*Axereeraa* ........ i

Galata........ ii

Baafata Gabateewwanii ........ vi

Baafata Fakkiilee ........ vii

Jechoota Gabaajeefi Kottonfataa ........ viii

BOQONNAA TOKKO

SEENSA ........ 1

1.1. Ariirrata ........ 1

1.2. Ka’umsa qorannichaa ........ 5

1.3. Gaffilee Qorannichaa........ 5

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6

1.4.1. Kaayyoo Gooroo........ 6

1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 6

1.5. Daangaa Qorannoo ........ 7

1.6. Faayidaa Qorannichaa ........ 7

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 8

1.8. Qindoomina qorannichaa........ 8

BOQONNAA LAMA

SAKATTA’A BARRUU........ 10

2.1 . Seensa........ 10

2.2. Maalummaa jechoota tajaajilaa ........ 10

2.3. Akaakuu jechoota tajaajilaa ........ 11

2.3.1.Maq-dhaala/Bamaqaa(pronouns) ........ 11

2.3.2. Gochimoota tumsituu (Auxilary verbs) ........ 11

2.3.3. Firoomsitoota (preposations) ........ 12

2.3.4.Waltingaa/wal-qabsiistota(conjaction)........ 12

2.3.5. Murteessituu (Determiners) ........ 14

2.3.6. Jechoota Raajeffannoo ........ 14
2.4. Amaloota jechoota tajaajilaa ........ 14
2.5. Yaaxina Qorannichaa ........ 15
2.5.1. Yaaxina fayyadama jechoota tajaajilaa ........ 15
2.5.2. Yaaxina caasaa jechoota tajaajilaa ........ 17
2.6. Haala dhiyaannaa jechoota tajaajilaa ........ 18
2.6.1. Dubbisaan Dhiyeessuu ........ 18
2.6.2. Haala waliin dubbiin Dhiyeessuu ........ 18
2.6.3. Barreeffamaan dhiyeessuu ........ 19
2.7. Wantoota Fayyadama jechoota tajaajilaa Murteessaan ........ 20
2.7.1. Qabiyyee barnootaa ........ 20
2.7.2. Hiika jechootaa ........ 20
2.7.3. Meeshalee barnootaa ........ 21
2.8. Yoomessa fayyadama jechoota tajaajila ........ 21
2.9. Faayidaa jechoota tajaajilaa meeshaalee barnoota keessatti ........ 22
2.10. Hanqina jechoota tajaajila meshalee barnootaa ........ 23
2.11. Jechoota tajajila akka hin fayyadamne wantoota dhiibbaa godhan ........ 23
2.12. Maalummaa meeshalee barnootaa ........ 24
2.13. Hariiroo jechoota tajajilafi meeshaalee barnootaa ........ 25
2.14. wal-simannaafi qindoomina qabiyyee meeshaalee barnootaa ........ 26
2.15. Sakatta'a barruu walfakkii ........ 26
BOQONNAA SADII
SAXAAXAA FI MALA QORANNICHAA ........ 30
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 30
3.2. Madda Ragaalee ........ 30
3.3. Mala iddattoofi iddatteessuu ........ 31
3.4.Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman ........ 32
3.4.1. Sakatta'a Dookumantii ........ 33
3.4.2. Af-gaaffii ........ 34
3.4.3. Daawwannaa Daree ........ 35

3.5. Adeemsa ragaan ittiin funaaname ........ 35
3.6. Mala Qaacceessa Ragaalee ........ 36
BOQONNAA AFUR
QAACCESSA RAGAALEE ........ 37
4.1. Seensa ........ 37
4.2. Qaaccessa Sakatta'insa meeshalee barnootaa afaan oromoo kutaa 9ffaa ........ 37
4.3. Hariiroo meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa ........ 47
4.4. Hanqina meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa ........ 48
4.5. Qaaccessa ragaalee af-gaafiitiin funanamanii ........ 48
4.5.1. Qaaccessa ragaalee af-gaaffiitiin barsiisota irraa funanamanii ........ 48
4.5.2. Qaaccessa ragaa af-gaaffii barattootaa irraa argamee ........ 52
4.5.3. Qaaccessa ragaa muummee Afaanii Oromoo irraa argamee. ........ 54
4.6. Qaaccessa raga daawwannaa dareetiin funaanamee ........ 57
BOQONNAA SHAN
GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA ........ 62
5.1. Guduunfaa ........ 62
5.2. Argannoo Qorannaa Kanaa ........ 62
5.2. Yaada Furmaataa ........ 64
Wabii ........ 66
Dabalee (A): Qabxiilee Mirkaneeffannaa Daawwannaa Dareef Qophaa'an ........ 70
DABALEE (B): AF-GAAFFII BARSIISOTAA ........ 72
Dabalee (D): Af-gaaffii Muummee Afaan oromoo ........ 76

# Baafata Gabateewwanii

**Gabaatee** **Fuula**

Gabatee 1: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa tokkooffaa, lamaaffaafi Sadaffaa................................. 39
Gabatee 2: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Afraffaa, Shanaffaafi Jahaffaa..................................... 40
Gabatee 3: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Toorba, Saddeetiifi Sagalii .......................................... 42
Gabatee 4: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudhan, Kudhatokkoo fi Kudhalamaa ........................ 44
Gabatee 5: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudha Sadii, Kudha afuriifi Kudha Shanii.................. 45
Gabatee 6: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudha Jaha, Kudha Toorbaafi Kudha Saddeetii ......... 46

# Baafata Fakkiilee

**Fakkii** **Fuula**

*Fakkii 1: Gosoota Walingaa* ........ *12*
*Fakkii 2: Meeshalee odeeffannoon ittiin funaanaman* ........ *33*

## Jechoota Gabaajeefi Kottonfataa

B.B.O: Biiroo Barnoota Oroomiyaa

M/B: Mana Barumsaa

B1: Barsiisaa Tkkoffaa

B2: Barsiisaa Lammaffaa

B3: Barsiisaa Sadaffaa

A/O: Afaan Oramoo

A.L.I: Akka Lakkoofsa Itaaphiyaatti

Sad.$2^{ffaa}$: Sadarkaa Lammaffaa

# BOQONNAA TOKKO

## SEENSA

Boqonnaa kana keessatti qabxiileen dhiyaatan Ariirrataa, ka'umsa qorannoo, gaffilee qorannoo, kaayyoo qorannoo (kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree), barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaati.Isaanis walduraa duubaan akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 1.1. Ariirrata

Imaammata barnootaa keessaatti, barnoonni afaanii meeshaa walquunnamtii ta'uun haalli baruu fi barsiisuu mana barnootaa keessatti kan ittiin adeemsifamudha. Afaaan tokko afaan barnootaa akka ta'u qaama seeraatiin yemmuu murtaa'u duursee xiyyeeffannoo argachuu kan qabu, haala qophii sirna barnootaati. Akka qajeelcha qophii qo'annoofi qorannoo sirna barnootaa (BBO, 1995/1983) ibsutti,"sirni barnootaa yoo Qophaa'u imaammata biyyatti irraa madda. Haaluma kanaan meeshaaleen barnootaa sadarkaa isaa eeggatee dhimma baruufi barsiisuuf tajaajilan sirna barnootaa bu'ura godhachuun kan qophaa'an" Jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu sirni barnootaa imaammata barnoota biyyattii bu'ura godhachuun kan bocamu yoo ta'u meeshaaleen barnootaa kan akka silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa immoo sirna barnootaa irraa qophaa'u. Kunis barattoonni dandeettiiwwan afaanii akka horatan ykn gabbifataniifi seera afaan tokkoo adda baasanii akka hubataniif gargaara. Kana malees barattoonni seenaa, duudhaa, safuufi aadaa ummata afaan sana dubbatu akka beekaniifi og-barruuwwaan adda addaa dubbisanii akka dinqisiifataniif isaan fayyada. Yaaduma kana cimsuun, Fikremariam (2007) bu'aa afaan barachuu yoo ibsu, barattoonni afaan kan barataniif hawwiifi fedhii isaanii ittiin ibsachuuf, sadarkaa ogummaa isaanii ittin guddifachuuf, itti fayyadama afaan isaanii gabbifachuufi walumagalatti haala jiruu fi jireenya isaanii fooyyeffachuuf isaan tajaajila.

Meshaleen barnootaa kan qophaa'an haala qabatamaa saagantaafi karoora barnootaa galmaan ga'uufidha. Talabi (2001) akka ibseett "instructional media are generally designed to provide realistic images and substitute experience to reach curriculum experiences." Yaada ogeessa kana irraa kan hubaatamu, meeshaaleen barnootaa haala baruufi barsiisuu si'eessuuf gahee guddaa qabaachuu

agarsiisa. Kana jechuun meshaleen barnootaa imaammata barnootaa keessatti hundee guddaa ta'uu fi qabiyyee barnootaa barattootaaf hubannoo gaarii uummuuf shoora guddaa akka taphatu mul'isa.

Sirni barnoota tokkoo yommuu qophaa'u ulaagaa ittiin too'atamuu danda'uun qoqqoodamee haala baruufi barsiisuuf miijataa ta'een; salphaarraa gara cimaatti, yaada murtaawaarraa irraa gara yaada dimshashaatti, beekamaarraa irraa gara isa hinbeekamneetti tooraan dhiyaachuu qaba (Cook, 2001fi Rechards, 2002).

Barnoota Caas-luga Afaan oromoo keessaa tokko jechoota tajaajilati. Haala baruuf barsiisuu barnoota Afaan oromoo keessatti jechootni tajaajilaa meeshalee barnootaa keessatti gumaacha olaanaa qabu. Jechootni tajaajilaa Caas-luga Afaan oromoo garee jechootaa keessaa garee cufamaa jalatti kan ramadaman yommuu ta'u; Caas-luga afaanii keessatti yeroo hunda irra deddeebi'uun tajaajilu (Andrew Roberts; 2002). Kanaaf, jechootni tajaajilaa faayidaa isaan kennan irratti hundaa'uun yommuu xiinxalamu akaakuu adda adddaatti qoodamu. Isaanis: Durduubee, Wal-qabsiistota, Gochima tumsituu, Murteessituufi Bamaqa. Jechootni tajaajilaa kunniin meshalee barnootaa keessatti jechoota isaan ibsaniin bakka buufamu. Kana jechuun, meeshalee barnootaa keesstti, jechoota haala baruufi barsiisuu barnoota Afaan oromoo keessatti meeshalee barnootaa ibsuuf kan itti fayyadamnu jechuudha.

Jechootni tajaajilaa maalummaafi Caas-luga afaan oromoo meshalee barnootaa keessatti haala salphaa ta'een barnooticha barattoota hubachisuuf shoora guddaa kan taphatudha. Kunis, haala hubannoo barattoota dabaluuf tooftalee adda ta'een ibsuuf kan barsiisonni itti gargaaramanidha. Jechoonni tajaajila meshaalee barnoota ittiin hubataman ykn barsiifamaniifi maluummaan afaan oromoo akka ittiin galmaan gahuuf kan ittiin gargaaramnudha. Kana malees, kaayyoon afaan barachuu galmaan gahuu waan hin dandeenyeef jechootni tajaajilaa caas-luga afaanii keessatti murteessaafi barbaachisaadha. Kanarra ka'uun jechoota tajaajilaa meeshalee barnootaa kessatti tajaajilan kam faa'aa akka ta'e hubachuun fayyadama tajaajila jechoota meshalee barnooticha keessatti gargaaran jechuu ni dandeenya.

Haala baruufi barsiisuu keessatti, barattoonni waan dubbisanii hubannoo argatan caalaa kan gochaan agarsiifamutti hubannoo gaarii irraa argatu. Akka Shikha Kapur(2018) Cobun (1968) wsabeeffachuun yommuu ibsu "while learning, we remember 10 % of what we read, 20 % of what we hear, 30 % of what we see, 50 % of what we hear and see, 70 % of what we say, 90 % of what we say and do." Kana irraa wanti ifa bahee mul'atu meshaleen barnootaa barachuu barattootaaf bu'uura ta'uu hubanna. Kunis

yeroo barnootaa parsantaa 10% barruu dubbisnu irraa, parsantaa 20% waan dhageenyu irraa, parsantaa 30% waan arginerraa, parsantaa 50% waan dhageenyeefi argine irraa, parsantaa 70% waan jenne irraafi parsantaa 90% ammoo waan dalagneefi jenne irraa hubannoo arganna jechuun kaaha.

Graves (1997) waa'ee meshalee barnootaa yommuu ibsuu "any text by itself is not the course, but rather a tool that can be divided or cut up into components and then rearranged so as to suit the needs, abilities, interest, and expectations of the students including a course. Therefore, textbooks can be modified to incorporate activities that encourage students and move them beyond the constraints of the textbook."Akka ibsa oliitti, Kitaabni kamiyyuu qofaa isaa barnootaaf galtee ta'uu hin danda'u. Barnootni tokko kaayyoo isaa galmaan ga'uuf meshalee barnootaa barbaachisu qindeessuun haala dandeettii, fedhiifi hawwii barattootaa kan gidduu galeeffate ta'uutu irraa eegama. Kana malees, meshalee barnootaa itti fayyadaman haala qabiyyeefi qabatama afaanichi ittiin barsiifamu ta'uu qaba. Kana jechuun meshaleen barnootaa kallattii barattoota hawwachuu danda'uun daree keessaafi alatti kaka'umsa itti horuun wantoota adda adddaa irra akka barnoota argataniif isaan gargaara. Kunis tooftaa daandeettii meshalee barnootaa irraa barattoonni hubannoo argatan ni cimsa. Dabalataan, barattoonni dandeettii barachuu isaanii ofumaan akka of madaalan kallattiifi mala dhahuuf isaan tajaajila. Kana jechuun, jechootni tajaajila faayidaa hedduu akka kennu kan nu hubachiisu keessaa fayyadama jechoota tajaajila barataafi barsiisaa gidduutti hariiroo waliin dubbii cimsuuf, hubannoo barattootaaf barsiisotaa dabaluu keessatti gahee guddaa taphata. Ibsa kana irraa akka xiinxallutti, meeshaleen barnootaa barnoota Afaan oromoo, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9$^{ffaa}$ keessatti jechootni tajaajilaa haala baruufi barsiisuu keessatti akka gahee isaa gumaachu nu hubachiisa.

Akka ibsa Hayyuun Poljaktti (1985), meshaleen barnootaa kanneen haala baruufi barsiisuuf akka galtee guddaatti kan tajaajilanidha jechuun yommuu ibsu "technical or teaching aids are tools for work," which include different tools that support the achievement of functional tasks of teaching. Akkasumas, jechoota tajajila meshaleen barnoota madda beekumsaa kaayyoo barnootaa haala barattoonni ittiin hubachuu danda'aniif daandii kan saaqudha.Karaa biroo, barsiisonni jechoota tajaajila meshaleen barnootaatti fayyadamuun barattoonni haala baruufi barsiisuu keessatti akka dandeettii isaanii gabbifatan taasiasa. Kana malees waa hubachuufi waan haaraa akka kalaqan ykn wantoota naannoo isaaniitti argamu irraa haala salphaa ta'een waa umuu akka danda'an kan kallattii itti agarsiisudha.

Jechoota tajaajila meshalee barnootaa keessatti yeroo baay'ee sagantaa haala baruufi barsiisuu barattootaa cimsuuf iddoo olanaa qaba. Haaluma kanaan, fayyadamni jechoota tajaajila meeshalee barnoota gaarii ta'e hiika qabeessaa, qabatamaafi hawwataa akka ta'uuf fedhii, dandeettiifi kaayyoo barachuu barattootaa kan gidduu galeeffate ta'uu qaba. Kana jechuun, barsiisaan yeroo jechoota tajaajila meshalee barnootaa ittiin barsiisu, barachuu barattootaaf murteessaafi barbaachisaa ta'uutu irraa eegama. Kunis sababaafi bu'aa dandeettii waa uumuu barattootaaf hundee ta'uu akka qabu irraa hubatama.

Jechootni tajaajilaa haala baruuf barsiisuu keessatti murteessaadha. Sababni isaa qabiyyee barnootaa barattoonnni haala salphaa ta'een akka hubataniif waan isaan gargaaru waan ta'efdha. Akkasumas, meshaleen barnootaa qabiyee barnootaa barsisaan barsiisu si'ayinaan akka hordofaniifi hubataniif isaan gargaara (Razhiyah, 2006 and Akma, 2006). Dabalataan akka hayyoota kana lamaniitti, barsiisonni haala baruufi barsiisuu keessatti jechoota tajaajilatti dhimma bahuun hamilee barattootaa haala hawwachuu danda'uun barattoota barsiisuu qabu jechuun ibsu. Kanaafuu, Barsiisonnis yeroo barsiisan haala naannoo fi Qabatama Mana barnootaa waliin walqabsiisuun barattoota isaaniif hubannoo kennuu akka qaban xiinxalu.

Haalli hooggansaa barnootaafi Mana barnootaa dandeettii barattootaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a. Hayyuun Benard (1995) "School climate havean element of caring and support, high expectations and opportunities to engage in activities at school canenrich the perseverance and strength." Akka yaada Hayyuu kanaatti haalli hooggansaafi Mana barnootaa wantoota haala baruufi barsiisuu keessa tokko yoo ta'u manni barnootaa meshalee barnootaa guutuu yoo baate dhibbaan barachuu barattootaa irra gahu ni danda'a. Akkasumas, ilaalchi barsiisonni barattootaaf qabanis barachuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a. kunis, meshalee barnootaa keessatti jechoonni tajaajila barattootaf yoo ibsamu, bifa salphaa ta'een barnoota Afaan oromoo hubachuun danda'ama.

Hayyuu Suffean (1996), "positive teacher expectations ofstudents will produce a positive result and vice versa", barsisaan barattoota isaaf ilaalcha gaarii yoo qabaate, barattoonni firii gaarii galmeessisuu danda'u, yoo kana ta'uu baate garuu faallaa kanaa ta'a jechuun yaada isa ibse. Kanaafuu, barsiisonniifi hoggantoonni mana barnootaa meshalee barnootaa barattootaaf barbaachisan guutuun ilaalcha gaarii qabachuun barachuu barattootaa milkeessuuf hojjechuu akka qaban hubachiisa.kana malees, Jechoonni tajaajila meshalee barnootaa, meeshaalee barnootaa bu'uura godhachuun kan ittiin ibsamu ta'uu yaada isaa gumaacheera.

Walumaa galatti, yaada Beektota garaagaraa irraa akka hubannutti jechootni tajaajilaa meeshalee barnootaa keessatti kallattii garaagaraatiin haala baruufi barsiisuu barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti yommuu ilaalamu murtaawaa ta'anis irra deddeebbiin kan tajajilanidha. Kana malees jechootni tajaajilaa Silabasii, kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa kessatti bifa garaagaraatiin faca'ee kan mul'atudha.

## 1.2. Ka'umsa qorannichaa

Haala baruufi barsiisuu barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti jechootni tajaajilaa meshaalee barnootaa keessatti iddoo olaanaa qabu. Haa ta'u malee, qorannoon jechootaa tajaajila Afaan oromootiin xiyyeeffannaa akka hin argannee mul'ata. Kun ammoo, sirnaafi seera jechoota tajajila qo'atamuu qaban saayinsii Afaaniitiin waliin wal qabsiisuuf carraaqqii taasiifamu duubatti harkisuun guddina Afaan oromoo irratti gufuu akka ta'aa jirufi guddina Afaan oromoo qancarsaa akka jiru wal-nama hin gaafachiisu (Addunyaa, 2014). Kana wajjin wal qabate, jechoota tajaajila meshalee barnootaaf hiika barbaabichisaafi xiyyeeffannoo kan itti hin kennamne ta'uu agarsiisa. Kutaa qorannoo kana keessatti jeechoota tajaajila meshalee barnootaa kutaa 9ffaa barnoota Afaan oromoof oolan adda basuun haala baruufi barsiisuu keessatti barattootas ta'e barsiisonni jechoota tajaajila meshalee barnootaa ibsuuf jechoota tajaajilaa isaan itti fayyadaman qaaccessuufdha. Yeroo bay'ee jechootni tajaajilaa adda bahanii barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti itti tajaajilamnu ifa kan hin taaneefi ogummaadhaan kan hin deeggaramnee, akka feeteen kan itti fayyadaman ta'uutu mul'ata. Kunis jechootni tajaajilaa meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo keessatti qindoomina hin qabu. Kana giddu galeessa godhachuun yaaadota akka ka'umsaatti armaan oliitti eeraman qorannoo kanaaf akka yaada ka'umsaatti itti gargaaramee qorannoo kana gaggeesseera.

## 1.3. Gaffilee Qorannichaa

Qorattuun madda rakkoo qarannoo isheef gaaffilee tarreeffaman deebii argachuu qaba jechuun kanmurteessite kanneen armaan gadiiti.Isaanis:-

1. Jechoonni tajaajilaa meesahaalee barnootaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti xiyyeeffannoo argatanii jiruu?
2. Jechooni tajaajilaa meeshaalee barnoota keessati akkamiin dhiyaate?

3. Qindoominni meeshalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa haala kamiin ibsama?
4. Walsimannaa kitaaba baratаa, Qajelcha barsiisaafi silibasii maal fakkaatu?
5. Meeshaalee barnootaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti jechoota tajaajilaatti akka hin fayyadamne dhiibbaan irra gahe jiraa?
6. Meeshaalee barnootaa keessatti Jechoota tajaajilaatti fayyadamuun barnoota afaan oromoo barsiisuun bu'aa qabaa?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qabiyyee qorannoo kana keessatti kaayyoon gooroofi gooree haala hubachuuf tolutti adda bahuun ibsamanii jiru. Haaluma kanaan qabiyyee itti aanutti xiinxalla:

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala baruuf barsiisuu barattootaa fayyadama jechootatajaajila meeshaalee barnootaa kutaa 9ffaa qaaccessuudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kaayyoo gooroo bu'uura godhachuudhaan akkataa armaan gadiin ibsamaniiru:

- Jechoonni tajaajilaa meesahaalee barnootaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti xiyyeeffannoo akka argatan taasisuu.
- Haala dhihaannaa jechoota tajaajilaa meeshalee barnootaa keessatti maal akka fakkaatu tarreessuufi ibsuu.
- Qindoomina meeshaalee barnootaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa qaaccessuu.
- Barattoonni jechoota tajaajilaattii sirnaafi seeraan akka itti fayyadaman gochuu.
- Walsimanna silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa qaaccessuu.

- Meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo keessatti jechoota tajaajilaatti akka hin fayyadamne wantoota dhiibbaa geessisan adda baasuun ibsuu.
- Jechoota tajaajilaatti fayyadamuun barachuun barnoota Afaan oromootiif bu’aa inni qabu hubannoo kennuu.

## 1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon, jechoota tajaajila meshalee barnoota sadarkaa barnootaa, kutaafi gosa barnootaa hunda irrattiosoo adeemsifame barbaachisummaan isaa olaanaa ta’uu nan amana. Sababni isaa barnoota qulqullina qabu barattootahundaaf kennuufi dandeettii barattootaa cimsuuf shoora guddaa taphata.Haa ta’u malee, qorannoon tokko yeroo adeemsifamu baajata (baasii) ittiin qorannoon raawwatamu, yeroo itti qorannoon ademsifamufi humna qorannichaaf barbaachisu gahaa ta’e akka barbaachisu beekamaadha. Ilaalcha kana gidddu galeessa godhachuun, qorannoon kun jechoota tajaajila meeshaalee barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa Mana Barumsaa Gurraa Jarjaraa Sad.2ffaaqofa irratti akka gaggeessitu qorattuun murteessiteetti.

## 1.6. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba.Qorattuun qorannoo kana geggeessuu kan barbaaddeef, wantoota dandeettii barachuu barattoota barnoota Afaan oromoo Kutaa 9ffaa haala salphaa ta’een akka hubataniifi dandeettii isaanii sochii mataa isaniin akka cimsatan gochuuf kakaasuudha. Kanumarraa ka’uun cimina hayyuu tokkoo kan ittiin madaalamuu danda’u itti fayyadama jechoota tajaajila inni/isheen itti gargaaraman irraa madda.

- Barsiisonni Afaan oromoo jechoota tajaajila meshalee barnootaatti fayyadamuun dandeettii barattootaa cimsuuf waantota xiyyeeffannaan gochuu qabamurratti hubannoo argachuu danda‟u jedhamee amanama.
- Warreen silabasii barnootaafi kitaabilee wabii qopheessaniif mataduree kanarratti akka xiyyeeffatan karaa agarsiisuu danda’a jedheen amana.
- Ogeeyyii sirna barnootaa qophii Loogaarratti hojjetaniif akkaataa jechootaa tajaajila meshalee barnootaa barsiisuu irratti yaada dabalataa ta’uu danda’a jedhamee eegama.

- Bu’aa jechoota tajaajila meshaalee barnootaatti gargaaramuun fedhii barachuu baratttootaa ni dabala jedheen tilmaama.
- Haala qilleensa nannoo barachuu Barattootaa ni mijeessa jedheen amana.
- Namoota waa’ee tarsiimoole jechoota tajaajila meshalee barnootaaAfaan oromoo barsiisuurratti qorannoo olaanaa gaggeessuu barbaadaniif yaada ka’umsaa ta’uu ni danda’a jedhamee tilmaama.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu tokko bu’aa ba’ii hedduu keessa darbee xumurarra akka gahu beekamaadha.Kanairratti hundaa’uun qorattuun qorannoo kanaa, hanqinoonni as kessatti mul’achuu danada’an, qorannoon kun haala barbaaadamen galma ga’insa isaaf gufuu ta’uu dada’u kanneen jedhamandha. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gaditti eeramanidha:

- Odeeffannoo ykn wabilee qorannichaaf barbaachisan guutuu yeroo barbaadametti argachuu dhabuu.
- Sababa hojii idilee irran kan ka’e qorannichaaf Yeroo gahaa ramaduu dhabuu.
- Deeggarsa meshalee qorannichaaf barbaachisuufi baasii qorannicha barbachisu gahaa ta’e dhabuu.
- Odeef-kennitoonni haala qabatama qorannichaaf odeeffannoo barbaachisaa ta’efi yeroo barbaadametti kennuu dhabuu.

Haa ta’uu malee, qorattuun bu’aa ba’ii armaan olii tuqaman kana tooftaa mataa isheetti fayyadamuun gargaarsa qaamolee adda addaatiin cabsitee keessa darbuun qorannoo kana galmaan geesseetti.

## 1.8. Qindoomina qorannichaa

Qorannoon kun walumaagalatti boqonnaa shan of keessaa qaba. Boqonnaan duraa Seensa qorannichaa, ka’umsa qorannoo, gaaffilee qorannoo, Kaayyoo qorannichaa, Barbaachisummaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa irratti xiyyeeffata. Boqonnaan lammaffaa waa’ee sakatta’a barruu kanneen akka maalummaa jechoota tajaajilaa, akaakuu jechoota tajaajilaa, amaloota jechoota tajaajilaa,fayyadama jechoota tajaajila, yoomessa fayyadama jechoota tajaajilaa, barbaachisummaa jechoota tajaajilaa, wantoota jechoota tajaajila irratti dhiibbaa fidan, hariiroo meeshaalee barnootaafi jechoota tajaajilaafi sakatta’a barruu walfakkii xiinxalamaniiru. Boqonnaan sadaffaan saxaaxa

qorannoo, madda odeeffannoo, iddaattoo qorannoo, meeshalee funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaalee ibsa. Boqonnaan afraffaan qaaccessa ragaalee yoo ta'u, Boqonnaan inni dhumaa cuunfaafi gudunfaa qorannichaa kan of keessatti hammatedha.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTA’A BARRUU

## 2.1 . Seensa

Boqonnaa kana keessatti maalumma jechoota tajaajila, Akaakuu jechoota tajaajila, Amaloota jechoota tajaajila, fayyadama jechoota tajaajila , Yoomessa Fayyadama jechoota tajaajilaa, barbaachisummaa jechoota tajaajilaa, wantoota jechoota tajaajila irratti dhiibbaa fidan, Hariiroo meeshaalee barnootaafi jechoota tajaajilaa akkasumaas, qorannoon barruu walfakkii sakatta'amaniiru.

## 2.2. Maalummaa jechoota tajaajilaa

Jechootni tajaajilaa (fuctional words) garee jechoota maseenaa ta’anii kanneen adeemsa hormaataafi yaasaa keessatti kan hin hirmaanneefi guddina Aadaafi Afaan oromoo keessatti qooda fudhachuu kan danda’anidha. Jechoonni garee kanaa qabiyyeefi hiika mataa isaanii hin qabani.Isaanis dhamjechoota qabiyyee mataa isaanii qaban waliin galuun tajaajila Caas-lugaatiif oolu (Addunyaa, 2010:107).

Jechootni tajaajila meeshaalee barnootaa, meeshaalee barnootaa ibsuuf, hiika barbaachisaafi murteessaa ta’e kennuuf kan tajaajiludha. Kunis meeshaaleen barnootaa tajaajila barbaadameef akka oolu taasisuufi bu’aa irraa eegamu akka gumaachuuf gahee olaanaa qaba. Kana malees, qopheessitoonni sirna barnoota haala jiruufi jireenya hawaasa sirni barnoota Afaan oromoo qopheessuuf addaan baafachuun dirqama ta’a.kun ammo naannoo, aadaa, Afaan, fedhii, siyaasa, dinagdeefi kkf hawaasicharra odeeffannoo gahaa argachuu barbaada. Kunneenis hunda caalaa kan ibsaman Afaan jechoota hawaasichi itti tajaajilamu ta’uu qaba. Kanaafuu, bu’a qabeessummaan sirna barnootaa qophaa’u sana hanga hubannoo dhimmoota hawaasaa sanaarratti qopheessittoonni sun qabaniirratti hundaa’a. Kunniin hundi ammoo, Afaan haalli jiruufi jireenya hawaasichaa ittiin ibsamu, caasaa Afaanii, jechoota itti tajaajilaman, og-barruu Afaanichaafi kkf hunda haalaan hubachuu barbaada.Sababni isaa caasaan Afaan tokkoo beektota qofaairraa osoo hintaane, taajaajilamtoota Afaanichaa irraa madduu agarsiisuuf fayyada. Kana malees duraa duuba jechoonni meshalee barnootaa keessatti qaban, tajaajilli caasaalee jechootaa, jechoonni akkamiifi kamfaan akka hawaasicha keessatti jechoota safuu kanneen irratti hubannoon Ogeessota kitaabichafi sirnicha qohpeessanii gahaa ta’uu qaba (Addunyaa, 2014:5).

Walumaagalatti,  yaada hayyuu kanaa irraa waan hubatamu, jechootni tajaajila haala qabatama Hawaasa Naannoofi  qabiyyee Afaan waliin walsimu, bal'inni qabiyyee, mala baruu fi barsiisuu, haala baratаа, kaayyoo barnootichaa, haala naannoo, Afaan waalta'aa ta'uufi haalli dhiyaatina barnootaa, akkaataan barsiisaan itti barsiisu hundi xiyyeeffannoo  argachuu akka qabuudha.

## 2.3. Akaakuu jechoota tajaajilaa

Akaakuu jechoota tajaajila meshalee barnootaa jechuun qoqqoodinsa jechootni meshalee barnootaa kan ittiin ibsaman ykn karaa adda addaa itti addeessaman jechuudha. Jechooni kunniinis jechoota idilee, al-idilee, murtawaa, dimshashaafi kan kana fakkaatan jechoota tajaajila meeshalee barnootaa ittiin addeeffamandha (Getachoo, 2011:56). Jechootni idilee jechoota haala baruufi barsiisuu keessatti irra caalaatti guyyaa guyyadhaan, bakka maratti haala waltawaan meeshalee barnootaa ibsuuf kanneen itti fayyadamnudha. Karaa biroo immoo jechootni Al-idilee jechoota yaadaafi haala idileetiin ittiin fayyadamuu kan of keessaa hin qabne yoo ta'u, jechootni akkasii jechoota dubbii bakka adda addaatti qofa gargaaranfi kan barreeffamaaf hin gargaarredha. Jechootni dimshaashaa jechoota tajaajila meeshalee barnootaa gareedhaan jiran kan bakka bu'uun meeshalee barnoota ibsuuf gargaaran yoo ta'u, jechootni murtaawaa immoo jechoota tajaajila meshalee barnootaa adda ta'e tokko qofaa bakka bu'uun kan ibsudha. Kunis jechootni tajaajila meshalee barnootaa kallattii garagaraan akka ibsaman mul'isuuf fayyada.

### 2.3.1.Maq-dhaala/Bamaqaa(pronouns)

Bamaqa jechuun jechoota maqaafi maqaa fakkaatan bakka bu'anii waa'ee maqaa dubbatan ykn ibsan jechuudha.jechootni maqaa fakkatanii maqaa bakka bu'uu danda'an kunniin barreeffama Afaan oromoo keessatti firoommiin ittiin caaseffaman jiru. Fkn.Ana,nuti, Ati, isin, ishii, isa, isaanfi kkf.

### 2.3.2. Gochimoota tumsituu (Auxilary verbs)


Gochimoota tumsituu kan jedhaman gochima muummichaa (main verb) gargaaruudhaan hima keessatti kan tajaajilanidha. Afaan oromoo keessatti gochimni tumsituu gochima muummichaa booda kan galan yoo ta'u, Afaan Ingiliffaa keessatti ammoo gochima muummichaa dura galuun tajaajilu. Jechoonni kunniinis kanneen akka jira, ture, qabu, qabdifi kkf.

### 2.3.3. Firoomsitoota (preposations)

Caas-luga Afaan oromoo keessatti firoomsitoonni koorniyaa, baay'inaa, ramaddiifi bifa isaanii kan hin jijjiirre ta'anii argamu. Haata'u malee hima keessatti jechoota adda addaa booda ykn dura maqaa galanii hojii goch-ibsaa hojjetu. Jechoonni kunneen yoom, eessatti, akkamiti, maaliin akka hojjetamu ibsu. Kana malees, firoomsitoonni muraasni isaanii of danda'anii hiika kan qaban (fkn. Gara, akka, waa'ee, keessa, ergafi wkf) yoo ta'u, irra calaan isaanii immoo of danda'anii hiika waan hin qabneef(fkn. –ni, -dhaan, -tiin, -iif, -tiif, -dhaaf fi wkf) fufamtoota ta'anii galu (Addunyaa, 2010:132-142).

### 2.3.4.Waltingaa/wal-qabsiistota(conjaction)

Walingaan/wal-qabsiistonni himootaafi dubbifamtoota keessatti jechoota, gaaleewwan, himoota, keeyyata/yaadolee walitti hidhu(Getaachoo, 2011:110-112).Wal-quunnamtii yaadolee himootaafi dubbifamtoota keessa jiran ifa taasisu.




**Fakkii 1: Gosoota Walingaa**

Fakkii armaan olii irraa akkuma hubannu Walingaan, Walingaa hirkataafi Walabaa jedhamuun bakka gurguddoo lamatti qoodamu.

#### 2.3.4.1. Walingaa Hirkataa

Walingaa hirkatoon ciroowwan caasaan wal-hin ginne hima ofdanda'aafi hirkataa walitti hidhuuf gargaara.jechootni tajaajilaa kunis yeroo, bakka, akkaataa, sababii, haalafi faallaa kan agarsiisanidha.

#### 2.3.4.2. Walingaa Walabaa

Walingaan walabaa jechoota osoo hin maxxanfatiin mataa isaanii danda'anii dhaabbatanii himoota qofaa isaanii dhaabbatanii hiika guutuu qaban kan walitti hidhan jechuudha.hariiroo/ hiikni yaadolee walitti hidhaman keessatti walingaa walabaa qabanis kanneen akka ida'ama yaadaa(kana malees, fi, -faa, -atu, fa'i, akkumafi wkf), faallaa(garuu, ta'ullee, haat'u malee, karaa biratiin, ammofi wkf), filannoo yaadaa(ykn, kanaa achi, haata'u, malee, yokiinis, fi wkf)fi bu'aa ibsu(kanaafuu, kana irraan kanka'e, haaluma kanaan, kanaafiyyuu fi wkf) (Tafarii Ayyaanaa, 2004:87-89).

**I. Walingaa ida'amaa yaadaa kanneen agarsiisan**

Walingaan ida'ama yaadaa, yaadolee walfakkaatan walitti hidhuufi walitti ida'uuf kan gargaaruudha. Fkn: fi, kana malees, akkasumas, faa, fa'i fi kkf.

**II. Walingaa faallaa yaadaa**

Walingaan filannoo yaanni tokko isa biro kan mormuu ta'uu isaa agarsiisa. Dubbii duraan dubbatame faallessuun hima gidduu kan galanidha.
Fkn: garuu, ta'ullee, ta'uyyuu, malee, haa ta'u maleefi kkf.

**III. Walingaa Filannoo yaadaa**

Walingaan garee kanaa waan tokkoofi kan biroo haalli filachiisuu akka jiru agarsiisuuf kan gargaaru yoo ta'u, warreen maqaa dhahaman keessaa tokkotu fudhatamuu qaba jechuudha.
Fkn: Yokaan, kana achi, malee, immoofi kkf.

**IV. Walingaa bu'aa yaadaa agarsiisuuf galan**

Walqabsiistonni akkasii kunniin yaada duraan ibsameef raga kennuuf kan gargaaruufi yaanni tokko isa kan birootiin akka mirkanaa'u kan taasisudha.
Fkn: haaluma kanaan, kanaafuu, kanarraa kan ka'efi kkf.

#### 2.3.5. Murteessituu (Determiners)

Murteessituu, hayyoonni adda addaa hiika adda addaa kennanii jiru. Finch (2005) waa'ee murteessituu yommuu ibsu "murteessituun garee jechaa ta'ee yeroo baay'ee maqaa waliin galuun lakkoofsaafi beekamtummaa kan agarsiisudha" jedha. Jackendoff(1977) wabeeffachuun Baye(1986) akka hiiketti ammo "murteessutuun dhamjecha faayidaa (functional morpheme) ta'ee miseensa gaalee tokko wajjin wal-hammanna kan qabudha" jedha. Dabalataan akka ibsa O'Gradytti (1996) "murteessituun mataa gaalee tokkoo ifa gochuuf qaama caasichaa hammatudha" jedha. Hiikaawwan murteessituuf kennaman kunneen tokkummaas addummaas niqabu.Tokkummaan isaanii miseensota gaalee tokko ijaaran keessaa tokko ta'uufi caasichaan wal-hammannaa qabaachuudha.Addummaan isaanii garuu, garee jechaa keessatti ramaduu fi dhiisuu iarratti.Haalli qabatamaan Afaan oromoo keessaa adda addummaaa kana walitti araarsuu danda'a.Innis murteessitoonni jechoota qabiyyees jechoota tajaajilaas ta'uu malu (Addunyaa, 2010, 174:182).

#### 2.3.6. Jechoota Raajeffannoo

Jehootni raajaeffannoo hima garaagaraa keessatti raajeffannoon arbeessuun ykn kineessuun waan tokko kan ibsu irgata miiraa ykn dhageettii keenyati (Addunyaa, 2010:116). Afaan oromoo keessatti jechootni dhageettii kan bakka bu'anii tajaajilan kanneen akka Ishoo!, Dhaqachi!, Wayyoo!, Ajab!, Elaa!, Uggum!, Baga!, Magan! Wkf. Unkaalee xinqooqaa waan miira keenyatti dhaga'aman kanneen akka naasuu, gammachuu, aarii fi wkf ittiin ibsachuufn akka feenetti hima tokko keessa bakka feene galchuu dandeenya. Karaaa biratiin jechootni kunneen qabiyyee kanneen biro tumsu malee kan mataa isaanii hin qabani. Kanaafuu iddoo dhaabbataa tokko hin qabani jechuudha.

### 2.4. Amaloota jechoota tajaajilaa

Afaan amala addaa isaan irraa madde qaba. Jechoonni garuu amalicha waan baataniif gareetti ramaduun akkuma amala afaanichaatti ta'uu qaba (Finch, 2005). Jechootni tajaajilaa amala garee jechoota biroo irra adda isaan taasisu qabu. Amaloonni kunniin: qabiyyee mataa isaanii hin qabani, horteefi yaasaa ta'uu hin danda'ani, dhamjechoota garagaraa ofitti hin fudhatani, Bifni isaanii dhaabbataadha, Ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun Guddina Afaan oromoo keessatti tajaajila gararaa kennu.

Qabiyyee mataa isaanii hin qabani yemmuu jennu jechoonni tajaajilaa Afaan oromoo keessatti jechoota hiika waliin yoo ilalamaan qofa malee hiikni isaanii addaan bahuu hin dandaa'u. Sabaabni isaa tajaajila tokko qofaaf kan dhaabataan waan ta'eef. Isaanisi, garee jechoota garaagaraa akka wal tumsaniif tajaajila guddaa kenna. Karaa birootin immoo jechoonni tajaajilaa horteefi yaasaa ta'uu hin danda'ani. Kana yeroo jedhamuu jechoonni tajaajilaa barreefama adda addaa keessatti ergaa dabarsuuf oluu malee ofii isaan danoomuu ykn heddumachuu hin danda'aan jechuudha. Kana malees, jechoonni tajaajilaa bifni isaanii dhaabbataadha. Jechootni tajaajila barreeffama Afaan oromoo keessatti bifni isaanii yoo jijjiirame hiika dhabeessa ta'uu ni danda'u ykn ergaa barbaadame dabarsuu hin danda'ani.

Amalootni jechoota tajaajila meeshaalee barnootaairra jireessaan kan agarsiisan hariiroo jechoota tajaajilafi fayyadama meshalee barnootaati. Hayyuun Curzon (2001) yommuu ibsu "When the right instructional media is selected and used skillfully at the right time, in the right place and in the right manner, they can help widen the channels of communication between the teacher and learner. Akka yaada hayyuu kaanaatti, jechootni tajaajila yoo sirnaan filatameefi ogummaadhaan yoo deeggarame, bakka isaaf malutti yoo fayyadamne, walitti dhufeenya barachuu barattootaafi barsiisuu baarsiisota gidduu jiru ni bal'isaa jedhee jira. Kanaafuu, Afaan oromoo keessatti jechoota tajaajilaa kamiyyuu fayyadamuun dura, barsiisaan kamiyyuu barbaachisummaa, bakkafi filannoon itti fayyadamu/fayyadamtu xiyyeeffannoo keessa galchuun galma qabiyyee barnootichaa milkeessuuf tattaafachuun murteessadha.kunis, barsiisaan yommuu barsiisu, qabiyyee barnootichaafi akaakuu jechoota tajaajila fayyadamu adda baasuun itti fayyadamuus qaba.

## 2.5. Yaaxina Qorannichaa

### 2.5.1. Yaaxina fayyadama jechoota tajaajilaa

Jechoonni tajajilaa barnoota Afaan oromoo keessatti dandeettii barattootaa cimsuufi walitti dhufeenya barsiisaafi barattoota fooyyessuuf gargaara. Kana jechuun barnooticha hawwataa taasisuuf jechoonni tajaajiilaa bakka barbaachisaafi qabiyyee barnootaa waliin wal simachuu qaba.

Akka yaada Harmer (1991) tti caasaa Afaan tokkoof jechoonni bu'uura waan hundaati. Kana jechuun, namni tokko adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hariiroo hiika jechootaa tajaajilaa sirnaan haala sirrii ta'e keessatti yoo fayyadame malee qabiyyee barnootaa dabarsaachuu barbaade galmaan gahuu hin danda'u. Yaada kannarra kan hubannuu, hariiroon hiika jechoota tajaajilaa haalaafi bakka adda addaa

keessatti akka jijjiiramu beekuun barbaachisadha. Kanaaf hawaasni hiika jechoota tajaajila meeshalee barnootaa kana haala adda addaa keessatti tooftaa hiikni jechootni tajaaajila meeshalee barnootaa kun itti faayidaa irraa oolu hubachuun barbaachisaadha.

Fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa yeroo jennu haala baruu fi barsiisuu afaan oromoo irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, akkaataa afaan itti barsiifamuufi baratamu fayyadama afaaniitiin walfakkeenya kan qabudha. Kunis, barsiisonniifi barattoonni jechoota tajaajila meshalee barnootaatti yeroo dhimma bahan jechoota tajaajila Afaaniittii fayyadamuu kan agarsiisuudha. Fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa ilaalchisuun hayyoonni garagaraa hiika kennani jiru. Akka Cooper (1976) ibsutti, xiyyeeffannoon xinqooqa adda fayyadama afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin, seer-lugaan yookaan jecha uumamuudha. Yeroo si'anaa keessatti haala fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Fayyadamni afaanii rakkoo fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa walqabataniif furmaata barbaaduun yaaxxina bu'uuraa lafa kaayuudha. Keessattuu rakkoo Afaan barnootaa yoo ta'e, afaan tokkoffaa afaan lammaffaa yookaan adeemsa walqunnamtii keessatti afaan alaa baruu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif furmaata kan kaayuu xinqooqa hujooti. Gama rakkoo jechaoota tajaajilaa meshalee barnoota Afaanii keessatti mul'atanifis furmaata kan barbaaduu xinqooqa hujoodha. Kana malees, caasaa afaan tokkoo qaacceessuun yookaan qorannoofi qo'annoo taasisuun furmaata kan kaayuudha. Hayyuun Cooper, (1976) waa'ee fayyadama afaanii akka armaan gadiitti ibseera:

> *Applied linguistic provides the theoretical and descriptive foundations for the investigation and solution of language related problems, especially those of language education (first language, second language and foreign teaching and learning) but also, the problems of translation and interpretation, lexicography, forensic linguistics and perhaps.*

Fayyadamni afaanii fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa ilaalchisee akka ibsutti xiinxalli fayyadama Afaanii Afaan guddisuuf hubannaa kennurratti gahee guddaa qaba. Gaheen fayyadamni Afaanii haala baruufi barsiisuu barattootaa keessatti taphatu xiinxaluu keessatti jiddu galli isaa yaaxxina fayyadamafi hojiirra oolmaa isaa kan qo'atuudha.

### 2.5.2. Yaaxina caasaa jechoota tajaajilaa

Caaasaan jechoota tajaajilaa Seer-luga (grammer) afaan oromoo jechoonni adda addaa himoota sirrii ta'an ijaaruufi ergaa guutuu dabarsuuf walitti qinda'anii dhihaatandha. Hiikni kun caacculee afaanii adda addaa keessaa "himoota" qofa akka meeshaatti of keessatti qabata. Qaamota himootaa isa oliitiifi gadiitti argaman, kan hiika (ergaa) guutuu dabarsuu danda'an kan hammate miti. Haala hiika kanaatin, Kaayyoon barnoota caas-lugaa hiimoota haalaan sirrii ta'an ijaaruu danda'uudha (Nasr, 1972). Ur (1996:75) yaaduma kana cuunfuu danda'u yoo kaa'u, "Grammar is some times defind as the way the words are put together to make correct sentences" Jedha.

Akka ibsa hayyuu kanaatti, xiyyeeffannoo guddaan adeemsa baruuf barsiisuu afaanii keessatti kan kennamu qindoomina himootaatiif waan ta'eef barattoonniifi barsiisonni waliin dubbii yookin shaakala dubbiitiif bakka hin laatan. Haa ta'u malee, gosti hiika caas-lugaa kun, akka Atkins and et al (1995) fi Nasr (1972) jedhanitti, adeemsa baruuf barsiisuu afaanii keessatti cimina mataa isaa niqaba. Innis, walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookin ergaa tokko dabarsuuf baay'ee barbaachsaadha.

Hiikni bal'aan caas-lugaa yoo isa dhiphaa kanaan madaalamu, caasaawwan adda addaa sadarkaa sagaleetii hanga qaamole dubbii yookin barreeffama himaa ta'anii eergaa guutuu dabarsuu danda'an mara; garaagarummaa sagaleessuu, qubeessuu; haalota saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabalatuudha (Ur,1996:75)

Richardas and Renandya.(eds.).(2002) Kitaabillee barnootaa caas-luga dhiheessaniifi seer-luga kaayyoo waliigalaaf ibsuun gaabarraa bitaman gidduu garaagarummaa guddaatu jira jedhu. Kitaabni barnootaa caas-luga barnootaaf dhiheessuu caasaa afaanii haala barnootaaf mijatutti yookiin barsiisuuf salphatutti qindeessuun dhiheessa. Akkasumas, walitti fufaa fi adeemsa barnootaa walqabaataa qaba. Caas-lugni salphaarraa gara cimaatti qindaa'uun dhihaata. Qindaa'inni kun ammoo akaakuu seera afaaniirratti hundaa'a. Kanaafis ulaagaa caas-lugni kitaaba barnootaan dhihaatu guutuu qabu ni ibsu. Kunis, Seerri dhihaatu dhugummaa qabaachuu qaba. Kana jechuun seerri barnootaaf dhihaate kan barattootatti waan godhaniifi hingoonee adda baasee himu ta'uu qaba jechuudha.

Akkasumas caasaan jechoota tajaajilaa meeshalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9[ffaa] haalaan iftummaa qabaachuu qaba. Kana jechuunis, caasaan afaanii barnootaaf dhihaatu haala barbaadeen yoo

dhiyaateyyuu ergaa dabarsuurratti ifa ta'uun qabiyyeewwan jechootaa wajjin qindoominaan walsimatee kan qopha'e ta'uutu irraa eegama.

## 2.6. Haala dhiyaannaa jechoota tajaajilaa

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti jechootni tajaajilaa karaa gurguddoo Sadiin dhiyaatu. Jechootaa tajaajilaaf xiyyeeffannoo barbaachisu hinkennamne; xiyyeeffannoon guddaan kan kenname seerlugaafi qabiyyee jechootaafdha. Kunis dandeettiiwwan afaanii biroof xiyyeeffannoon kennamuu malee, jechoota tajaajilaa barsiisuun dagatamuu isaa agarsiisa.

### 2.6.1. Dubbisaan Dhiyeessuu

Meeshaan barnootaa qophaa'u dubbisa bal'aafi shaakala dhaggeeffannaa barattootaaf qabatee dhiyaachuu qaba. Barsiisanis dubbisa bal'aa akkasumas, shaakalaa dhaggeeffannaa barattootaaf dhiyeessuun jechoota tajaajilaa barsiisuu qabu. hubannoo adeemsa dhaggeeffannaafi dubbisa keessatti tooftaa itti cimsataniidha. Kana gochuuf, barsisaan gochaalee adda addaa barattoonni dubbisa yookin dhaggeeffannaa keessatti akka caasluga murtaa'e tokkorratti xiyyeeffatan dalagsiisuutu irraa eegama (Batstone, 1995: 100).

Karaa biraatiin, daree barnootaan alattis dubbisuufi dhaggeeffachuudhaan akka jechoota tajaajilaa baratan adeemsa barsiisaan barattootaaf haala mijeessuudha. Kanaaf, jechoota tajaajilaa meeshaalee barnootaa keessatti xiyyeeffannoon gochaalee qopheessuuf dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu waliin walfudhachiisuun sagantaa barnoota afaanii keessatti dhiyeessuudha.

### 2.6.2. Haala waliin dubbiin Dhiyeessuu

Malli jechootni tajaajilaa itti dhihaatan kun adeemsa waliin dubbii keessatti namoota lamaa fi isaa ol gudduutti jechoota tajaajilaa fayyadamuun yaada wal-jijjiiruuf ykn ergaa barbaachisaa ta'e walii dabarsuuf kan raawwatudha. Barnoota Caasluga Waliindubbii yoo jedhamu, qabiyyee adda addaa kan akka akkaataa caasaan caas-lugicha dubbii keessatti hubatamu, haala inni barreeffama keessatti mul'atu, tooftaa inni hiika adda addaa haalota adda addaa keessatti dabarsu fi kan kana fakkaatan kan ofkeessaa qabuudha (Ur,1988).

Qaamota yookin caacculee adda addaa afaan tokko keessatti baratamuu qaban keessaa inni guddaan caasluga (Batstone, 1995:3). Barnoonni caasluga waliindubbii adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti beekamoo ta'an keessaa (Atkins and et al, 1995: 83) walitti dhufeenya hirmaattoota lamaan (dubbataafi dhaggeeffataa) jidduu jiru; xiyyeeffannoo ergaa tokkoo akka waliindubbii walirraa hincinne; yeroo gochi tokko itti dalagame; haala adda addaa kan akka abdii ofii, ta'uu malinsafi kan kana fakkaatan ni argamu.

### 2.6.3. Barreeffamaan dhiyeessuu

Barreeffama keessatti jechoonni tajaajilaa akkaataa ijaarsa caas-luga afaaniitiin akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'u. Akka ibsa Pincas (1982:126) barreessuu keessatti barattoonni akka fedhii isaaniitti yaada maddisiisuu, qindeessuufi himoota mataa isaanii fayyadamuun barreessuutu isaanirraa eeggama. Kana malees, gaaleewwaaniifi himoota gaggabaaboo gara keeyyataatti ol guddisuu, waliin dudubbii jalqabame tokko xumuruu, fakkiiwwan ibsuufi wkkf raawwachuutu irraa eeggama. Yaaduma kana cimsuun, Misgaanuu (2011:82)fi Beekaan (2015:157) akkas jedhu, "Gilgaalonni dalagaa bilisaa kuni akka barattoonni bilisaan dandeettii barreessuu isaanii shaakalan taasisa. Kun immoo barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii burqisiisanii barreessuun dandeettii kana haala gaariitti akka gabbifatan carraa bilisaa ta'e kennaaf.

Yaanni kuni kan nuhubachiisu, gosti dalagaa barreessuu inni kuni barattoonni to'annaafi qajeelcha tokko malee of danda'anii akka shaakalaniif dirree bilisaa akka ta‟eedha. Adeemsi kun immoo akka barattoonni eeggattummaa malee of danda‟uun barreeffama shaakalaniif gargaara. Kaayyoo barreessuu walabaafi of danda‟anii barreessuu Pincas (1982:110) akkas jechuun ibsiti:

> *Free writing is seen as the aim of a specific set of writing exercises. The ability to write freely what has been taught, not the ability to write any thing of every day life at all level. The students still need to be assisted in getting standared and in organizing their idea.*

Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu, barreeffama walabaa barreessuu akka miseensa gooree shaakala barreessuutti ilaallama. Namni tokko gahumsa barreeffama walabaan barreessuu danda'ullee, barattoonni yaada qindeeffachuufi barreeffama sadarkaa isaa eege qopheessuuf gargaarsi isaan barbaachisa.

Walumaagalatti, malliifi qajeelfamni jechoota tajaajilaa barsiisuu kanneen hojiirra oolchuuf sadarkaa ga’umsa barattootaafi haala barachuu barattootaaf  xiyyeeffannoon godhamuu akka qabuufi maleenya kanneen walkeessa fuudhuun jechootaa tajaajila afaanii barsiisuun  bu’aa qaba.

## 2.7. Wantoota Fayyadama jechoota tajaajilaa Murteessaan

Jechootni tajaajilahaala fayyadama qabiyyee baruufi barsiisuu irratti hunda’uun sababa adda addaatiin garaagarummaa akka qaban beekamaadha. Kana irraa ka’uun haallan fayyadama hiika jechoota tajaajila meshalee barnootaa murteessan gurguddoon Qabiyyee barnootaa, Hiika jechootaafi Meeshalee barnootaa akka fakkeenyaatti fudheen jira.

### 2.7.1. Qabiyyee barnootaa

Qabiyyeen barnootaa wantoota fayyadama jechoota tajaajila murteessan keessaa isa tokkodha. Jechoota tajaajila keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii bal’ina isaa, malli baruu barsiisuu fi qabiyyeewwan waliin sirnaan hiikkamee, dandeettii fisadarkaa barattootaa wajjin kan deemu ta’uu qaba. Dabalataanis jechootni tajaajila haala hawaasa naannoon tajaajilamuu keessatti kaayyoon barnootichaafi fedhii barattootaa waliin deemuusaafi haala dandeettii barattootaa wajjin walsimee deemuu, akkasumas aadaa uummataafi jechoota safuu eeguun tajaajilamuu keessatti xiyyeeffannoo qabaachuu qaba.Kana malees Afaan baratamu, Afaan waalta’aa ta’ee, kan looga hundaaf ta’uu hammatee qabiyyeenjechootatajaajila fayyadamuun barbaachisadha (Nunan. 1992).

Jechootni tajaajila meeshaaleen barnootaa haala baruufi barsiisuu kessatti haala qabatama jireenya nannoo barattootaa waliin wal-qabsiisuun xiin-sammuufi qaamolee miiraa shanan barattootaa keessatti bocuun kan barsiisuu fi hubannoo uumu ta’uutu irra eegama. Kanas Feldman (1981) yommuu ibsu “instructional media which precede written texts help to express the psychological dimension of life.”

### 2.7.2. Hiika jechootaa

Hariiroon hiikni jechootaafi jechoota tajaajila meshalee barnootaa waliin qaban Afaan baruufi barsiisuu keessatti murtessaadha. Akka yaada Harmeritti (1991) caasaa Afaan tokkoof jechoonni bu’uura waan hundaati. Kana jechuun, namni tokko adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hariiroo hiika jechootaa sirnaan haala sirrii ta’e keessatti yoo fayyadame malee ergaa dabarsaachuu barbaade galmaan gahuu hindanda’u. Yaada kannarraa kan hubannuu, hariiroon hiika jechaa haalaafi bakka adda addaa keessatti

akka jijjiiramu beekuun barbaachisadha. Kanaaf, barattootni hiika jechoota kana haala adda addaa keessattitooftaa hiikni jechootaa kun itti faayidaa irraa oolu hubachuun barbaachisaadha. Addunyaan (2011) akka ibsutti, hiikni jechaa qindeeffama, dhamsagoota, birsagootaafi dhamjechoota kan uunkaalee hiika tokkofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'uufi Afaan tokko keessatti of danda'ee kan dhaabbatuudha jedha.Walumaagalati, Jechoonni tajaajila meshalee barnoota hiika jechoota waliin hariiroo gudda akka qabu kan ibsudha.

### 2.7.3. Meeshalee barnootaa

Jechootni tajaajilaa xiinxala meeshalee barnootaa haala baruufi barsiisuuf gargaaran irratti xiyyeeffata. Meeshaaleen Barnootaa, meeshaalee garagaraa fi modeelota haala baruufi barsiisuu keessatti qabiyyee barnootaa qabatama taasisuufi karoora barachuu barattootaa milkeessuuf wantoota shoora guddaa taphatanidha. Romiszowski (1988) yommuu ibsu, "instructional media refers to devices and materials engaged in teaching and learning". Scanlan (2003) dabalataan yommuu ibsu, "instructional media encompasses all the materials and physical means a teacher might use to implement instruction and facilitate students' achievement of instructional objectives".Akka yaada hayyoota kanaatti, meeshaaleen barnootaa kan Aadaas ta'e ammayyaa kanneen jechoota tajaajilaa waliin hidhata kan qabanii fi haala akkasumas bakka barbaachisaa ta'etti kan itti fayyadaman ta'uu mul'isa.

Nkuuhe (1995) yaaduma kana yommuu cimsu" instructional media are all devices and materials used in the teaching and learning process." kunis akka hayyuun kun addeessetti, meeshaaleen barnootaa hundi kanneen haala baruufi barsiisuu keessatti kanneen qooda barbaachisaa gumaachandha. Dabalataan Nyame-Kwarteng (2006) yommuu meeshaalee barnootaa ibsu, instructional media are the various materials that appeal to the five senses seeing, hearing, touching, feeling and tasting which enhance teaching and learning." Kana jechuun meeshaaleen barnootaa kanneen haala baruufi barsiisuu keessatti qamolee miiraa keenya shananiin adda baasuun jechoota tajaajilatti fayyadamuun barnoota hiika qabeessa ta'e, bu'aa qabeessafi kaayyoo baruufi barsiisuu kanneen dhugoomsan kan of keessaa qabu ta'uu mul'isa.

## 2.8. Yoomessa fayyadama jechoota tajaajila

Afaaan kamiyyuu keesstti, jechootni tajaajilaa lakkoofsaan murtaawaa ta'anis, garuu irra deddeebbin kan tajaajilanidha. Akka Clark (1996) ibsetti, yoomeessi itti fayyadama jechoota tajaajila bakkaaf yeroo

jechoota AfaanOromoo tajaajiludha.Yoomeessi jechoota tajaajila yoom akka dubbatamuufi barreeffamaa akkamii keessatti akka tajaajilu adda baasee kaa'a. Afaan dubbii bilisaa ta'uun hirmattoonni (barsiisonniifi barattoonni) Afaanichaa fuula fuulatti walarganii kan itti tajaajilaman yommuu ta'u, kan barreeffamaa ammoo, bifa barreeffaman (kitaaba, barrulee xixxiqqaa, gaggabaabaan kan dhiyaataniidha). Qorannoo sirna itti fayyadama jechoota tajaajilaa keessatti gaaffileen hayyoota xinqooqaa barattootan dhiyaatu deebisuuf akka hojjatamu qabu ibsa.Gaaffileen kunis, eenyutu jechoota tajaajilatti fayyadama, maaliif tajaajila, eenyuun tajaajila? Yoom fayyada, eessatti gargaara, haala akkamii keessatti tajaajila? Jedhu kaasa (Wolff, 2000).Yaada hayyoota kana irratti hunda'uun jechoonni tajaajila meshalee barnoota haala akkamiifi yeroo akkamii keessatti akka tajaajilan yoomessa kan of kessaa qabu ta'uu irraa hubatama.Kunis jechootni tajaajilaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti qabiyyee jechootaa cimsuun/gargaaruun barattoonni fi barsiisonni kaayyoo haala baruu fi barsiisuu barnoota Afaan oromoo akka galmaan gahu gochuuf gargaara.

## 2.9. Faayidaa jechoota tajaajilaa meeshaalee barnoota keessatti

Adeemsa baruu barsiisuu galmaan ga'uuf jechootni tajaajila gahee madaalamuu hin dandeenye gumaachu. Jechootni tajaajilaa, haala qabatama qabiyyee barnootichaa bakka bu'uun barattootaaf bifa ifaafi hawwataa ta'een hubachisuuf gargaara. Akkasumas, haala baruufi barsiisuu keessatti gochaan deeggaramuun akka si'eessituutti gargaara.

Barataan kamiyyuu dhunfadhanis ta'e gamtadhaan jechoota tajaajilaatti haala sirnawaan ta'een yoo ittiin gargaarame/gargaaramte qabiyyee barnootichaa akka salphaatti hubachuuf gargaara.Hyland (2003) jechootni tajaajila baraattoota barnootaf kakaasuufi dhiibbaa gochuuf gahee guddaa akka qabu hubachiisa.Walumaa galatti jechootni tajaajilaa Barnoota Afaan oromoofi guddina Afaanii keessatti faayidaa adda addaa kennu. Kunneen keessaa:

- Guddina ogummaa Afaan oromootiif ni oola. Kana jechuun, jechootni tajaajilaa Caas-luga Afaan oromoo keessaa isa tokko yommuu ta'u, garee jechoota biroo waliin ta'uun barnoonni Afaanii akka gabbatu taasisa.
- Barattoonni wantoota naannoo isaaniitti argaman irraa kalaquun dandeettii waa umuu isaanii cimsuuf murtessaadha.
- Barattoonni qabiiyyee barnootaa isaanii dabalataan ilaalcha isaanii jijjiiruufi dandeettii isaanii dabaluuf gargaara.

- Barattoonni guddina Afaaniifi Aadaa Oromoof gahee isaanii akka gumaachan taasisa. Kunis, Barattoonni daree isaanii keessattis ta'e daree alatti hala barachuu barnootaa irratti hirmannaa ho'aa akka taasisaniifi qabiyyee barnootaa naannoo isaanii waliin wal qabsiisuun akka xiinxalan taasisa.

## 2.10. Hanqina jechoota tajaajila meshalee barnootaa

Jechootni tajaajilaa, Caas-luga Afaan oromoo keessatti gahee haa qabataniyyuu malee hanqina mataa isaanii qabu. Hanqinoonni kunniin:

- Jechoota bu'uuraa ykn qabiyee jechootaatti yoo maxxanan malee jaaajila caas-luga adda addaatiif ooluu hin danda'ani. kunis jechootni tajaajilaa jechoota maseenoowaan ta'aniifi(Addunyaa, 2010). Jechoonti garee maseenoo bu'uura horteefi yaasa ta'uu hin danda'ani.
- Jechootni tajaajilaa dham-jechoota garaagaraa waan hin maxxanfanneef bifti isaanii dhaabbataadh.
- Jechootni tajaajilaa qabiyyee mata isaanii hin qabani; kanneen qabiyyee qaban waliin galuun tajaajila caas-lugaa Afaan oromootiif oolu (Addunyaa 2010:107).

## 2.11. Jechoota tajajila akka hin fayyadamne wantoota dhiibbaa godhan

Jechoota tajaajilatti akka hin gargaaramne dhibbaawwan adda addaatu mul'ata. Isaanis bakka lamatti qoodnee ilaalla:  dhiibbaa alaafi keessaa ta'uu ni danda'a. Wantoonni dhiibbaa keessaa jedhaman kanneen baruu fi barsiisuu barnootaa sirna baruufi barsisuu irra kallattiidhaan dhiibbaa fiduu danda'an jechuudha.isaan kunis:

- Meeshalee barnootaa gahaa ta'efi Ogummaa saayinsii afaaniin jechoota tajaajilan deeggarame dhabuu.
- Barsiisaan haala baruufi barsiisuu keessatti jechoota tajaajilaa adda baasuunqabiyyee barnootaa fi meshaalee barnootaa waliin wal qabsiisuun hubachiisuu dhabuu.
- Barattoonni faayidaa jechoota tajaajilaa bifa qajeeloon hubachuu dhabuu irraan kan ka'e ilaalchi isaanii jijjiiramuu dhabuu.Kunis dandeettiifi bekumsaAfaanii akka hin gabbifanneef sababa guddaa ta'a.

Dhiibbaan alaa ammoo kanneen sirna baruufi barsiisuu barnootaan alatti jechoota tajaajilaa irratti al-kallattiin dhiibbaa fiduu danda'an jechuudha.Kunis haala qabatama qilleensa naannoo barnootaa, nageenyaa naannoo barnootaa ta'uu danda'a.

## 2.12. Maalummaa meeshalee barnootaa

Meeshaleen barnootaa haala baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barnoota afaanii adda addaa hammatanii adeemsa barachuu barattootaa kan deeggaran akkasumas hubannoofi gahuumsa isaanii cimsuurratti gahee ol'aanaa kanneen qabanidha. Adaanee (2013:7) waa'ee meshaalee barnoota hayyuu Heinich, waabeffachuun yoo ibsu:

> *Meeshaaleen barnootaa sadarkaa kamirrattuu kennamu haala itti odeeffannoon barnootaa barattoonni akka hubataniif qindaa'ee bu'a qabeessa* taasisuudha. *Kana malees, barnoota qabatamaa taasisuun qabiyyee barnootaa mana barnootaa keessatti kennamu naannoo isaanii waliin walsimsiisuun dhiyeessuun haala baruufi barsiisuu daran mijataa kan taasisuudha. Adeemsa hojii baruuf barsiisuu haalaan qabatama taasisuuf meeshaaleen barnoota qabiyyee barnootaa waliin deemanitti garagaaramuun caalaatti barnootichi faayyidaa akka qabaatu taasisa.*

Hayyuun Heinich et.al.(1989:21) waa'ee faayidaa meeshaalee barnootaa yommuu ibsu, ". . . the key value of instructional material is to improve the balance between concrete and abstract learning exprences . . . instructional materials not only provide concrete experiences but also help students integrate prior experiences." jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti meeshaaleen barnootaa haala qabatamaa barnootaa dhugoomsuuf faayidaa ol'aanaa waan qabaniif ittiin tajaajilamuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Dabalataanis, meeshaaleen barnootaa barnoota afaanii tumsuu irra darbee wantoota afaaniin ibsuun hin danda'amnellee addeessuudhaan qabatama taasisuuf akka oolaniifi meeshaaleen kun dandeettiiwwan afaanii barattootaa kan fooyyeessan, cimsaniifi dagaagsan cinaatti walta'iinsaafi guddina afaanichaa keessatti gahee ol'aanaa qaba. Barattoonnis fuula durratti dandeettii waliigalaa akka qabataniifi qorannoo sadarkaa adda addaatti isaan qunnamuf akka of qopheessan gargaaruun, barattoonnis afaanicha sirriitti akka baratan, waa'ee dandeettiifi beekumsa afaanichaas akka hubatan meeshaaleen barnoota gahee qaba.Yaaduma kana deeggaruun adeemsa baruu barsiisuu keessatti gahee meeshaalee barnootaa qabu ilaalchisee Adaanee (2013:8) Allwright (1990)waabeffachuudhaan akka ibsaetti "…

materials should teach  to learn, that should be resource book for ideas and activates for instructional learning and that they should give teachers rationales for what they do…”  yaada jedhuun kaaya. Yaada hayyuu kanaarraas kan hubatamu, meeshaaleen barnootaa hubannoo barattootaa daran akka cimuu kan taasisaniifi qabiyyeewwan xiyyeeffannoon baratamuu qabu haalaan addaan baafatanii sirritti ittis qophaa’uu akka danda’an kan taasisuudha.

## 2.13. Hariiroo jechoota tajajilafi meeshaalee barnootaa

Hariiroo jechoota tajaajialaa jechuun walitti dhufeenya jechoonni tajaajilaa meshalee barnootaa waliin isaanii gidduutti hiikaan qaban jechuudha.Gosoonnii hiika kallatti garagaraatiin walii wajjiin haariiroo qabaachuu danda’u. Hariiroon jechoota kunis, hiika walfakkaataa yookaan hikaa garaagaraa qabachuudhaan ta’uu danda’a (Alamuu, 1994; Atkins et al. 1996). Akkaataa barbaachisaa ta’een walii galtee uumuuf dandeettii hiika jechoota tajaajila meshalee barnootaa akkasumas hariiroo jechoonni Afaan oromoo walii wajjiin qaban gadi fageenyaan beekuun barbaachisaadha (Yule,2006). Jecha tokko qofaa isaatti hiika itti kennuun hojii keenya guutuu hintaasiisu. Sababni isaa dubbiidhaanis ta’ee barreeffaman jechi tokko hariiroo jechoota biroo waliin qabu irratti hundaa’uun yoo xiinxalameefi ibsame hiikni jecha sanaa sirritti hubatama.  Jechoota akka baattota hiikaatti qofa osoo hintaane, walitti dhufeenya jechoonni tajaajilaafi meeshalee barnootaa walii wajjiin qabaniin xiinxaluun barbaachisaadha.  Haasaa yeroo hunda keessatti hiika jechootaa kan ibsinu hariiroo jechoonni walii isaanii gidduutti qabaniin ta’uu qaba.

Jechootni tajaajilaaf meeshaaleen barnootaa Afaan barachuufi barsiisuu kessatti akkaataa barattootaa, naannoo, Aadaa, seenaa,dinagdee, siyaasaa, hawaasummaa, safuufi kkf hawaasichaa eeguu qaba. Ogeeyyiin yeroo wantoota walbira qabanii ilaalan (hiika itti kennan) wantoota adda addaa hubannoo keessaa galchuu yookiin beekuun barbaachisaa akka ta’e ni eeru.Jechootni tajaajilaafi meeshaaleen barnootaa addaan bahanii kan hin ilaalamnefi haala baruufi barsiisuu keessatti kaayyoo sirna barnootaa tokko dhugoomsuuf hariiroo guddaa kan qabanidha. Kana jechuun, tokko kan birootiif ka’uumsa yookiin bu’uura ta’ee kan tajaajiluu ta’uu agarsiisa. Kana yommuun jedhu meeshaaleen barnootaa jechoota meeshaalee barnootaa kana bakka bu’uun hiika barbaadamu kennuun kandanda’anitti tajaajilamuun murteessaadha.

Hayyuu Beekaan (2015:78) gaheen jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa keessaa inni tokkofi bu’uraa, dandeettiiwwan Afaanii gonfachiisuu keessatti hinkoo qabaachuufi dandeettiiwwan Afaanii

barattootni gabbifatan kun kan hidhata cimaa waliin qaban ta'uufi adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kan barnoota ittiin fudhannu yookiin argannu akkasumas kan barnoota ittiin barsiifnu yookiin dabarfannuu ta'uu irraa hubanna. Akka ibsa hayyuu kanaatti, barattoonni yeroo hunda qo'annaa barnoota isaanii keessatti barataa qacalee ta'uu kan isa/ishee dandeesisu qooda jechootni tajaajila meeshaaleen barnootaatti fayyadamoo ta'uu agarsiisa.

## 2.14. wal-simannaafi qindoomina qabiyyee meeshaalee barnootaa

Meeshaalee barnootaa afaanii walsimsiisuu kessatti akkaataa barattootaa, naannoofi safuu hawaasichaa eeguu qaba. Ogeeyyiin yeroo wantoota walsimsiisan wantoota adda addaa hubannoo keessaa galchuu yookiin beekuun barbaachisaa akka ta'e eeru. Meeshaalee barnootaa keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii bal'ina isaa, malli baruu barsiisuu mijataa ta'uu isaafi qabiyyeewwan waliin walsimatee, dandeettiifi umrii barattootaa wajjin kan deemu ta'uu qaba. Dabalataanis meeshaalee barnootaa walsimsiisuu keessatti kaayyoon barnootichaa fedhii barattootaa waliin deemuusaafi haala naannoo wajjin walsimee deemuu, akkasumas aadaa uummataafi jechoota safuu eeguu keessatti xiyyeeffannoo qabaachuu mala. Kana malees afaan baratamu, afaan waalta'aa ta'ee, kan looga hundaaf ta'uu hammatee qabiyyeen meeshaalee barnootaa walsimachuu barbaachisa (Nunan. 1992).

Karaa biratiin, qindoominni qabiyyeewwan meeshalee barnootaa haala baruufi barsiisuu keessatti guddina afaaniifi hubannoo barattootaa cimsuu keessatti shoora guddaa taphata. Qaamni qabiyyee barnoota qopheessu akaakuu qabiyyee dhiyaatuufi qindoomina qabiyyichaa gama hundaan jiru addan baasuun dhiyeessuun barbaachisaadha. Yaada kana Gurmeessaa, (2014), Sharmafi Tujeta, waabbeffachuun yommuu ibsu, "adeemsi kun qabiyyee dhiyaatuufi qindoomina qabiyyichaa mijeessuun hojii baruu barsiisuu sirnaawaafi bu'a qabeessa akka ta'u gargaara."

## 2.15. Sakatta'a barruu walfakkii

Qorannoonfi qoa'annoon gaggeeffaamu tokko qorannoowwankanaan dura hojjetaman wajjiin walfakkeenyafi garaagarummaa qabaachuu danda'a. Qorattuun qorannoo kanaa mataduree barruulee qorannoo kanaan walitti dhihaatan kallatinis ta'e al-kallattiidhaan walitti dhufeenya qaban sakatta'uun qorannoo kanaan walcinaa qabuun wal fakkeenyaafi garaagarummaa isaanii akka armaan gadiitti ibsiteetti.

**Yiheeyyis Siyyum (1999)** mata duree **"**Caas-luga Afaan oromoo Kutaa Saglaffaa Barsiisuu: Manneen Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Mukaxuriifi Caancoo" kan jedhu ture. Kaayyoon qorannoo kanaamanneen barumsa sadarkaa lammaffaa Godina Shawaa kaabaa keessatti, hojiirra oolinsa tooftaa barumsa Caas-luga waliindubbii Afaan oromoo kutaa saglaffaa sakatta'uudha. qorannoon kunis Digirii Lammaffaa guuttachuuf kan hojjetamedha. Kaayyoo qorannoo isaa dhugoomsuuf qorataan mala ibsaafi kaayyefamaatiin adeemsiseera. Bu'aan qorannoo qorataa akka ibsutti barattoonni yeroo heddu hiika caaslugichaatiif hintattaafatan; Kaka'umsi barsiisonni adeemsa barnoota tooftaa kanaatiin adeemsfamurratti qaban gahaa miti, leenjiin barsiisotaaf laatamu qabu baay'ee xinnaadhafi Yeroon barsiisaan odeeffannoo dabarsuuf fudhatu, yeroo barattoonni of ibsuuf fudhataniin yoo madaalamu, baay'ee guddaadha, hojiileen kutaa yookin adeemsichi barsisaadhaan kan dalagaman/ too'atamaniidha.Yaanni furmaataa qorannoo kanaa tooftaa adeemsi baruuf barsiisuu barattoota jiddu galeessa godhate itti too'atamu uumuu, Barsiisota kutaa saglaffaa barsiisaniif leenjiiwwan adda addaa tooftaa barnoota Caas-luga waliindubbii ilaalchisee akka laatamuuf haala mijeessuu; itti gaafatumummaa barachuu, barnoota hojiilee idilee kutaatiin firoomsuu qabu, barnoonni inni/isheen laatu/ttu haalaan ifa ta'uu isaa gaaffilee hordoffii adda addaa gaafachuudhaan mirkaneessuu;.barattoonni adeemsa barnootaa keessatti akka hirmaatan kaayyoofi qabiyyee barnootichaa ibsuu fi fedhii barattootaa irratti hundaa'uudhaan tooftaalee muxxannoo waliindubbii dagaagsan qopheessuu yookin filachuufa'i.

**Abdii Alamaayy (2016)** Xiinxala Hojiirra Oolmaa Tooftaawwan Waliin Dubbii Caas-luga Afaan oromoo barsiisuu Mana Barumsaa Ifaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa Saglaffaa. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Hojiirraa Oolmaa Tooftaawwan Waliin Dubbii Caas-luga Afaan oromoo Barsiisuu Mana Barumsaa Ifaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa Saglaffaa xiinxaluudha. Kaayyoo qorannoo isaa fiixaan baasuuf Saxaaxa ibsaa akkamtaafi ammamtaa fayyadamee jira. Argannoon qorannoo kanaa haalli teessoo barattootaafi baayyinni isaanii kana hojiirra oolchuuf rakkisaa ta'uu, Waliin dubbii barsiisuuf gargaarsaawalirraa hin cinnee barsisaa kan gaafatuu ta'uu, barattoonni yeroo heddu hiika caaslugichaatiif hin tattaafatan.Yaanni furmaata qorannoo kanaaf kaa'ame haala kitaabileen Caas-luga Afaan oromoo haalaan itti qophaa'an mijeessuu, tooftaa adeemsi baruuf barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate itti too'atamu haala mijeessuu, Barsiisota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa barsiisaniif leenjiiwwan adda addaa tooftaa barnoota Caas-luga waliin dubbii ilaalchisee akka laatamuuf haala mijeessuudha.

**Sisaay Margaa (2016)** mata duree"Xiinxala Dhiyaannaafi Tooftaawwan Hiika Jechootaa Barsiisuu Barnoota Afaan oromooKutaa Kurnaffaa" jedhu yoo ta'u, Digirii Lammaffaa guuttachuuf kan hojjetamedha. kaayyoon isaa dhiyaannaafi tooftaawwan hiika jechoota Afaan oromoo barsiisuu kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa qaaccessuudha. Argannoon qoraticha akka ibsutti Kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhiyaannaan gochaalee hiika jechootaa hanqina qabaachuu,Galumsa dubbisaan dhiyaachuu dhabuu gilgaalota hiika jechootaafi yaadota kanaan walqabatandha.qorannoo kana wanti walfakkeessu lamaanuu waa'ee bu'uura jechootaa kan ibsan yoo ta'u, kan adda isa taasisu garuu jechoota tajaajila meshalee barnootaa irratti kan xiyyeeffatu ta'uudha.

**Kidaanee Wadaajoo (2015)** mataduree "Dhiyaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa Barnoota Afaan oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 12ffaa" jedhurratti qorannoo Digirii Lammaffaa guuttachuuf gaggeesseera. Kaayyoon isaas, dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 12ffaa qacceessuudha. Argannoon isaas, dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa kitaaba barataa kutaa 12ffaa fedhii barataa hunda guutuu kan hindandeenyeefi tarsiimoo barattoonni hiika jechootaa ofiin ofbarsiisuu danda'aniitti miija'uurratti hanqina kan qabu ta'uusaa kan ibsedha.Qorannoo kanneen wanti walfakkeessu lamaaan isaanii jechoota irratti adeemsifamuu yoo ta'u, kan adda isa taasisu garuu jechoota tajaajila meeshalee irratti gaggeeffamuu isaati.

**Mulugeetaa (2012)**, mata duree"Qaaccessa Dhiyaanna Qabiyyee Jechootaaf Himootaa Kitaaba Barataa Afaan oromoo Kutaa 10ffaa Keessatti." jedhurratti qorannoo Digirii Lammaffaa guuttachuuf gaggeesseera. Argannoo isaatiinis jechaafi himaa Afaan oromoorratti hanqinni dhiyeessii jiraachuu isaa hubateera. Akkasumas kitaaba barataa Afaan oromootiif dhiyaate keessatti qabiyyeen jechaafi himaa gamaa uumama jechootaa, hormaata jechootaa, garaagarummaafi tokkummaa jechaaf dhamjechaa, garee jechootaa, himootaafi qooddii himootaa ilaalchisee qabxiileen dhiyaatan muraasa ta'uu isaafi gahaa ta'uu dhabuu isaa ibseera. Qorannoo kanneen wanti wal fakkeesu lamanuu fayyadama jechaa yommuu ta'u, kan adda isa taasisu garuu jechoota tajaajila meshalee barnootaa ta'uudha.

Qorannoon biroo kan fayyadama afaanii **Zalaalam (2012)** mata-duree "Xiinxala fayyadama Afaan oromoo: Beeksisoota Taappeella magaalaa Adaamaa"jedhu irratti Digirii Lammaffaa guuttachuuf gaggeessedha.Kaayyoon qorannoo isaa fayyadama Afaan oromoo: Beeksisoota Taappeella magaalaa Adaamaa xiinxaluudha. Argannoon qorannoo kanaa beeksisoota taappeella magaalaa Adaamaa keessa jiran doggogora caasaa, qubee, hanqina jijjirraa maqaaafi fayyadama jechoota mijatoo hin taane akka

qaban ibse jira. Qorannoowwan kana kan wal fakkeessu itti fayyadama afaanii irratti kan taasifaman ta’uu isaa yoo ta’u, kan adda isa taasisu garuu jechoota meeshalee barnootaa irratti kan adeemsifame ta’uu isaati.

Walumaagalaatti, qorattuun mataduree qorannoo ishee kana ni deeggara jettee kan yaadde kitaabileefi waraqaa qorannoo adda addaa xiinxaluun qorannoo kana keessatti ibsiteetti.

# BOQONNAA SADII

# SAXAAXAA FI MALA QORANNICHAA

Qabiyyeen boqonna kana keessatti hammatamuu qaban saxaaxa qorannoo, mala qorannichaa, madda ragaalee, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, Adeemsa ragaleen ittiin funaanamefi malleen qaaccessa ragaaleeti.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorattoonni garagaraa mala qorannoo adda addaatti fayyadamuun qorannoo gaggeessu. Maloonni kunis mala akkamtaaa, Ammantaafi Makaa (akkamtaafi ammantaa) ta'uu danda'a. Malli ammantaa ragaa lakkoofsaan safaramu danda'u funaanuuf kan gargaaruu yammuu ta'u; malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamne(jechaan ibsaman) sassaabuuf kan ooludha. Malleen qorannoo kanneen lamaan waliin makuudhan adeemsi qorannoo gaggeeffamu biroon ammoo mala makaa jedhama (Addunyaa, 2011).

Qorattuun qorannoo kanaa saxaaxa qorannoo qulqulleeffataa keessaa mala akkamtaa gargaaramuun qorannoo ishee gaggeessiteetti. Qorannoon akkamtaa gaffiiwwan maaliif? Akkamitti? jedhaniif deebii kennuuf carraaqa(Addunyaa, 2011). Sababni mala kana filatteefis, dhimmoota qorannicha keessatti dhihaatan jechaan ibsuuf, haala baruuf barsiisuu irratti hubannoo wa'ee jechoota tajaajilaa dabaluuf, qorannoon ishee haala irratti hundaa'ee akka jijjiiramu gochuufi ibsa qorannoo isheetiif qabxiilee gahaa ta'e argamsiisuufi. Akkasumas qorannoo ishee caalaatti qabatamaa taasisuuf odeeffannoo akkamtaan walitti qabachuun ibsaa barbaachisaa kennuun qaaccessuudha. Kanaafuu, qorannoon akkamta ragaa karaa sakatta'iinsa dokumentiin, dawwannaa dareefi af-gaaffiitiin argaman ibsa itti kennuufi qaaccessuuf gargaara.

## 3.2. Madda Ragaalee

Madda ragaalee jechuun burqaa qorannoo tokkoo yommuu ta'u, dhugummaa rakkoo addaan baafachuuf qaama odeeffannoon irraa argamuudha.Qorannoo tokko gaggeesuuf madda ragaa qindeessuun murteessaadha.Maddi ragaalee karaa lamaan ilaalama: madda raga tokkoffaafi lammaffaati (Cohn, 1994:50)).

Akkuma ibsa hayyuu kanaa irraa hubatamutti, maddi raga tokkoffa kan jedhaman kanneen walitti dhufeenya qaama qorannoo sana wajjiin qabanfi kanneen hirmaattota qorannoo sana ta'anidha. Haaluma kanaan maddi raga qorannoo kanaa kitaaba baratataa, Siilabasifi Qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa^; akkasumas barsiisota barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa^ barsiisaniifi barattoota bara2011 A.L.I kutaa 9^ffaa^ barachaa jiraniidha. Madda ragaa lachuurratti xiyyeeffannoon kan kennameef, odeeffannoon ga'aa argachuuf jedhamee waan yaadameefidha. Kanaafuu, maddi ragaan tokkoffaa barsiisota barnoota afaan oromoo kutaa 9^ffaa^ mana barnootaa Gurraa Jarjaraa Sad.2^ffaa^ barsiisaa jiraniif barattoota mana barnootaa kana keessatti bara 2011 kutaa 9^ffaa^ barachaa jiran yoo ta'u, maddi ragaa lammaffaa ammo kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo, Silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota afaan oromoo kutaa 9^ffaa^, akkasumas internetii, barruu walfakkiifi qarannoowwan mata deree kanaan wal qabatanidha.


## 3.3. Mala iddattoofi iddatteessuu

Iddattoofi iddaatteessuu hayyoonni garaagaraa qorannoo isaanii keessatti haala adda addaan ibsa kennaniiru. Fakkeenyaaf, Addunyaan (2011:65) yoo ibsu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessu kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo walitti qaabuun rakkisaa waan ta'eef, iddattoo filatamanirraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun akka danda'amu ibsa. Yaanni kun kan nuhubachiisu, qorataan tokko yemmuu qorannoo isaa gaggeessutti qaama dhimmi ilaalu keessaa qaama hunda bakka bu'uu kan danda'an filachuun barbaachisaa ta'uu isaati. Bu'uuruma kanaan qorattuun qorannoo kana iddattoo barattoota mana barumsaa sadarkaa 2^ffaa^ M/B Gurraa Jarjaraa kutaa 9^ffaa^ bara 2011 barachaa jiran 453fi daree 6 kan qabu yoo ta'u, kanneen keessaa daree tokko irraa barattoota Afur, Afur(dhiira=2fi Dubara=2)barattoota kutaa isaanii irraa qabxii fooyya'aa galmeessa, walumaa galatti barattoota 24 mala miti-carraaa keessaa iddatteessuu kaayyeffataa (purposive sampling)fi eeruu fayyadamuun filatteetti. Malliiddaattoo kaayyeffataa (purposive sampling method) mala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yommuu ta'u, Barattootaa odeeffannoo barbaachisaa qorattuudhaaf kennuu kanneen danda'an xiyyeeffannoon ykn itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis barattoonni kallatti gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya waan qabaniif odeeffannoo qorannichaaf barbaachisaa ta'e argachuuf nama dandeessisa (Yaalew 2006:132).

Kana malees, qorattuun barsiistota mana barumsichaatti argamanii barnoota afaan oromoo barsiisaa jiran sadan akkuma jiranitti fudhatteetti. Sababiin isaa odeeffannoo barattoota irraaargachuu hin dandeenye isaan irraa argachuufi. Barsiistonni mana barumsichaatti barnoota Afaan oromoo barsiisaa jiranis, barsiistota dhiiraa lamaafi barsiistuu dubaraa tokkao qofatu jiru. Barsiistonni kunniin hundinuu sadarkaan barnoota isaanii digirii jalqabaa kan qabaniifi turtiin isaan mana barumsichaatti qaban wagga sadiifi isaa oldha. Haaluma kanaan barsiistotarraa odeeffannoo ni barbachisa jettee yaaddeaf-gaaffii fi dawwannaa dareetiin  isaan irraa funaannachuu danda'eesseetti.

### 3.4.Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman

Odeeffannoon qorannoo kanaa mala Akkamtaafayyadamuudhaanadeemsiifame jira. Mala kana keessatti  meeshaaleen odeeffannoon ittiin  funaaname af-gaaffii, dawwannaa dareefi sakatta'a kitaaba barataa Bornoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa fi Qajeelcha Barsiisaa kitaaba Afaan oromoo kutaa 9ffaa akksumas barreeffamoota adda addaa qorannoo kanaan wal qabatandha. Sababiin meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname kanneen fayyadamteefis meeshaa tokkoon ragaan argamuu hin danda'amne meeshaa biroon ammoo bira gahamuu waan danda'amuufi. Yaada kana Moserfi Kalton (1972:126) yeroo cimsan,"Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun kaayyooqorannoon ittiin gaggeeffamuuf humna guddaa ta'a," jedhu. Kanamalees, Dawson (2002) yaada kana yemmuu ibsu, meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo keetiif si gargaaru filachuun dura, meeshaan kum maalirratti akka si gargaaran beekuun akka dursuu qabu ibsa. Qorannoo kana keessatti meshalee qorattuun itti gargaaramte haala armaan gadiin tokko tokkoon ibsameera.




*Fakkii 2: Meeshalee odeeffannoon ittiin funaanaman*

### 3.4.1. Sakatta'a Dookumantii

Meeshaaleen funaansa ragaa kana irraa odeeffannoo barbaachisaa ta'e mala qorannoo qulqulleeffataatiin (Akkamtaatiin) funaanuuf nama gargaara. Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oolefi murteessaa ta'e sakatta'a dookumentiiti.Waa'ee sakatta'a dookumantii ilaalchisuun, Dastaan(2013:131), "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayyootaa, gaazexaa, barruulee adda addaa, barreeffama murtii, yaadannoofi kkf ta'uu malu jedha. Dookumentoonni kunis, mana kitaabaatti ykn namoota harkatti argamuu danda'u," jechuun ibseera. Dabalataanis, "dokumantoota akka ragatti gargaaramne kanneen osoo itti hin fayyadamin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbaachisaadha. Dhugummaa isaanii mirkkaneeffachuuf immoo qeequun barbaachsaadha. Qeequun qeeqa keessaafi qeeqa alaa jedhee bakka lamatti qoodama."Akka yaada hayyuu kana irraa hubatamutti, dokumantoonnis akka madda ragaa qorannootti kan nama fayyadan ta'uutu hubatama.

Qorannoo kana keessattis, malli kun hojiirra ooleera. Kunis kitaaba barataa, Silabasiifi qajeelcha barsiisaa Afaan oromoo kutaa 9$^{ffaa}$, akkasumasa qorannoowwan adda addaa mata duree qorannoo kanaan wal fakkaatan sakatta'uun waa'ee jechoota tajaajila meshaalee barnootafi hanqinaalee isaanii

adda bahanii jiru. Qorattuun meeshaalee barnootaa kanneen sada jechiinis Silabasii, kitaba barataa fi qajeelcha barsiisaa barreeffamaan dhiyaatee jiru kanneen wal bira qabdee xiinxalteetti.

Haaluma kanaan odeeffaannoo meeshaalee kanneen irraa qabiyyeewwan meshaalee kanneen keessatti dhiyaatan gabatee keessatti walcinaa qabuun boqonnaa boqonnaadhaan kan meeshaalee sadeeniituu erga barreeffamaan dhiyaatanii booda qabiyyeewwan dubbisaa boqonnaalee, shaakalootaafi gilgaalota adda addaa keessatti jechootni tajaajilaa haala qindoomina, fayyadamaafi akaakuun isaanii gabatee jala, jalatti qaacceeffamanii ibsi itti laatameera.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon tokkoffaa qorannoo ittiin funaanaman keessaa isa tokko ta'ee kan qorataanif abbaandhimmaa fuulleetti wal-arganii odeeffannoo waliif kennanidha. Malli qorannoo kun mala odeeffannoo kennitoonnifi qorattuun kallattiin wal-arganii waa'ee maalummaafi fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa iirratti yaada waljijjiraniiru. Dastaa(2002: 84) mala kanaa yommuu ibsu, "Odeeffannoon af-gaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeefannoo kennitootaaf waan hin galle gaafachuuf carraa qabaachuunsaanii meeshaa kana filatamaa taasisa." jedha.Tooftaa wanti kana filatamaa taasisuu inni biroon ammoo dandeetti dubbisuufi barreessuu kan gaafatu miti.

Qorattuun meeshaa funaansa ragaa kanaatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu barattoota mana barumsaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Gurraa Jarjaraa kutaa 9$^{ffaa}$ baratan 453fi daree 6(ja'a) keessaa barattoota Afur, Afur(dhiira=2fi dubara=2),waliigalaatti barattoota 24 af-gaaffii dhiyaatuuf deebii sirrii kennuu danda'u jedhamanii yaadaman dandeettii gahumsa barumsa isaanii irratti hundaa'anii kuusaa qabxii Semisteera 1$^{ffaa}$ kutaa 9$^{ffaa}$ ilaalanii manni barumsaa akka dhiyeessaniif gaafattee argatteetti Eeblaa-Caamsaatti dhimma baatee gaggeessite.

Af-gaaffiin barattootaaf qophaa'ee dhiyaate baay'inni isaa 10 yommuu ta'u, hundumti isaayyuu banaadha.Sababiin isaas, qorattuun odeeffannoo bal'aa barattoota irraa argachuu waan barbaaddeefi odeeffannoo kennitoonni karaa isaanii galeen yaada isaanii akka ibsaniifdha.Yaada kana deeggaruun Sarantakos (2005:285) yeroo ibsu, "Sagantaa af-gaaffii banaa kan gaaffiilee banaa ofkeessaa qabu, akkaataan ijaarsaafi duraaduubni isaanii yeroo barbaadameetti jijjiiruun akka danda'amutti

fayyadamuun gaariidha" jedha. Haala kana keessatti, qorattuun qabxiiqorannichaa irratti hundaa'ee bilisa ta'ee socho'uu nidanda'a.

Akkasumas, af-gaaffiin barsiisota mana barumsaa Gurraa Jarjaraa Sad.2ffaa barsiisan sadaniifuu dhiyaateera. Sababiin isaas, qorattuun odeeffannoo barattoota irraa argachuu hin dandeenye dabalataan barsiisota irraa argachuuf mala kanatti gargaaramteetti.

### 3.4.3. Daawwannaa Daree

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoo jalqabaa funaanuuf oolan keessaa isa tokko kanta'eefi karaa gochaa tokko ittiin daawwachuun yookiin dhaggeeffachuun odeeffannoo funaamudha. Qorattuun meeshaa funaansa ragaa af-gaaffii dabalataan dawannaatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Gurraa Jarjaraa kutaa 9ffaa barnoota Afaan oromoo barsiisan sadanuu filatteetti. Qorattuun meeshaa funaansa ragaa kanaatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiidhaan madda ragaa tokkoffaarraa qaamaan biratti argamtee, haala fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa barachuufi barsiisuun itti gaggeeffamu odeeffannoo funaannatteetti.

Yaaduma kana Kumar (1996) yoo ibsu, "Daawwannaan odeeffannoo jalqabaa funaanuuf tooftaa tokkoofi tarsiimoo dhimma qabeessaafi filatamaa ta'insoota ilaaluuf gargaaruudha," jedha. Best (1981) ammoo daawwannaan qorataan waan ifatti arge tokkorratti ragaa akka sassaabbatu kan taasisu jedha. Akkasumas, Richards'sfi Rodgers (2001) daawwannaan daree keessaa adeemsa barachuu fi barsiisuu haala qabatamaan hojiitti hiikamuu isaa namatti mul'isudha jechu ibsanii jiru. Dawson (2002; 32), "In participant observation, however, the researcher becomes much more involved in the lives of the people being observed," jechuun yaada kana cimsa. Haaluma kanaan qorattuun yommuu qorannoo ishee yeroo gaggeessitetti, cheekliistii qorannoo isheef barbaachisu qopheeffachuun barsiisonni yommuu daree seenanii barsiisan haala akkamiin jechoota tajaajilaa dubbisa, shaakalootaa fi gilgaalota keessatti itti fayyadaman dawwatteetti. Dawwannaa kana irraa barsiisonni jechoota tajaajilaaf xiyyeeffannoon adda osoo hin baasiin haala Caas-lugaaf isaanii tolutti akka itti fayyadaman mirkaneeffatteetti.

## 3.5. Adeemsa ragaan ittiin funaaname

Adeemsi kun akaakuu meeshaa odeeffannoo itti gargaaramaniifi tartiiba ragaaleen ittiin funaaname, namoota ragaalee funaansa irratti hirmaataniifi yoomeessa funaansa kan agarsiisuudha. Kana

ilaalchisee Dastaa (2002) qorannoo gaggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu afgaaffii, dawwannaa daree,  sakatta'a dookmantiifi meeshaalee dhag-argee fayyadamaniidha jedha.Yaada kanarraa ka'uun, qorattuun mata-duree qorannoo "fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnoota Afaan oromoo kutaa 9[ffaa]"jedhurratti adeemsi qorannoo kun itti funaaname  akka itti aanutti ibsuun ni danda'ama. Kunis, ragaan iddattorraa afgaaffii, dawwannaa dareefi sakatta'a dookumentii yoo ta'u, duraan dursee af-gaaffii barattootaa, Muummee Afaan oromoofi barsiisotaaf dhiyeessuun ragaan kan walitti qabame yoo ta'u, dhugummaan isaa amansiisaa akka ta'uuf, itti aansuun daawwannaa daree kan dhihate, dhuma irratti sakatta'a dookumntii ta'ee karaalee kana sadaniin qorannoon adeemsifameera.  Haaluma kanaan, Ragaa kennurratti kan hirmataan qaamaan biratti argamuun yeroo barbaachisutti iddattowwan qunnamuun hojiin funaansa ragaa qorannoo kanaa adeemsifameera.  Dhumarrattis, odeeffannoon adeemsa adda addaatiin walitti qabame kun mala ragaa adda addaatiin fayyadamuun qaacceffameera.

## 3.6. Mala Qaacceessa Ragaalee

Malli ragaan ittiin qaacceeffamu tooftaa madda ragaan irraa funaanameef hiikni itti kennamuudha. Ragaaleen meshalee funaansa ragalee qorannoo (kan akka af-gaaffii, dawwannaa daree fi sakatta'a dukumentii) argaman jechaan hiika barbaachisaa itti kennuun qaacceffamanii jiru.Ragaan adeemsa kana keessatti qorataman malleen qaaccessa ragaa akkamtaa fayyadamtee jirti. Malli akkamtaan karaa odeeffannoon hiikame sun jechoota isaan ibsuu danda'aniin yookiin himaan kan kaa'amedha. Dhumarrattis, yaadolee furmaataa mul'atan irratti xiinxalliifi hiikni isaan madaalu erga irratti kennameen booda, yaanni guduunfaafi ibsi hubachiisaa (yaboo) kennamee jira. Ragaan argame kunis qindaa'ee mala ibsaa gargaaramuun qaacceffamee jira.

# BOQONNAA AFUR

# QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti qaaccessa hiika ragaaleefi argannoowwan qaaccessa meeshalee barnootaaa Sadan (Kitaaba barataa, Silabasiifi Qajeelacha Barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa), Barsiisotaafi Barattoota irraa meeshalee funaansa ragaaleetiin argamantu as jalatti dhiyaata. Ragaaleen karaa af-gaaffiii, dawwannaa dareefi sakatta'a dookumentiin walitti qabaman qabiyyee bu'uura qorannichaatiin haala walitti dhiyeenya isaaniitiin qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Ragaaleen walitti qabaman kunis, haala walitti dhiyeenya isaaniitiin bakka tokkotti kan qindeeffamanidha. Kunis, ragaan af-gaaffii, daawwannaa dareefi sakatta'a dookumentiin irraa argamee bifa walitti dhiyeenyaa isaatiin funaanamuun ibsi itti kennamuu isaa kan agarsisuudha. Ragaaleen kunis, hiikafi fayyadama irratti hundaa'uun kan ilaalaamaanidha. Bifuma kanaan qorannoon kun qaaccessa fayyadama jechoota tajaajila meshalee barnootaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa irratti kan xiyyeeffatee waan ta'eef qorattuun muuxannoo qabdurraa ka'uun jalqaba rakoolee gama kanaan mul'atan maalfaa akka ta'an addaan baasuuf meeshaalee barnootaa kana Sadaan walbira qabuun qabiyyeewwan boqonaalee dhiyaatan jalatti argaman sakatta'uu dandeesseetti. Akkasumas, rakkoolee bira gahaman eeruuf qaaccessaa gaggeessitee jirti.

## 4.2. Qaaccessa Sakatta'insa meeshalee barnootaa afaan oromoo kutaa 9ffaa

Kaayyoon barnoota afaanii inni jalqabaa, barattoonni afaan baratan sanaan hojjachuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uura akka gabbifatan gochuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii biyya keenyaas, meeshaalee ogummaawwan (dandeettiiwwan) kana irratti gahuumsa gonfachiisuun walqunnamtii barnoota afaaniifi jireenya hawaasummaa gargaaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha.

Kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf tattaaffiiwwan taasifaman keessaa inni guddaan qophii meshaalee barnootaati. Meeshaaleen barnootaa adeemsa baruuf barsiisuu keessatti iddoo gudda kanneen qaban keessaa Silabasiin, kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa isaan beekamoofi bu'uuradha. Akkasumas, kaayyoon sirna baruu barsiisuu galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan godhame keessaa inni biroo immoo

qophii kitaaba barataati. Kitaabni barataa barnoonni Afaan oromoo kuta Saglaffaa bara(2005) qophaa'ee hojiirra oolees boqonnaalee kudha-saddeeti(18)fi barannoowwan adda addaa qabiiyyeewwan gargaaraa kanneen dandeettiiwwan afaanii, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, berreessuu hiika jechootafi caas-lugaa akkasumas afoolaafi og-barruu barreeffamaa hammachuun qophaa'ee jira. Shaakalliifi gilgaalonni adda addaas kan barattoota sadarkaa kanaatti qabiyyeewwan dhiyaatan kana shaakalchiisan keessatti qophaa'anii jiru. Akkasumas qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, yaadannoowwan gaggabaaboo, qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan tumsan, kaayyoo barumsichaa galmaan gahuurratti hojii barsiisaatiif tumsa gochuuf baruma sana kitaaba barataa wajjin qophaa'ee hojiira ooleera. Silabasiin ammoo, qabiyyeewwan guutummaatti kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessatti qophaaa'an haala kamiin hojii irra akka oolu malu kan dhahudha.

Walumaagalatti, qophiin meeshaaleen barnootaa kunniin sirna barnootaa bu'uura taasifachuun barattootaaf odeeffannoofi hubannoo gargaaraa dhiyeessun, beekumsaafi dandeettiiwwan adda addaa horachiisuuf qabiyyeewwan heddu hammatanii qopheeffamanii jiru. Haata'u malee qabiyyeewwan meeshaalee kana keessaa jiran jechoota tajaajilaa hammatanii argamuufi dhabuu isaanii hubachuuf qaaccessi fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa kitaaba barataa, Silabasii fi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa^ irratti godhameera. Qorattuun bu'aa qaaccessa meeshaalee kanneen sakatta'uun kan argatte gabateewwan kanaa gadii keessatti boqonna boqonnaadhaan sakatta'iinsi godhame yaadaan qaacceffamee jala jalatti haala armaan gadiitiin ibsamee jira.

Gabatee 1: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa tokkooffaa, lamaaffaafi Sadaffaa.

| **Boqonnaafi Mata dureeBoqonnichaa** | **Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa** | **Qabiyyee Silabasii kutaa 9ffaa** | **Qabiyyee Qajeelcha Barsiisaa kutaa 9ffaa** |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa**-1: Afaaniifi Faayidaa isaa | ➢ Dubbachuu.<br>➢ Dubbisa<br>➢ Hiika jechootaa<br>➢ Mammaaksa<br>➢ Keeyyata barreess | ➢ Dubbachuu.<br>➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota.<br>➢ Mammaaksa<br>➢ Barreessuu | ➢ Dubbachuu.<br>➢ Dubbisa.<br>➢ Hiika jechootaa<br>➢ Mammaaksa<br>➢ Keeyyata barreessu |
| **Boqonnaa**-2: Addooyyee | ➢ Dubbisuu<br>➢ Keeyyata barreessuu<br>➢ Hiika jechootaafi gaaleewwanii.<br>➢ Jechoota tishoofi uumama isaanii | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechootaa fi gaaleewwan<br>➢ Caas-lugaa<br>➢ Jechoota tishoo fi uumama isaanii | ➢ Dubbisuu<br>➢ Keeyyata barreessuu<br>➢ Hiika jechootaafi gaaleewwanii.<br>➢ Jechoota tishoofi uumama isaanii |
| **Boqonnaa**-3: MeeshaaleeWalquu nnamtii ammayyaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Falmiifi seera isaa<br>➢ Keeyyata barreessu<br>➢ Hiika Jechoota | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Dubbachuu<br>➢ Falmiifi seerasaa<br>➢ Barreessuu | ➢ Dubbisuu<br>➢ Tooftaalee dubbisuu<br>➢ Hiika jechootoaa<br>➢ Keeyyata Barreessuu |

Haaluma gabatee 1ffaa keessatti qaaccessa meeshaalee barnootaa boqonnnaa sadeenuu keessatti shaakaloota, gilgaalotafi dubbisa keessatti jechootni tajaajilaa kanneen akka wal-qabsiistuu, gochima tumsituu, murteessituu, durduubeefi bamaqni haala dubbiifi barreeffamaan tajaajilanii jiru. Fkn.boqonnaa 1ffaa keessattii gilgaala 1, shaakala dhageeffachuun duraa: Jiruufi jireenya kee keessattii yaadakee maaliin ibsita? Hima gaaffii kana keessatti "fi"'n wal qabsiistuu yoo ta'u, "keessattii" kan jedhu immoo firoomseedh. Shakala yeroo dubbisuu gilgaala shan keessatti gaaffii 1ffaa: dubbisni kun keeyyata meeqa qaba? Hima gaaffii kan keessatti jechi "qaba?" jedhu gichima tumsituuti. Dubbisa keessatti keeyyata calqabaa:  Afaan meshaa ilmaan namaa itti walii galan keessaa isa guddaa fi faayidaa hedduus kan qabu. Hima kana keessatti jechi "isa" jedhu bamaqa,  "fi" wal qabsiistuu yoo ta'u "qabu" kan jedhu immoo gochim tumsituudha. Boqonnaa lama keesstti Dubbisa Boqonnaa lama "Addooyyee"

jedhu keessatti keeyyata 3B: ..Ookoo! Kan jedhu jecha raajeffannoo kan agarsiisu yoo ta'u, keeyyata $4^{ffaa}$ ..”naannoo tokko takkotti” kan jedhu keessatti “tokko tokko” jedhu murteessituu ta'uu isaa agarsiisa. Boqonnaa 3, gilgaala 2D gaaffii $9^{ffaa}$: “Qacceen bineensa tokko tokkoo lafa irraa badeera jedhama” jedha. Hima kana keessatti “tokko tokko” kan jedhu murteessituu, “irraa” kan jedhu immoo durduubeedha. Garuu jechootni kunneen qabiyyee mataa isaaniitiin kaa'amanii hin jirani (Madda: kitaaba barataa, Silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$, 2005).

Gabatee 2: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Afraffaa, Shanaffaafi Jahaffaa

| **Boqonnaafi Qabiyyee Boqonnichaa** | **Qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$** | **Qabiyyee Silabasii kutaa $9^{ffaa}$** | **Qabiyyee Qajeelcha Barsiisaa kutaa $9^{ffaa}$** |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa**-4: Barnootaafi Misooma | ➢ Dubbisa<br>➢ Gaaleefi Gosoota isaa.<br>➢ Maqaafi gosoota isaa.<br>➢ Hiika jechoota haala galumsaan | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Caas-lugaa.<br>➢ Ramaddi Bamaqaa fi saala isaa<br>➢ Sirna tuqaaleefi qubguddeessaa | ➢ Dubbisa<br>➢ Shaakala jechootaa<br>➢ Gaaleefi gosoota gaalee<br>➢ Maqaafi gosoota isaa<br>➢ Shaakala barreessu |
| **Boqonnaa**-5: Faalama Qilleensaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ **Fufiilee fi akaakuu isaanii**<br>➢ Maqaa akka maqibsiitti fayyadamuu.<br>➢ Haala hiikagalumsaa<br>➢ Hennaa Ammeennaa<br>➢ Faallaa jechootaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Galumsa Hiika jechoota<br>➢ Henna ammennaa<br>➢ **Fufiilee fi akaakuu isaanii**<br>➢ Maqaa akka maqibsiitti fayyadamuu | ➢ Dubbisa<br>➢ Galumsa hiika jechootaa<br>➢ **Fufiileefi akaakuu isaanii**<br>➢ Maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu<br>➢ Hennaa ammeennaa |
| **Boqonnaa**-6: Nageenya Karaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Sirna Tuqaalee<br>➢ Henna amsiqaa<br>➢ Keeyyata barreessuu<br>➢ Geerarsa<br>➢ Hiika jechootaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jchoota<br>➢ Sirna tuqaaleef<br>➢ Maqaa fi gosoota<br>➢ Geerarsaa<br>➢ Henna amsiqaa<br>➢ Barreessa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechootaa<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Hennaa amsiiqaa<br>➢ Barreessuu |

Haaluma gabatee 2ffaa keessatti qaacceffameen Boqonnaa afurii Barannoo lama Caas-luga Gaaleefi gosoota isaa waa'ee gaalee durduubee kan ibsu yoo ta'u, gilgaala afur jalatti ajaja "himoota armaan gadii keessaa gosoota galeewwan adda baasuun himi" jedhuun barattoonni shaakalaan akka hubataniif bifa gaaffiin kaahameera. Akkasumas wal-qabsiistuu, gochima tumsutuufi bamaqa shaakaloota, gilgaalotaafi dubbisa "Barnootaafi misooma" jedhu keessatti tajaajilanii jiru.

Boqonnaa kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa boqonaa Shanaffaa keessatti, Barannoo 2: Caas-luga kan jedhu jala gosoota jechoota tajaajilaa keessa "Fufiileefi Akaakuu isaanii" kan jedhu adda bahuun kaahameera. Kaayyoon isaas barattoonni maalummaa fufiileefi gosoota fufiilee adda baasanii akka hubatanii; akkasumasa jechoota akkamiifi bakka isaan galuu danda'an (duraafi duuba) jechootaa iiratti maxxanuun tajaajiluu kan danda'andha. Dabalataanis shaakaloota, gilgaalotaa fi dubbisa "Faalama Qilleensa Baramaa"jedhu keessatti wal-qabsiistuu fi gochima tumsituu tajaajila kennaa jiraachuu hubatteetti. Qajeelcha Barsiisaa keessattis, bifa hubachiisaan "Qaamonni jechootaa sarara xiqqaa (-) malee barreeffaman hundee, yoo ta'an, kan sararra xiqqaa dura dhufan ammoo maxxantoota ykn fufii duraati; isaan sarara xiqqaa booda dhufan ammoo maxxantoota duubadha." jechuun deebii gilgaal 4 jalatti ibsameera. Akkasumas Silabasii keessattis bifa hubachiisaan akka hubannoof tolutti kaahamuu isaa sakatta'ameera.

Boqonnaa Jaha keessatti jechotni tajaajilaa kanneen akka durduubee, wal-qabsiistuu, gochima tumsituu, shaakala dubbisuun durraa fi yeroo dubbisuu, Dubbisa "Nageenya karaa" jedhu kessatti ammoo jechotni tajaajilaa kanneen akka bamaqaa, firoomsee, walqabsiistuu, murteessituufi gochima tumsituu Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha Barsiisaa barnoota Afaaan Oromoo kutaa 9ffaa haala barreessuu fi dubbii keessatti tajaajilaaa jiru.

Gabatee 3: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Toorba, Saddeetiifi Sagalii

| Boqonnaafi Qabiyyee Boqonnichaa | Qabiyyee kitaaba brataa kutaa 9ffaa | Qabiyyee silabasii kutaa 9ffaa | Qabiyyee Qajeelcha Barsiisaa kutaa 9ffaa |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa**-7:<br>Jeneraal Taaddasaa Birruu | ➢ Dubbisa<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Maq-ibsaa fi gosoota isaa<br>➢ Henna raawwinna ammennaa<br>➢ Geerarsa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota kennuu<br>➢ Galumsaa Hiika jechootaa<br>➢ Barreessuu<br>➢ Maqaa akka ibsa maqaatti<br>➢ Henna raawwinaa | ➢ Dubbisuufi dubbachuu<br>➢ Shaakala jechootaa<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Maqibsaafi gosoota isaa<br>➢ Hennaa raawwima hammeennaa<br>➢ Geerarsa goota faarsa |
| **Boqonnaa**-8:<br>Sirna Nyaataa | ➢ Dubbisa<br>➢ **Bamaqaa**<br>➢ Henna darbennaa<br>➢ Tapha ijoollee<br>➢ Shaakala jechootaa<br>➢ Go | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Yaada haqaa fi yaada dhuunfaa<br>➢ Maqaa fi gosoota isaa<br>➢ Gochima fi gosoota isaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Shaakala jechootaa<br>➢ Bamaqaafi gosoota isaa<br>➢ Hennaa darbeennaa<br>➢ Tapha ijoolle |
| **Boqonnaa**-9:<br>Miidhaa Ilbiisonni Qaama Beeyilladaarratti fidan | ➢ Dubbisuu<br>➢ Galumsa Hiika jechootaa<br>➢ Faayidaa Gochimaa<br>➢ Hennaa Tarsiqaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Galumsa Hiika jechoota<br>➢ walqabsiisotafi akaakuu isaanii<br>➢ Gochimaafi gosoota isaa<br>➢ Barreessuu | ➢ Dubbisa<br>➢ Barreessuufi dubbachuu<br>➢ Hiika jehchootaafi faallaa jechootaa<br>➢ Gochimaa |

Akkaataa qaaccessa gabatee 3ffaa Boqonnaa 7ffaa shaakala dubbisuun duraa, yeroo dubbisaa, dubbisuun boodaafi dubbisa “Jeneraal Taaddasaa Birruu” jedhu keessatti jechoota tajaajilaa kanneen akka durduubee, gochima tumsituu, wal-qabsiistuufi bamaqaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keesstti tajaajila kennanii jiru; garuu qaabiyyee mataa isaaniin kaahamanii hin jirani.

Boqonnaa 8ffaa keessatti, Barannoo 2: Caas-luga jedhu jalatti mata duree “Bamaqaafi henna darbennaa”jedhu jalatti Gilgaala 4: shaakala Bamaqaa ajaja” himoota armaan gadii keessatti bamaqalee

jala sarari” jechuun kitaabni barata barattoota ajajee jira. Qajeelcha Barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti ammo shaakala Bamaqaa deebii gilgaala 4: jedhu jalattii jala sararuun deebii fi ibsa kennuun addeessee kaa’eera.

1.Tulluufi Hundeen obbola’a. Isaan daran wal-jaalatu.

2. Hordofaan nama bayeessa. Inni nama rakkate gargaaruuf duubatti hinjedhu.

3. Aniifi Kennaan kaleessa wal-agarre. Nu’i hiriyoota yeroo dheeraati.

4. Aannaneen Siifan daran jaalatti. Isa malee ooltee buluu hindanddeessu.

5. Asteer Gannoo dubartii cimtuudha. Ishiin kitaaba Afaan oromoo heddu barreessite

Dabalataanisa shaakala dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa “Sirna Nyaataa” jedhu keessatti jechoota tajaajilaa kanneen akka firoomsee, wal-qabsiistuu, murteessituufi gochima tumsituu fayyadanii jiru.

Boqonnaa 9ffaa shaakala dubbisa duraa, yeroo dhageeffachuu, dhageffachuun boodafi dubbisa “Miidhaa Ilbiisonni qaama Beelladaa irratti fidan” jedhukeesstti jechootni tajaajilaa kanneen akka Bamaqa, walqabsiistuu, gochima tumsituufi durduubee kitaaba barataafi qajeelcha Barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa hojii irra oolanii jiru.

Gabatee 4: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudhan, Kudhatokkoo fi Kudhalamaa

| **Boqonnaafi Qabiyyee Boqonn** | **Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa** | **Qabiyyee Silabasii kutaa 9ffaa** | **Qabiyyee Qajeelcha Barsiisaa kutaa 9ffaa** |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa**-10: Dhiibbaa Eedsiin Misooma irratti Fidu | ➢ Hiika jechootaa<br>➢ Barreessuu<br>➢ **Firoomsee/Durduubee**<br>➢ Gochibsaa fi gosoota isaa<br>➢ Raawwinna Darbennaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ **Durduubee**<br>➢ Gumee qopheessuu<br>➢ Barreessu<br>➢ Sirna Tuqaalee | ➢ Hiika jechootaa<br>➢ gochimaafi gosoota isaa<br>➢ Raawwiima darbeennaa<br>➢ **Firomsee fi gosoota isaa**<br>➢ Falmii adda adda |
| **Boqonnaa** -11: Ispoortii Aadaa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Walsimannaa Mathimaa, Antimaa fi Gochimaa,<br>➢ Henna murannaa<br>➢ Tapha ijoollee | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Mammaaks<br>➢ Maalummaa insaayikloopidaa<br>➢ Hennaa murannaa | ➢ Hiika galumsa jechootaa<br>➢ Walsimanna mathima, anthimafi gochimaa<br>➢ Sababaafi bu'aa<br>➢ Heennaa muraanna |
| **Boqonnaa** -12: Fardaan Gulufuu | ➢ Dubbisuu<br>➢ Barreessuu<br>➢ Sirna Tuqaalee<br>➢ Hennaa Murnaala | ➢ Dubbisuu<br>➢ Insaayikloopidaa<br>➢ Barressuu<br>➢ Seera falmii<br>➢ Hennaa murnaala | ➢ Hiika jechootaa<br>➢ Gumee qopheessuun.<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Henna muranaala.<br>➢ Barreessu |

Haala qaaccessa gabatee 4ffaa armaan olii keessatti hubatameen kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa boqonaa 10ffaa keessatti, Barannoo 4: Firoomsee (durduubee) jedhu jalatti mata duree "firoomsee(durduubee)" kan jedhudha.Gilgaala 6: shaakala firoomsee"himoota armaan gadii keessaa firoomsee adda basii barreessi" jechuun kitaabni barattoota barattoota ajaja. Qajeelcha Barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti ammoo"Shaakala firoomsee, deebii gilgaala 6A fi deebii gilgaala 6B" jedhu jalattii deebiifi ibsi itti kennameera. Kunis barannoo 4: firoomsee (durduubee)

Shaakala Firoomsee

Deebii gilgaala 6A: 1. waa'ee 2. jala 3. gubbaarra 4. keessa 5. malee 6. –f 7. –tiif 8. Wajjin deebii gilgaala 6B: 1. iddoo 2. malee 3. irraa 4. -f 5. waa'ee 6. wajjin

Boqonnaa 11^ffaa fi 12^ffaa kitaaba barataa, Silabasiis ta'e qajeelcha barsiisaa keessatti jechootni tajaajilaa kenneen akka durduubee, murteessituu, bamaqaa, wal-qabsiistuufi gochima tumsituu shaakaloota, gilgaalotaa fi dubbisa "Ispootii Aadaa" fi "Fardaan gulufuu" jedhu haala dubbii fi barreeffamaa keessatti tajaajilanii jiru. Garuu jechootni kunneen qabiyyee mataa isaaniin hin ibsamne.

Gabatee 5: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudha Sadii, Kudha afuriifi Kudha Shanii

| **Boqonnaafi Qabiyyee Boqonn** | **Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9^ffaa** | **Qabiyyee silabasii kutaa 9^ffaa** | **Qabiyyee Qajeelcha barsiisaa kutaa 9^ffaa** |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa**-13: Aramaafi Dhukkuba Biqiltootaa | ➢ **Walqabsiistota**<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Dubbisuu<br>➢ Jechootaafi gaalewwan | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Mammaaksota<br>➢ Barreessuu<br>➢ Henna murannaa<br>➢ Barreessuu | ➢ Dubbisuu<br>➢ **Walqabsiisota**<br>➢ Jechootaafi gaaleewwan<br>➢ Sirna tuqale<br>➢ Barreessuu |
| **Boqonnaa**-14: Bilillee(Mahibubaa) | ➢ Dubbisuu<br>➢ Yaada haqaafi dhuunfaa<br>➢ Mammaaksa, Hibboofi Durdurii<br>➢ Galmee jechotaa<br>➢ Barreessuu | ➢ Dubbsuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ Gumee qopheessuu<br>➢ Sirna Tuqaalee<br>➢ Muranaala<br>➢ Hima ijoo<br>➢ Barreessuu | ➢ Gilgaaloota adda addaa<br>➢ Hiika jechootaa.<br>➢ Yaada haqaafi yaada dhuunfaa.<br>➢ Mammaksa, hibboo<br>➢ Barreessuu |
| **Boqonnaa**-15: LoogaAfaan oromoo | ➢ Hiika jechootaa<br>➢ Seera Loojikii<br>➢ Afoola | ➢ Dubbisuu<br>➢ Jechoota hiika<br>➢ Seera loojiikii<br>➢ Faaruu Daai'mman | ➢ Shaakala jechootaa.<br>➢ Shaakala yaada loojiikii<br>➢ Faaruu daa'immani |

Haala caaccessa gabatee 5 irraa kanhubatamu, kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa Boqonnaan 13^ffaa, Baranoo 2: Caas-luga Gilgaaala 4; shaakala walqabsiistota"A, walqabsiistota kanaan gaditti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa himoota kanaangadii keessatti galchuun barreessaa"fi Walqabsiistota kanaan gadii fayyadamuun himoota mataakeetii ijaari jechuun barattoota ajaja. Qajeelchi barsiisaa Barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa Barannoo 2: Caas-luga deebii gilgaala 4A fi B yommuu kennu:

A. 1. kana malees 2. akkuma 3. Osoo4. hoo5. –fi 6.Moo 7. Qofa 8. malee

B 1.Tolaan waan dhara hojjeta.Kanaafuu ajjeefame.

2. Daafi deemi, yookaan si gateen deemaa.
3. Adii moo gurraacha jaalatta?
4. Aniifi ati Adaamaa deemuu qabna.
5. Ati deemi inni garuu hindeemu.
7. Ani fi ati kanaa achi diina.
8. Kumaa haa ta'u malee, waan fedhe haa fudhatu.
9. Kumeen kanaaf jecha yakkamuu hinqabdu.
10. Dhukkubaan waan qabameef badadamuu qaba.

Qabiyyee Boqonnaa 14^ffaa^fi 15^ffaa^keessatti jechootni tajaajilaa kan akka bamaqaa, wal-qabsiistuu, gochima tumsituu, murteessituufi durduubee kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa Barnoota Afaan oromoo kuta 9^ffaa^ tajaajjila dubbisaafi shaakala gilgaalotaa keessatti tajaajilaniiru.

Gabatee 6: Qaaccessa qabiyyeewwan boqonnaa Kudha Jaha, Kudha Toorbaafi Kudha Saddeetii

| **Boqonnaafi Qabiyyee Boqonn** | **Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^** | **Qabiyyee Silabasii kutaa 9^ffaa^** | **Qabiyyee Qajeelcha Barsiisaa kutaa 9^ffaa^** |
|---|---|---|---|
| **Boqonnaa** -16:<br>Yeroo Yeroon Qabi | ➢ Walaloo<br>➢ Shaakala Faaruu Loonii<br>➢ Afoola<br>➢ Shaakala Cigoo | ➢ Dubbisuu<br>➢ Cigoo<br>➢ Walaloo fi hololoo<br>➢ Geraaran loon faarsuu<br>➢ Faaruu jaalala<br>➢ Faaruu Loonii | ➢ Faaruu Loonii<br>➢ Faaruu Jaalalaa<br>➢ Ciigoo barreessuu<br>➢ Barreessuu |
| **Boqonnaa**-17:<br>GaraaWalitti Nahe | ➢ Shaakala Jechamoota<br>➢ Shaakala Malleen Dubbii<br>➢ Shaakala Mammaaksa<br>➢ Shaakala Asoosama Gababaa barreessuu | ➢ Dubbisuu<br>➢ Hiika jechoota<br>➢ kennuu<br>➢ Malleen dubbii fi gosoota isaa<br>➢ Asoosama gabaabaa<br>➢ Sirba yeroo cidhaa | ➢ Asoosama<br>➢ Hiika jechootaa<br>➢ Malleen dubbii<br>➢ Mammaaksa, sirba |
| **Boqonnaa**-18:<br>Xalayaa Barreessuu | ➢ Dubbisuu<br>➢ Gosoota Xalayaa<br>➢ Barreessuu<br>➢ Qub-guddeessa | ➢ Dubbisuu<br>➢ Gosoota Xalayaa<br>➢ Sirna tuqaalee<br>➢ Barreessuu | ➢ Gosoota Xalayaa<br>➢ Sirna Tuqaaleefi qub-guddeessaa<br>➢ Barreessuu |

Akkuma gabatee 6 irraa hubannu,Boqonnaa Sadanuu keessatti kitaabni barataas ta'e qajeelchi barsiisaa Barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti, jechootni tajaajilaa kanneen akka wal-qabsiistuu, gochima tumsituu, durduubeefi bamaqaa shaakala gilgaalotaafi dubbisa keessattitajaajila kennaniiru**.** Garuu, haala barattootaaf galuu danda'uun ibsi iitti kennamee hin kaayyamne.

Walumaagalatti, qorattuun qaaccessa fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa kanneenii irratti sakatta'a adeemsisteen meeshalee kanneen keessatti fayyadamni jechoota tajaajilaa shaakala gilgaalotaa, dubbisa boqonnaalee keessatti kennaman, yookiin sakkatta'nsi barruu meeshaalee barnootaa kanneenii walcinaa qabuun yommuu ilaalametti,jechootni tajaajilaa irra caalaatti qabiyyee kitaaba barataas ta'e Qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9[ffaa] keessatti adda bahanii haala barbaadameen qabiyyeedhaan kan kaahaman miti. Garuu meshaalee barnootaa barnoota Afaa Oromoo keessatti tajaajila kennaa jiru.

## 4.3. Hariiroo meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9[ffaa]

Akkuma beekamu kitaabni barataafi Qajeelchi Barsiisaa sirna barnootaa ykn haala baruufi barsisuu keessaatti meeshaalee barnootaa baay'ee barbaachisan keessaa isaan bu'uuraati.Kaayyoon isaas, barattoonni dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, Caas-lugaa, hiika jechoota, og-barruu, gadi fageenyaan xiinxaluunfi akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan gahuufis barannoowwanfi gilgaalonni gargaaraa dhiyaatan irratti ibsi garagaraa godhamuun akka barattoonni irraa hubatan gochuuf gargaaru.

Qajeelchi barsiisaa waan qophaa'eefi inni guddaan yaadolee tokko tokko irratti barsiisotaaf ibsafi yaadannoo kennuun barsiisonni kaayyolee, qabiyyeewwaniifi maloota adda addaa eeraman muuxannoo isaanii, dandeettiifi fedhii barattoota isaanii waliin walsimsiisanii akka itti fayyadaman haala mijeessuufi.Barsiisonnis kallattii qajeelchi barsiisaa ajajuun shaakala, gilgaalotafi gaaffiiwwan biroo Barattoonni kitaaba isaanii irraa akka dalaganiif qajeelcha. Deebii shaakaloota, Gilgaalotaafi gaaffiileeadda addaas ni kaa'a.

Walumaagalatti, qajeelchi barsiisaafi kitaaba barataa waliin walitti hidhinsa guddaa kan qabuufi tokko isa biroo irraa adda baasanii ilaaluun hin danda'amu. Sababni isaas haala baruufi barsiisuu keessatti lamaan isaaniyyuu waliif dugdaafi lafeedha.

## 4.4. Hanqina meeshaalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa

Kitaaba barataa, Silabasiifi qajeelchi barsiisaa haala baruu fi barsiisuu keessatti gahee guddaa taphatu. Haa ta'u malee haala qophiifi qindoomina sirna barnoota irraa kan ka'e hanqinoonni isaan keessatti mul'atu.Hanqinoonnii kunniin jechoota tajaajilaa adda baasuun meeshalee barnootaa irratti kaahuu dhabuu, kanneen jiranis haalaan fakkeenya adda addaa gargaaramuun ibsuu dhabuu, Qabiyyee jechaa tokkoo irra deddeebbiin ibsuu, jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaa addaan baasee ibsuu dhabuudha.

Walumaagalatti, Kitaabni barataa, Silabasiifi qajeelchi barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa hanqinoota armaan olitti caqafaman kanneen furmaanni barbaachisaa ta'e qaama dhimmi ilaaluun akka itti kennamu adda baasuun qorattuun eerteetti.

## 4.5. Qaaccessa ragaalee af-gaafiitiin funanamanii

Kutaa kana jalatti gaafileen af-gaaffii barsiisota, barattoota, muumme afaanifi kenna deegarsaa irraa funaanaman kana bakka tokkotti cuunfamuun ittiin qaacceffamani dha.

### 4.5.1. Qaaccessa ragaalee af-gaaffiitiin barsiisota irraa funanamanii

Kutaan kun kutaa ragaalen karaa af-gaaffitiin barsiisota iddattoo hammargee ta'een filataman waliin gaaffiifi deebii adeemsisuun argame qindeessuun qaaccessuudha. Qorannoo kana haala gadifageenyaan gaggeessuuf, dawwannaan qofti ga'aa waan hin taanef, afaanin gaaffii banaafi cufaa ta'an bu'uura gaafilee qorannoon kun deebisuu barbaadutiin rakkoo qorannoon kun ni fura jedhamee yaadamu tilmaama keessa galchuun gaaffii xiyyeeffannoon isaa tooftaa jechoota tajaajilaa barsiisonni barattoota isaanii barsiisuuf itti fayyadaman, duubdeebii barattootaaf kennaan, kaayyoo jechoota tajaajilaa daree keessatti itti fayyadamanii ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuufi dhabuu agarsiisu gaaffii kudhan(10) qopheessuun qorattuun barsiisota barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisan hunda isaanii erga daawwatteen booda gaaffin dhiyaatefii deebii isaan kennan haala itti aanu kanaan akkaatuma duraa duuba gaaffii dhiyaateen qaacceffaamee jira.

Af-gaafii 1ffaan, 'Kaayyoo jechoota tajaajilaa barattootaaf hubannoo kennituu?' kan jedhu ture. Deebiin gaaffii kanaaf kenname akka armaan gadiitti qaacceffama: deebii gaaffii kana irratti barsiisonni yaada isaanii kennanii jiru. Deebiin isaanii kun kan agarsiisu, barsiisonni jechoota tajaajilaa kaayyoo tokkoo

qofaaf kan itti fayyadaman ta'uu isaati. Kun ammo hubannoo barattootni jechoota tajaajilaa akka gonfatanii qooda isaanii guddina afaanii keessatti akka bahan gochuuf gargaaraa. Barsiisonni kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti kaayyoo garee jechootaa malee kaayyoo jechoota tajaajilaa qofaatti kan hin barsiifne ta'uu ibsaniiru.

Af-gaaffii 2ffaa, Jechootni tajaajilaa akkuma jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo argatanii jiruu? Gaaffii kanaaf barsiisonni kunniin ilaalacha wal-fakkaataa kennaniiru. Kunis qopheessitoonni sirna barnootaa, barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa yommuu qopheessan, jechoota tajaajilaaf akkuma jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo waan kennan miti. Akka ilaalcha barsiisota kanaattii hubannoo qopheessitootni sirna barnootaa jechoota tajaajilaaf qaban gad-aanaa ta'uu namatti mul'isa. Kana irraa ka'uun nuti barsiisonnis, jechoota tajaajilaaf akkuma qabiyyee jechootaa xiyyeeffannoo akka hin kennine nu taasisee jira.

Af-gaafii 3ffaan,'jechoota tajaajilaa adda baasuun barattoota keessan barsiiftuu?'kan jedhu ture. Deebiin gaaffii kanaaf kenname bakka tokkotti yommuu qaacceffamu: deebii gaaffii kanaa irraatti barsiisonni kunneen yaada walfakkaatuun deebii kennanii jiru. Akka deebiin gaafatamtoota kanneenii mul'isutti, barsiisonni gaafataman hundi isaanii haala jechoota tajaajilaa daree keessatti itti fayyadamanii ibsanii jiru. Kunis deebiin isaanii irra caalaan isanii walfakkaataa ta'us, darbee darbee garaagarummaa akka qabu, barsiisonni jechoota tajaajilaa daree keesssatti kan itti gargaaramaniif hubanoo barattoonni barnoota isaan kennan irratti qaban addaan baafachuuf akka ta'ee dha. Garuu barsiisonni jechoota tajaajilaa fayyadamuu kan qaban, barattoonni ofii isaanitiif of danda'anii akka barataniif, adeemsa baruufi barsiisuu foyyessuuf akkasumas ogummaa ofi isaaniifi hirmaannaa barattootaa fooyyessuuf itti fayyadamuu qabu ture (Steadman, 1998). Haa ta'u malee barsiisonni jechoota tajaajilaa adda baasanii barsiisuu dhabuun isaanii rakkoo barsiisonni hubannoo jechoota tajaajilaa irratti qaban waan agarsiisuuf, barsiisota gaaffiin kun dhiiyaateef hundaafuu jechootni tajaajilaa kitaaba barataa keessatti adda bahee kan hin ibsamne ta'uu, akkasumas barsiisonni jechoota tajaajilaa qabiyyee jechootaa kessatti malee adda baasanii kan hin barsiifne ta'uu ibsaniiru.

Af-gaafii 4ffaan,'Barbaachisummaa jechoota tajaajilaa barattoonni hubataniiruu?' kan jedhu yoo ta'uu haluma gaafatamtoonni deebisaniin deebiin isaanii duraaduubaan yeroo gaafatamaniitiin qindaa'ee qaacceffaamee jira. Guutummaa guutuutti barbaachisummaa jechoota tajaajilaa barattoota hubachiifneerra jechuun hin danda'amu. Sababni isaas gaaree jechootaa keessatti hanga tokko haa

baratan malee, jechoota tajaajilaa qofaatti kitaaba barataas ta'e qajeelchi barsiisaa kan ibsu miti. Kana irraa kan ka'e barsiisaan addatti barbaachisummaa jechoota tajaajilaa addatti hin hubachiisne.

Af-gaaffiin 5ffaan, 'Hariiroo Jechootni tajaajilaa garee jechoota biroo wajjin qaban barattootaaf hubannoo kennituu?' kan jedhu yoo ta'uu haaluma gaaffiin kun itti qindaa'een deebiin isaa tartiibeffamuun kan xiinxalameedha. Barsiisonnis yommuu yaada isaanii kennan jechootni tajaajilaa adda bahee barsiifamuu baatus, garee jechoota biroo waliin hariiroo guddaa qaba. Sababni isaa gareen jechootaa walitti dhufuun ykn wal-utubanii guddinaafi dagaagina barnoota afaan oromoo keessatti hundee isa bu'uuraafi cimaadha. Kunis kan agarsiisu jechootni tajaajilaa garee jechoota biroo irraa adda bahanii kan hin ilaalamne ta'uu fi hidhata guddaa kan qaban ta'uu agarsiisa.

Af-gaaffii 6ffaa, 'waa'ee jechoota tajaajilaa baratoota yommuu barsiiftan akka madaalaman ni taasiftuu?' kan jedhu ture. Barsiisonni af-gaafiin waa'ee galma ga'iinsa kaayyoo karoora barnoota dareef dhiiyeessan irratti milkaa'uufi dhabuu isaa addaan baafachuuf tarkaanfii fudhachuu danda'an irratti barsiisonni gaafataman hundi hirmaannaa isaan godhaniin adda baafanna jechuun deebii kennanii jiru. Akka deebii barsisonni kun kennanitti barattoonni hedduun daree keessatti harka baasuun yoo deebii sirrii deebisan kaayyoon galma ga'uu isaa kan agarsiisu jechuu isaaniti. Garuu qorattuun yeroo daawwannaaf daree seentee turtetti, wanti daawwachaa turte kanaan kan wal-falleessuudha. Sababni isaas barattoonni hedduun daree daawwataman keessatti harka baasaa haaturan malee, deebii sirrii akkaataa baratanitti kanneen deebisaa turan muraasa. Hedduun isaanii garuu hubannoowwaan barataniitiin ala ta'ee kan deebisaa turan. Kun immoo kan agarsiisu hirmaannaa qofaan kaayyoon barnootaa galma ga'uun isaa mirkanaa'uu kan hin danda'amne ta'uu isaati. Kanuma ilaalchisuun hayyoonni Gonzles fi Alibonga (2012) jedhaman Kaayyoo barnootaa tokko galma ga'uufi dhiisuu isaa addaan baafachuuf tooftaa madaallii adda addaatti gargaaramuun baayyee akka barbaachisu nidubbatu.Kanaafuu barsiisonni kaayyoon barnoota barsiisanii galma ga'uu fi dhiisuu isaa addaan baafachuuf tooftaa madaallii garagaraatti fayyadamuun murteessaa ta'a. Kana irraa ka'uun hubachuun kandanda'amu barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef, barnoota barsiisan kaayyoon isaan barsiisaniif milkaa'uufi dhiisuu isaa osoo addaan hin baafatin gara barnoota itti aanuutti kan darban ta'uu isaati.

Af-gaafii 7ffaa, 'Barattoonni jechoota tajaajilaa barachuuf hangam fedhii qabu?' kan jedhu ture.Gufuu tooftaa mala baruufi barsiisuu adda addaatti akka hin fayyadamne barsiisota dhoorkan ilaalchisee gaaffii dhiyaateef gaafatamtoonnii yoo deebisan, barattoonni barnoota kana barachuufis ta'ee,

hirmachuu irratti hangas mara fedhii kan hin qabneefi hamileen isaanii gadi bu'aa ta'uu ibsanii jiru. Kana malees qabiyyeen barnnootaa balaa'a wan ta'eef waktiin barnootichaaf kenname immoo gabaabaa ta'uu isaa ibsanii jiru. Akkasumas waktiin kenname sababa adda addaatiin kan qisaasa'u waan ta'eef fiigichii barsiisotaa tooftaa adda addaan fayyadamuun barattoota madaaluun ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuufi dandeettii barattoota fooyyessuu osoo hin ta'in kitaabichaa goolabuu qofaaf kan ta'uudha.Kanaaf kun kan agarsiisu barsiisoonni gaaffiin kun dhiyaateef tooftaa madaallii garagaraatti fayyadamuuf rakkoo hedduu waan qabaniif rakkoon akaakuu madaallii adda addaa gargaaramuun barnoota qulqullina qabu kennuu fi ogummaa ofii fooyyeffachuu dhabuu kan mul'atu ta'uudha. Deebii barasiisotaa kana ragaan deeggaruuf qorataan af-gaafii taasifame keessaa kan barsiisota lamaa akkuma jirutti dhiyeessee qaaccessee jira.

Af-gaafii 8ffaa,'Tooftan isin jechoota tajaajilaa barsiisuuf itti fayyadamtan hangam kaayyoo keessan milkeessa jettanii yaaddu?' kan jedhu ture. Barsiisonni gaafiin kun dhiyaateef hundi isaanii tarkaanfiin isaan fudhatan mataduree barattootaaf galuu dide irra deebi'anii mala baruu fi barsiisuu birootti fayyadamuun kan barsiisan ta'uu ibsanii jiru. Kun kan agarsiisu barsiisonni mala baruu fi barsiisuu addaaddaatti fayyadamanii barattoota isaanii barsiisuun sadarkaa barbaadame irra geessisuuf kutannoo qabachuu isanii mul'isa.

Af-gaafii 9ffaa, 'Hariiroon jechoota tajaajilaafi meshalee barnootaa barattoota keessaniif hubannoo kennitanii beektuu?' kan jedhu ture. Barsiisonni gaaffii kana gaafataman cufti isaanituu haala walfakkaataan madaalliin bu'aa hinqabne kan hin jirre ta'uu fi tooftaan jiru madaallii akaakuu adda addaa tooftaa garagaraatti fayyadamuu akka qabaniifi kun ammo kutannoo barsiisaa fi hamilee barattootaa cimaa kan barbaadu ta'uu ibsan. Kanarraa kan hubatamu barsiisonni akka akaakuu madaallii kallattii ammayyoomaafi kaayyeffataa ta'etti fayyadamaa hinjirree ni amanan jechuudha.

Af-gaaffi 10ffaan,'Waa'ee jechoota tajaajilaa barattoota erga barsiiftanii booda duubdeebii barattoota irraa fudhattuu?' kan jedhu ture. Barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef lama deebiin isaanii haala walfakkaatadhaan kan deebisaniidha. Deebiin isaaniis 'Eeyyee ni fudhanna,'jechuun deebisanii jiru. Barsiisaan tokkoammo duubdeebii barataa irraa hin fudhu yaada jedhuu deebii dhuunfasaa deebisee jira. Kun kan agarsiisu barsiisonni barattoota irraa duubdeebii fudhachuun hangas mara fudhatama kan hin qabne ta'uu isaati.

### 4.5.2. Qaaccessa ragaa af-gaaffii barattootaa irraa argamee

Af-gaafiin kun kan barattootaaf dhiyaatuu danda'eef, ragaa karaa dawwannaa daree barsiisotaatin funaaname deeggaruuf kan dhiyaate yoo ta'uu, innis, haala itti aanu kanaan funaanamee qaacceffamee jira. Haallii dhiyeenya isaas akkatuma duraaduuba gaafitiindeebii odeeffannoo kennitoota hunda irraa argame kanneen walfakkaatan eddo tokkotti cuunfuun yaanni isaa qofati kan fudhatameedha. Akkasumas, kanneen yaada birroorraa adda ta'e akkuma jiruun waraabamee xiinxalamee jira.

Af-gaaffii 1ffaa ,'Barsiisaan keessaan kaayyoo jechoota tajaajilaa maal akka ta'e isin barsiisaa?' Kan jedhu barattootaaf dhiyeessuun ture. Deebiin barattootaas haala wal fakkatuun deebii wal fakkaataa kennanii jiru. Deebiin isaaniis barsiisaan keenya waa'ee jechoota tajaajilaa hanga yoonaatti adda basee nu barsiisee hin beeku. Kitaabni keenyas waa'ee jechoota tajaajilaa adda baasee hin keenye. Haa ta'u malee garee jechoota biroo keessatti barsiisaan keenya nu barsiisaniiru.

Af-gaaffii 2ffaa, 'Jechootni tajaajilaa akkuma jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo argatanii jiruu? Kan jedhu ture. Barattootni 16 isaanii gaaffii kanaa yommuu deebii kennan akkas jechuun ture, Jechootni tajaajilaa jechoota qabiyyee keessatti malee addatti xiyyeeffannoon kan nu hin barsiifne yommuu jedhan, kanneen hafan immoo jechoota kanneen adda baafnee xiinxallee hin beeknu jechuun yaada isaanii kennaniiru. Kana irraa ka'uun barattoonni jechoota tajaajilaas ta'e garee jechoota biro kitaaba barataa irraa mata duree ofdanda'een kan hin ibsamne ta'uu hubanna.

Af-gaaffii 3ffaa,'Jechoota tajaajilaa adda baasuun barsiisaan keessan isin barsiisuu?' Gaffii kanaaf deebiin barattoota odeeffannoo kennanii wal-faakkaataadha. Deebiin isaanii kunis barsiisaan keenya jechoota tajaajilaa garee jechoota biroo keessatti malee qofaatti adda baasanii nu barsiisanii hin beekani. Kana jechuun kitaabni barnootaa keenyaas, mata duree jechoota tajaajilaa adda baasee kan kaa'e miti. Kana irraa ka'uun barsiisonni keenyas addatti nu barsiisanii hin beekani.

Af-gaaffii 4ffaa, 'Barbaachisummaa jechoota tajaajilaa barsiisaan keessan isin huchiisaniiruu?' kan jedhu yoo ta'u, barattoonnis deebi yoo kennan haala kanaan ture. Kunis barbaachisummaan jechoota tajaajilaa addatti want nuuf kenname hin jiru. Garuu, garee jechootaa keessatti kallattii garaagaraan barbaachisummaa jechoota tajaajilaa hanga tokko barsiisonni keenya hubannoo nuuf kennanii jiru.

Af-gaaffii 5ffaa, 'Hariiroo Jechootni tajaajilaa garee jechoota biroo wajjin qaban barsiisaa keessan irraa hubannoo argattaniittuu?' kan jedhu ture. Deebiin isaaniis hariiroo garee jechootni Afaan oromoo waliin qaban keessatti muraasa ilaallus, jechoota tajaajilaa garuu qofaatti nu hin hubachiifne. Kunis jechoonni tajaajilaa hanga yoonaatti kitaaba barnootaa Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti wanti hariiroo isaani ibsu hin jiru.

Af-gaaffii 6ffaa Waa'ee jechoota tajaajilaa erga barattanii booda madaallii akkamii madaalamtu?' jechuun ture kan gaafataman. Deebiin barattoota iddaattoo qorannoo kanaaf filatamanis yaaada walitti dhihaatuun yommuu kennan mata duree garaagaraa yommuu barannu barsiisonni keenya madaallii adda addaa fayyadamuun firii keenya madaalu. Haa ta'u malee jechoota tajaajilaa addatti barannees madaalamnees hin beeknu. Yaada kana irraa wanti hubatamu qabiyyee kitaaba barnoota Afaan oromoo keessatti waa'en jechoota tajaajilaa addatti wanti kaa'ame kan hin jirre ta'uu agarsiisa.

Af-gaaffii 7ffaa 'Jechoota tajaajilaa barachuuf hangam fedhii qabdu?' kan jedhu yommuu ta'u, barattoonnis deebii iisaanii kennaniiru. Deebiin isaan kennanis bakka tookkotti yommuu cumfaman kitaabni keenya waa'ee jechoota tajajilaa adda baasee hin kaa'u. Barsiisonni keenyas jechoota tajaajilaa adda baasanii nu hin barsiisani. Kana irraa ka'uun fedhiin nuti jechoota tajaajilaa barachuuf qabnu gadi aana ta'uu isaati.

Af-gaaffii 8ffaa ,'Tooftan barsiisaan keessan jechoota tajaajilaa ittiin isin barsiisan itti hangam kaayyoo keessan milkeessa jettanii yaaddu?' kan jedhu ture. Barsiisonni keenya tooftaa barnoota ittiin barsiisuu guyyaa irra gara guyyaatti waan jijjiiruuf, tooftaan baruumsa isaa kana jennee ibsuuf rakkisaadha. Barnoota sagantaa gaafa mataduree dubbisaa irra jirru gaaftokko calisaa dubbisaa yoojedhe, gaaf biroo immoo dhaabadhaatii tokko tokkoon dubbisaa jedha, gaaf biroo immoo ofiis gaafa dubbisu jira. Akkasumas Caas-luga yoo barsiisu gareen mari'adhaa jedhee gaafa bira taru nimul'ata. Gaaf biroo ammoo, yaadannoo kenna.Yoo itti toluu dide kitaba irraa dubbisaa jedha. Haaluma kanaan akkuma haalli itti mijateen nubarsiisa. Gurraandhala 26/2011 af-gaafii Mana Barumsa Gurraa Jarjaraa irra kan waraabbame.

Af-gaaffii 9ffaa, 'Hariiroo jechoota tajaajilaafi meshalee barnootaa barsiisaan keessan isin barsiisee beekaa? Kan jedhu ture. Barattoonni iddaattoo kana irratti hirmaatan yaada isaanii yommuu kennan kitaabni barnootaa meeshaalee deeggarsa barnootaa keessaa isa tokko yommuu ta'u, kitaaba barataa

Afaan oromoo kutaa 9ffaa irratti mata dureen jechoota tajaajilaafi meshalee barnootaa caqasu kaahamee hin jiru. Kana irraan kan ka'e hariiroo jechoota tajaajilaa fi meshaalee barnootaaa barsiisonni keenya waan nu hubachiisan hin qabani.

Af-gaaffii 10[ffaa],' Waa'ee jechoota tajaajilaa barsiisaan keessan erga isin barsiisanii booda duubdeebii isinii kennuu?' kan jedhu ture. Gaaffii kanaaf barattoonni qorannoo kanaaf akka iddaattootti filatama deebii yoo kennan barsiisaan isaanii shaakala isaanii kenname irratti hundaa'uun: Af-gaaff, battallee, hojii daree fi manaa irratti, yoo qabxiin barattootaa gadi bu'u, sababa maaliin qabxiin isaani akka gadi bu'e gaafachuu rakkoon mul'atu kanaaf furmaata kenna. Kunis baruumsa irra deebi'ee barsiisuu akkasumas barnoota deegarsaa akka kennan barattoonni hedduun raga bahu.Kanaas yaada armaan gdii fudhachuun xiinxaluun ni dan da'ama. Barsiisaan keenya barnoonni nuuf kenname yoo nuuf galuu baate, erge rakkoo keenya nugaafatanii adda baasanii booda barnoota yookaan mataduree san irra deebi'anii nu barsiisu. Akkasumas, qormaata battallee yoo ta'e irra deebi'anii nuu kennu. Kan keessaa irra wayyaa qabnu nuu qabu. Barsiisaan nubarsiisu haala kanaan yoo inni fayyadamu ni agarra. Garuu unumatu yoo isaan barnoota dabalataaf nu waaman hin dhufnu malee isaanyeroo hundaa nuwaama. Akkasumas hojii manaafi abbaltiis yoo nuukennan boodarra gaaffi mara isaatuu irra deebi'een nuuf hojjetu.

Akka yaada kanaattii barsiisonni mana baruumsa kanaa duub deebii barataa irraa fudhachuun itti nidallagan jechuun nama hindandeesisu. Sababni isaas tokkoffaa barsiisaan gochaa akkanaa kana niraawata jedhames tokkicha qofa ta'uu fi barataa hiramachisaa kan hin jirre ta'uu isaati. Kana malees barsiisaan kun fedhii barattootaa eegaa waan hin barsiifneef harcaatiin akka mul'atu barattoonni kaasanii jiru.

### 4.5.3. Qaaccessa ragaa muummee Afaanii Oromoo irraa argamee.

Kutaa kana jalatti ragaan qorannoo kana deeggaran qaama kenniinsa deeggarsa muummee afaan oromoo kan ta'an, itti gaafatamaa muummee afaanii, barsiisaa buulessa, qaama kennaa deeggarsaafi hordoffii alaa yoo ta'an waliin gaaffilee bu'uura gaaffii qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban gaafachuun ragaa argame kan itti qaacceffamudha. Kunis, haala itti aanu kanaan, ragaan argame yaada walii galaa cuunfuudhaan qindaa'ee kan qaacceffamee ta'a.

Af-gaaffii 1ffaa, ‘Barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti jechootni tajaajilaa akka barattootaaf ifutti wanti yaadame jeraa?’Kan jedhu ture. Muummeen Afaan oromoos akkas jechuun yaada isaanii kennaniiru; hang ammaatti wanti yaadamee kan hin jirre yoo ta’u gara fuulduraatti karoorfamee kan jiru ta’uu isaati. Kunis meshaale deeggarsa barnootaafi jechoota tajaajilaa walitti fiduun mana kuusaa meshalee keessa ta’anii akka barattootaa fi barsiisota tajaajilan taasisuuf kan karoorfamedha.

Af-gaaffii 2ffaa, ’Barsiisonni afaanii wantoota adda addaa irratti jechoota tajaajilaa barreessuun akka mana kuusaa kaa’an Muummeen ni hubachiisaa?’ Kan jedhu ture. Gaaffii kana muummee fi kenni deeggarsaa yommuu deebii kennu; barnoota afaanii caalaatti akka barattoonni hubataniif barsiisonni Afaanii torban torbaniin Muummee waliin marii mata duree garagaraa irratti gaggeessuun ni hubachiifamu. Haa ta’u malee waa’ee jechoota tajaajilaa kitaabni barataas ta’e qajeelchi barsiisaa addatti waan hin ibsineef muummeen adda baasee jechoota tajaajilaaf xiyyeeffannoo addaa wanti marii’atame hin jiru jechuun yaada isaanii addeessanii jiru.

Af-gaaffii 3ffaa, ‘jechoonni tajaajilaa akka xiyyeeffannoo argatu muummeen Barsiisota Afaan oromoo waliin waan yaade qabaa?’ kan jedhu ture. Muummeen gaaffii kanaaf deebii yommuu kennu haala armaan gadiin ka’ameera. Kunis jechoonni tajaajilaa garee jechoota Afaan oromoo keessaa isa tokko yoo ta’u, adda bahee wanti xiyyeeffannoon kennameef hin jiru. Garuu, garee jechootaa keessatti akka qabiyyee tokkootti akka tajaajilu hubannoo keessa galee jira.

Af-gaaffii 4ffaa,’Muummeen Afaan oromoo jechoota afaan oromoo haala salphaan akka barattoonni hubatan ni hordofaa?’ kan jedhu ture. Akka muummee keenyaattii barsiisaan karoora guyyaa fi torbee qopheefatee akka barsiisu ni hordofna. Barsiisaan karoora torbee qopheeffatee daree hinseenne, barattoota barsiisuufi ogummaa isaa fooyyeffatee jennee afaan guutnee dubbachuu hin dandeenyu. Qabxii barattootaa ofii irraa ka’uun barsiisaan rakkoon kun rakkoo ani uume fooyyefachuu qaba jedhu hin jiru. Osoo jiraatee silaa qabxiin barattootaa yeroodha gara yeroottii gad bu’aa hin deemu. Kun kan agarsiisu barsiisaan offooyyessaa kan hin deemne ta’uu isaat agarsiisa. Akka mana baruumsa keenyaatii barattoonnii qabxii barnoota afaan Oramoo qormaata guutuu biyyoolessaatiin kan bara darbeerraa harka hedduun gadi bu’ee jira. Barsiisaan mana baruumsaa kanaa jijjiiramee deeme yookaan dhufe bara lamaan kana keessatti hin jiru. Barsiisotuma bara kana barsiisantu bara darbe kana keessas barsiisee qabxiin kun dhufe. An akka nama tokkootti ogummaafi tooftaan barsiisonnii kunniin ittiin barsiisaa

turan laafina agarsiisuu isaa irraa wanti kun uumame natti fakkataa.Kanarra dhaabbadhee yoon ilaalu barsiisonni mana baruumsa keenyaa ogummaa isaanii hin fooyyeaffatan jechuu nan danda’a.

Af-gaaffii 5ffaa, ‘Jechoota tajaajilaa barsiisonni afaan oromoo akka addatti barattoota hubachiisan ni gorfamuu?’ kan jedhu ture. Muummee afaan oromoos ta’e kenni deeggarsaa yommuu deebii gaaffii kanaaf kennan; hanga yoonaatti garee jechoota Afaan oromoo haala kamiin akka adda baafatan kan gorfaman malee jechoota tajaajilaa qofaatti akka isaan barattoota hubachiisan wanti addatti gorfaman hin jiru.

Af-gaafii 6ffaa, ’Tooftaan barsiisonni Barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisan barattoota madaaluuf daree keessatti itti fayyadaman tooftaa madaallii kami?’ jedhuuf deebiin muummewwaniin deebi’e: gaaffii afaanii, shaakala gilgaalaa, barreefama gabaabaafi filannoo akkasumas hojiimanaafi daree kan ibsu yoo ta'u, gosti madaallii gara biroo kan hin kaafamin ta’uu isaati. Kanarraa hubachuun kan danda’amu tooftaan madaallii carraaqqii barattootaafi daawwannaa barsiisatiin gaggeeffamu, kan hin jirree ta’uu isaati. Akka ragaa kanaatti barsiisonni tooftaan barsiisonni fayyadaman tooftaa madaalii barnoota booda barattoota sadarkeessuuf yookaan daree dareetti dabarsuuf tajaajilutti dhimma kan ba’aniidha.

Akka deebii kenna deeggarsa keessoo mana barnoota irraa argamettii, barsiisonni yeroo hordoffiin keessoo raawwatamu tooftaan irra deddeebiin haala walfakkataadhaan dhimma itti ba’an, marii garee, hojii manaa dalaguufi hojii daree kennuu, akkasumasa gaaffii afaanii ta’uu isaa ragaan argameni ibsa. Kana malees, yeroon hordoffiin kun tasifamu walakeessa waggaatti yeroo tokko qofa akka ta’eefi muummeen mana baruumsaa akkaataa itti walii galan qofa madaalliin kan gaggeeffamu ta’uu isaa ragaan argame ni ibsa.Ragaa argame kana irraa akka hubachuun danda’amutti madaalliin barsiisaan daree keessatti itti fayyadamu battalee,abbatliifi qormaata dhuma barnootaa kennamu qofaa.Kun ammo kaayyoo imaammannii barnootaa yookaan manni barnootaa barbaade yoo galmaan ga’e malee fooyya’iinsa karaa dandeettii barattootaas ta’ee, ogummaa barsiisotaa fiduu kan hindandeenyedha.

Af-gaafii 7ffaa, ‘Barsiisonni barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisan erga barattoota madaalanii booda duubdeebii barattootaaf akka kennan muummeen ni taasisaa?’Deebiin gaffii kanaaf kenname kan muummee gaafataman duubdeebii barattootaaf akka laatamu hordoffii cimaa ni gaggeesu.Muummeen hordoffii keessoo semisteeratti altokko qofa waan ta’eef, yeroo baay’ee barsiisonni gaaffii afaanii

gaafatanii barattoonni yoo deebisuu dadhaban erga deebii itti himanii booda rakkoo barattootaa yoo gaafatan ni agarra yookun duubdeebii ta'een ala yeroo dhiphoo kana keessatti immoo hin jiruufi nijiraa addan baasuun baay'ee rakkisaadha. Haa ta'u malee, barsiisonni hundi duubdeebii kennuuf fedhiifi xiyyeefannoo keessa kan hin galchinedha. Kanarraa kan hafe barattoonii yoo barsiisaan duubdeebii nuu hin kennu jedhanii komatanis waan argine hin qabnu. Kun ragaa karaa daawwannoofi af-gaaffii barattootaa waliinis kan mirkanaa'edha.

## 4.6. Qaaccessa raga daawwannaa dareetiin funaanamee

Daawwannaan daree adeemsa ragaan akkamtaa ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi qorannoo kanaaf murteessaa ta'eedha.Kunis, karaa odeeffannoo dhugaafi qabatamaa ta'e ittiin argamuufi odeeffannoon karaalee sakatta'insa kitaaba barataa Afaan oromoo kuta 9ffaafi af-gaaffiitiin funaanaman kan ittiin mirkanaa'aniifi dhugummaan isaanii qabatamaan itti mul'ataniidha.kanaafuu barsiisonni qorannoo kanaaf iddattoo ta'an 3 (Sadii) yeroo lama, lama waytii walitti fufaa gara garaa keessatti yeroo isaan daree seenan osoo hinbeellamatin daree galuun haala itti fayyadama jechoota tajaajilaa kaayyoofi tooftaa isaan itti gargaaraman doowwachuun qaacceffamanii jiru. Daawwannaa kana irraa ragaan argame kan walfakkaatu waan ta'eef qorattuun akkaataa walfakkeenya isaanitiin walitti qabuun iddoo tokkotti cuunfuun dhiyessitee jirti.

Barsiisonni daawwiin kun irratti gaggeeffame marti isaanituu tooftaan isaan jechoota tajaajilaa barsiisuuf fayyadaman: Ibsa kennuu, barattoota gareen mariisisuu, gilgaala dubisa keessaa ba'e afaaniin daree keessatti dalaguu, yaadannoo kennuu, dubbisa dubbisiisuufi yaada dubisichaa afaaniin gaafachuu ture. Dawwannaa kana irraa kan hubatamu, daree keessatti tooftaan jechoota tajaajilaa barsiisuuf barsiisonni itti fayyadamanii kallatii tokkicha qofatti kan xiyyeeffatedha. Kunis tooftaa af-gaaffii qofaafi jechoota tajaajilaa barachuu qofatti kan fayyadaman ta'uu agarsiisa. Haala kanaan jechoota tajaajilaa barsiisuuf gosa tokkichaa qofaatti fayyadamuun ga'aa kan hin taaneefi barattootaaf, duubdeebiin kan hin kennamneedha.

Daawwannaan barsiisaa tokkoffaa(B1)waliin taasifame, Gurrandhala 25/2011 Mana Baruumsa Gurraa Jarjaraa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 9ffaa 'A' wayitii lammaffaa sagantaa lammaffaa sa'aatii 2:42-3:24 waaree dura sagantaa barsiisichaa eeggachuun daree waliin seenamee ture. Akkuma daree seeneen barsiisichi barattoota gareen qindeessuu eegale. Barattoota garee nama jaha jahaan erga teessisee booda dubbisa Boqannaa 8ffaa 'Sirna Nyaataa' jedhu ariitiin sagalee gadi qabatanii akka

dhuunfaan dubbisan ajaja kennuun, hanga barattoonni dubbisanii xumuranitti jechoota 10n dubbisa keessaa kan ba'an gabatee irrati barreessuun barattoonni afaaniin akka deebii kennan gafatee. Barattoonni muraasni harka baasuun deebii kennanis, barattoonni deebii sirrii kennan sadii qofa turan. Kana booda barsiisichi ofuma isaatii jechoota kenname hundaa hiikni galuumsa isaanii maal akka ta'e dareef ibsa godhe. Barattoonni waa'ee Bamaqaafi Hennaa darbennaa akka gareen irratti mari'atanii yaadannoo qabatan taasisuun, turtii muraasaan booda Bamaqaafi Hennaa darbennaa maal akka ta'an barattootaaf ibsa erga kennee, hojii manaa kennuun sagantaa xumuree ba'e. Daawwii kana irraa kan hubatamu haalli baruufi barsiisuu barattootaa tooftaa tokkichaa qofatu askeessatti adeemsifame. Kana malees, duubdeebiifi barattoota hirmaachisuun kan hin mula'annee waan ta'eef hangas mara hawwataa miti.Daawwannaan lammaffaa barsiisaa kana waliin adeemsifame torbema kana keessatti sagantaa shanaffaa daree 9ffaa 'A' Gurraandhala 27/2011 wayitii shanaffaa sa'aatii 5:03-5:45 waaree dura akkaatama guyyaa jalqabatti, sagantaa barsiisichaa eeggachuun daree waliin seenamee ture. Akkuma daree seeneen barsiisichi barattoota hojii manaa hojjataniifi hin hojjatiin addaan baasuu eegale. Barattoota hojii manaa hin hojjatiin gara alaa baasuun barattoota hojii manaa hojjatan muraasa waliin debii irratti mari'achuu eegalan. Barattoota harka basuun deebii kennaa turan keessaa kan deebii sirrii a rgatan bartoota sadii qofa turan. Barsiisichi barattoonni deebii kana maaliif, akka argachuu dadhaban barattota osoo hin gaafatin ofuma isaatiif deebii sirrii ta'e laachaa turuun, hojii manaa xumuree gara mataduree itti aanuutti ce'e. Yaadannoo 'Gaaleefi gosoota isaa' jedhu hanga gabatee guututti barreessaa osoo jiruu wayitiin kennameef goolabamnaan ba'ee. Ergaa qorattuun, haala kanaan daawwannaa daree barsiisaa tokkoffaa(B1) waliin taasise xumuree jira. Daawwannaa kanarraa kan mul'atu barsiisaan kun mala baruu fi barsiisuu barattoota kan gidduu galeeffate miti.

Daawwannaa Barsiisaa lammaffaa (B2) waliin taasifame, M/B Gurraa Jarjaraa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 9ffaa daree 'C' sagantaa wayitii 4$^{ffaa}$ttii gaafa guyyaa 25/06/2011 waaree dura sa'atii 4:21-5:03 ture. Boqonnaa saddeet mataduree 'sirna nyaataa' jedhu gabatee irratti erga barreessee booda gara barnoota darbe yaadachiisuutti seene. Innis waa'ee afoola oromoo ture. Maalummaa afoolaa, akaakuu Afoolaafi amala Afoolaa barattoonnii akka itti himan gafate. Barattoonni hedduun deebbii kennuuf harka baasanis, carraa barattoota lamaaf qofaa kennuun deebii akka kennu erga affeeree booda, barsiisichis, yaada barattootaa kaasuun irratti ibsa gabaabaa kennee akkuma xumureen gara dubbisa barattoota dubbisiisuutti ce'e. Barattoonni dubbisa kana akka cal'isaan dhuunfadhaan dubbisan erga ajajee, ofii ammoo gabatee irratti kaayyoo dubbisa kanaa: dandeettii afaanii cimsuu, dubbisa dubbisanii

yaada ijoo dubbisichaa ibsuu, ’kan jedhu barreessee.Yeroo muraasaaf akkuma barattoonni dhuunfaan dubbisaa turaniin barattoonni yaada dubbisicha keessaa argatan akka dareef ibsan taasise. Barattoonni sadii qofti harka baasuun yaada dubbisicha keessaa argatan akkaatuma hubataniin yaada mataa ofii kennaa turan. Kana booda, gilgaala dubbisicha keessaa bahan osoo hin dalagin gara gilgaala Caas-lugaa darbuun, gilgaala 4ffaa hojii manaa kennuun, sagantaan goolabame.

Haala barnoonni daree kanaa itti kenname irraa kan hubatamu tooftaan jechoota tajaajilaa barsiisuuf barsiisaan kun itti fayyadame gaaffii afaaniifi dhuunfaan akka dubbisan haa ta’u malee barattoota daree keessatti argaman keessaa carraa yaada ibsachuu kanaa kan argatan barattoota sadii qofa. Kun ammoo barnoonni, kayyoo barbaadamee galmaan ga’uufi dhiisuu mirkaneessu daree kanatti hin mul’annee, barsiisaan daree keessatti jechoota tajaajilaa barsiisuuf ittiin barachuu fayyadamuuf yaaluus sagantaa kanatti tooftaa af-dubbii qofatti kan fayyadame waan ta’eef, jechoota tajaajilaa ittiin barachuuf guutuu hin taasisu. Akkasumas madaallin akka barnootaatti barattoota ofdandeessisuuf dhuunfaan akka barnoota isaanii too’atan taasiisu karaa gahaa ta’een kan hin adeemsifamnedha.

Dawwiin barsiisaa lammaffaa(B2) kana waliin taasifame inni biroon Gurraandhala 27/2011 waaree dura sa’aatii (3:24-4:06)tti sagantaa sadaffaa irratti daree walfakkaataa sagantaa lammaffaa keessatti qaban ture.sababni isaas,sagantaan daree kanaaf kennamee torbeetti lama qofa waan ta’eef, barsiisichis mata duree darbe osoo hin yaadachiisin kaayyoo barnoota mataduree guyyaa san baratamuu ibsuudhaan kallattumaan gara, yaadannoo waa’ee ‘Jechoota tishoo ijaaruun hima keessatti itti fayyadamuu, jedhuu gabatee irratti barreessuu eegale. Sagantaa barnootichaa kenname walakkaa ol erga yaadannoo kennee booda, jechoota tishoo kitaaba barataa fuula 21 irratti argamu irratti, barattoonni akka gareen mari’atan taasisee. Mariin barattoota jidduutti yoo adeemsifamu barsiisaan tokkoo tokkoo garee irra deemuun daawwachaa turee jira. Dhuma irratti gilgaala 7 hojii daree akka dalagan ajaja dabarse. Hojiin dares, barattoota yeroon xumuran sadi qofaaf soroorfamee, sagantaan xumuramee. Daawwannaan barsiisaa kanaa waliin taasifame kanumaan kan goolabamedha.

Walumaa galaan haala daawwannaa daree kanarraa kan hubatamu barattoonni ofii isaanitiif adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti hirmaannaan isaanii gad-bu’aafi barsiisaan adeemsaafi tooftaa walfakkaataan barnoota isaa kan adeemsisuudha. Kun kan nutti agarsiisu barsiisan tooftaa barnootaa jijjiiruun kan itti fayyadamu waan hin taaneef ogummaa ofii isaas kan hin fooyyeffanne ta’uu isaati.

Daawwannaa barsiisaa sadaffaa (B3) waliin taasifame, Mana Baruumsa Gurraa Jarjaraa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 9ffaa "D" kan barsiisan yoo ta'u daawwannaan qorattuun taasifte Bitootessa 02/2011, waaree booda wayitii sadaffaa sa'atii 8:03-8:45 ture. Barsiistuun mata duree wayitii darbee barsiiste daqiiqaa muraasaaf erga keessa deebitee booda, yaadannoo kennaa turuu ishee barattoota yaadachiiste. Itti aansuun maalummaa Afoolaa ilaalchisee afaaniin gaafilee tokko tokko bartoota gaafatte. Kanatti aansuun 'Shaakala tapha ijoollee,' mataduree jedhu gabatee irratti barreessite.Kun mata duree wayitii guyyaa sanaati. Mataduree kana keessatti mata duree maalummaa afoolaa, seerota tapha ijoolleefi yeroo tapha ijoollee itti taphatan yaadannoo gabatee irraatti barattootaaf barreessuun hanga yeroo kennameef goolabamee baatutti yaadannoofi ibsa kennu itti fufte.Barattonnis, yeroo isaaniigara caaluu barreessuu irratti dabarsan.yeroon kennameef xumuramuu yoo geessuu,barattoota yaadannoo garagalchanii xumuruufi xumuruu dhabuu isaanii addaan baafachuuf, 'Xumurtanii?' jettee gaafatte. Barattoonni harka caalan xumuruu isaanii sagalee isaanii ol kaasuun dubbatan. Kana booda yaadanno barreessaa turte xumurtee, 'afoolli maalii? Seeronni tapha ijoollee maalfa'a? yoom taphatama?' gaafilee jedhuu gabatee irratti barreessun afaaniin barattoonni akka deebisan gaafatte. Barattoonni hedduun kallatti adda addaa irraa harka baasaa turanis, kanneen carraa argatan muuraasa turan. Barattoonni muraasni erga deebii kennanii booda, yaada walii galaa deebii barattootaa qaaccessite.

Akka daawwannaa daree B3 kana irraa hubatamutti, barsiistuun haala baruufi barsiisuu adeemsisteen barattoota hunda osoo waliin hin ga'in yookin hin hirmaachisin kan bira kutte ta'uu isaati. Daawwannaa kana irraa kan hubatamu daree keesstti mala baruufi barsiisuu tokkichi ga'aa kan hin taaneefi barattootaaf duubdeebiin kan hin kennamin, akkasumas yaliin barattoonni barnoota barachuuf dhuunfaanis ta'ee gareen tasisan kan hin jirre wanta'eef, barsiistuun kun: barattoonni ofmadaaluu, gareen mari'achuun walmadaaluufi duubdeebii walii kennuufi ofiin ofdanda'anii akka baratan malli kennaame daree kanatti waan hin mul'annefi malli baruufi barsiisuu ofdandeessisuu barsiisuun adeemsifamu kan hin argamneedha.

Daawwiin lammataa kan barsiistuu kana waliin adeemsifame guyyaa tokkoon booda haaluma isa jalqabaatiin sagantaa barsiisiistuun qabdu hordofuun, beellama malee dareema walfakkaataa keessatti Bitootessa 4/2011 waaree booda Wayitii shanaffaa irratti 9:45-10:27 akkuma barsiistuun daree seenteen waliin seenuun sagantaa darbe yaadachiisuun gara mataduree haaraa Boqonnaa itti aanuutti darbuun waa'ee kaayyoo boqannichaa ibsuun shaakala hiika jechootaafi shaakala faallaa jechootaa hojii manaa

kennuun, barattoonni gara dubbisaa deemuun sagalee olkaasuun akka dubbisan affeeraman. Kanas, barattoonni dubbisuuf harka baasan heddu turan. Haa ta'u malee barattoota Afur qofatu keeyyata, keeyyataan wal jalaa qabuun dubbise.Barattoonni hafan hanga dubbisani goolabanitti dhaggeeffachaa turuun xumura dubbisichaati gaffin afaanii barattoonni arfanuu keeyyata dubbisan barsiistuutiin erga gaafatamanii booda shaakala dubbisaan booda gareedhan akka mari'atan ajajamanii osoo mari'achaa jiranii sagantaan goolabamnaan bilbilii bilbilame. Kana booda barsiistuun daree gadhiistee baate.

Akka daawwii kana irraa hubannutti haalli baruufi barsiisuu barsiistuun daree keessatti itti fayyadamaa turte tooftaa gaaffii afaaniifi marii barattootati. Haa ta'u malee, itti bartuu soroorsuu, duubdeebii kennuu, barattoota jiddutti gaffiifi deebii adeemsisuun walmadaalchiisuufi ofmadaalchisuun daawwannaa barsiistuu kana waliin yeroo sadiif adeemsifame keessatti argachuuf hin milkoofne. Kanaaf barsiistuun kun tooftaa walfakkaataa kan fayyadamtuu fi malli barachuu barattootaa irratti taasifamu kan hin fayyadamne ta'uu isaatu mul'ata.

# BOQONNAA SHAN

# GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama jechoota tajaajilaa meeshalee barnootaa barnoota afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$ qaaccessuudha. Kana raawwachuufis qorannoon kun mala Akkamtaa gargaaramuun gaggeeffameera. Qorannoo kana sirnaan adeemsisuuf meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa keessatti dhimma itti bahame sakatta'iinsa dookumentii(kitaaba barataa, Silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$) yoo ta'u, dabalataanis ragaalee dawwannaa dareefi af-gaaffii barsiisota Afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$ mana barnoota sad. $2^{ffaa}$ Gurraa Jarjaraa barsiisaa jiraniifi barattoota bara 2011 M/B kana keessatti barachaa jiran irraa odeeffannoo argaman adeemsa qorannoo akkamtaan qaacceffamanii ibsamanii jiru. Odeeffannoo argaman olii irratti hundaa'uun yaadolee argannoo hanqina fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa kanneen kessatti mul'atan cuunfamanii dhiyatanii jiru. Akka bu'aan qaaccessa meeshaalee barnootaa, af-gaffii barattootaafi barsiisotaa akkasumas dawwannaa daree irraa argame mul'isutti hanqinoonni fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa keessatti mul'achuu isaa qorattuun qorannoo isheetiin mirkaneessiteetti.

## 5.2. Argannoo Qorannaa Kanaa

Walumaa galatti qorattuun argannoo qaaccessa ragaa meeshalee barnootaa, dawwannaa dareefi af-gaaffileetiin dhiyaatan irraa argattee firii qorannoo ishee haala armaan gadiitiin gudunfiteetti.

- Jechootni tajaajilaa akka jechoota qabiyyee of danda'ee meeshaalee barnootaa kitaaba barataa, Silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessattii qindaahee ta'uu dhabuun yookaan dubbisa, shaakala gilgaalataa keessatti faca'ee argamuu mirkanaa'eera;
- Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti jechootni tajaajilaa haala baruu fi barsiisuu barattootaaf mijachuu danda'uun fakkeenyaafi ibsa barbaachisaa ta'een deggaramee dhihaachuu dhabuun hubatameera;
- Gosootni jechoota tajaajilaa meeshaalee barnootaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa akkasumas Silabasii barnoota afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$ keessatti haala wal-madaaluu danda'uun

kan hin kaahamnee fi kan meshaalee kanneen keessatti hin haammatamnes jiraachuu adda ba'eera;

- Meeshaalee barnootaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa 9^ffaa^ keessaatti jechootni tajaajilaa wal-fakkaatan boqonnaa jalqabaa dhumaattii irra deddeebbiin akka katabaman hubatameera;
- Qorattuun dawwannaa daree irraa kan argatte, daree keessatti barsiisonni yommuu barsiisan haala barattoonni jechoota tajaajilaa akka hubataniif mijataa akka hin taane hubatameera;
- Muummeen jechoota tajaajilaaf xiyyeeffannoo adda ta'e kennee akka irratti hin hojjennefi hin qorattuun mirkaneeffatteetti(af-gaaffii muummee irraa);
- Kitaabni barataas ta'e Barsiisaan xiyyeeffannoo adda ta'e kennee kan barattootaaf waa'ee jechoota tajaajilaa hubannoo barbaachisaan kan hin kennamneef ta'uu qorattuun mirkaneeffatteetti (af-gaaffii barattootaa fi af-gaaffii barsiisotaa irraa);

Waluumaagalatti qaaccessa fayyadama jechoota tajaajila meshaalee barnootaa Afaan oromoo kutaa 9^ffaa^ bara 2005 A.L.I keessa qophaa'anii tajaajila kennaa jiru kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti qaaccessa godhameen rakkooleen gargaaraa akka mul'atan qaaccessa taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Kanaafuu yaadoleen armaan olitti yaada argannoo jalatti eeraman kunniin fala argate taanaan hanqinnoonni kunniin akka fooyya'an qorattuun mirkaneeffatteetti. Kanumaan wajjin walqabatee hanqinoota mul'ataniif qaamni sababa ta'uu danada'a jedhamee qorattuudhaan hubatame, meeshaaleen sirna barnootaa kunniin yeroo itti qophaa'anitti, qopheessitoonni meeshaalee sirna barnootaa kanneen qopheessaniifi gulaaltonni meeshaalee kanneen gulaalan sirriitti of eeggannoo godhuu dhabuufi haalaan sakatta'anii gulaalliin barbaachisu gadi fageenyaa godhamuufi dhabuun sababa rakkoo kanaa ta'uu danda'a.

Dabalataanis akka ilaalcha qorattuutti haaluma sakatta'a dokimantii,dawwannaa daree fi af-gaaffii barattootaa fi barsiisota irra argametti hanqinoota jiran xiinxalaa barruu meeshaalee kanneenii boqonnaa, boqonnaadhaan walcinaa qabuun sakattaateen rakkoo jiru addaan baaftee ibsitettti, karaa meeshaa funaansa odeeeffannoo af-gaaffiitiin odeeffannoon barsiisotafi barattoota irraa argamanis, yaaduma sakatta'a dokimeentii irraa argame kan cimsu ta'ee hubatameera. Odeeffannoo keennitoonni kunniin gaaffilee dhiyaateef yaada isaanii muuxannoo qabaniin bilisaan ibsaniijiru. Odeeffattunis, odeeffannoo barsiisotaafi barattoota kanniinirraa argatte cuunfitee haala walfakkeenya isaaniitiin

qaaccessuun wanti hubatte odeeffannoon argame kan saktta'a dokimeentiitiin kan walfakkatuu ta'uu isaa hubatteetti.

## 5.2. Yaada Furmaataa

Qorannoo hanga ammaatti gaggeeffame keessatti qaaccessi fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa, barnoota afaan oroomoo kutaa 9^ffaa^dhaaf qophaa'an irratti rakkoolee mul'atan adeemsa qorannichaa keessatti hubatamanii jiru. Kutaa kana jalatti immoo, yaadollee argannoo cuunfaafi goolabaa keessatti ibsamanirratti hundaa'uun yaadolee furmaataa kanneen qaaccessa meeshaalee barnootaa kanneen irratti godhametuu dhiyaate. Qorattuun qorannoo kanaaa hanga hubattetti yaadolee furmaataati jettee kan itti amante akka itti aanutti dhiheessiteetti.

- Jechootni tajaajilaa akka jechoota qabiyyee of danda'ee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti osoo dhiyaate kan jedhu ture.Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti ibsi gabaabaan fakkeenyootaan deeggaramee gilgaalotaa fi shaakaloota adda addaa keessatti jechootni tajaajilaa dhiyachuu qaba. Jechootni tajaajilaa ifaa fi salphaatti barattoonni hubataniifi kaayyoon sun dhiyaateef galmaan ga'uu danda'uitti gargaaramuun, fakkeenyotaa gaggabaaboofi ibsoota ifaa barattootatti karaa agarsiisan bal'inaan kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun, barattoonni fedhiifi kaka'umsaan akka hubatan taasisuu.
- Haaluma walfakkaatuunis gaaffiiwwan keessaa deebii qajeelcha barsiisaa keessatti boqonnaa, boqonnaadhaan dhumaarraatti dhiyaataan kitaaba barataa keessatis haaluma qajeelcha keessatti taa'aniin walsimannaan osoo dhiyaatanii hubannoo waliigalaa barattootaaf baayyee mija'aadha.
- Yaadoleen furmaataa dhiyaatan kunneenis, Qaama adda dureen kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa sirna barnootaaf qopheessanii dhiyeessan (qopheessitoota meeshaalee barnootaa kanneenii)fi barsiisotaafi barattoota meeshaalee kanneenitti kallatumaan dhimma bahaniif dhaamsa ni ta'a jedhamee qorattudhaan amanameera. Kinis qopheessitoonni kitaaba barnootaa haala fayyadama jechoota tajaajilameeshalee barnootaan walsimsiisuun dhiyeessuurratti xiinxala gadi fageenyaa taasisuu, gulaaltonni meeshaalee kanneen xiyyeeffannoo guddaa gochuun ciminaan sakatta'uun rakkoofi hanqina jiru yerootti furuu danda'uu irraa eegama.
- Karaa biraatiin barsiisaanis yeroo baay'e qajeelcha barsiisaa irratti hundaa'uun haaluma kaayyoo barnootaan meeshaalee kanneen walbira qabee ilaaluun hojii baruu barsiisuu gaggeessuun nibarbaachisa. Kanaafuu qajeelchi barsiisaa gargaaraa barsiisaa ta'uun qaama

dhiyootti argamu jechuun nidanda'ama. Haata'u malee qajeelchi barsiisaas hanqina fayyadama jechoota tajaajilaa qaba taanaan yaadni barsiisaan barataa barsiisuufi wanti baratamu dogoggora ta'ee hanqina hubannoo uumuu isaa hin hafu waan ta'eef ofeegannoon meeshaalee kanneen keessatti haalaan gaggeeffamuu qaba. Kanaafuu qopheessitoonni meeshaa barnootaa kanneenii, fayyadama jechoota tajajila meeshalee barnoota Afaan oromoo kutaa Saglaaarratti xiinxala gadifageenyaa gochuu akka qabantuu himame. Akkasumas rakkoo meeshaalee barnootaa kanneen keessatti mul'atan kanaaf furmaata eeramerratti hundaa'uudhaan qorannoon mirkaneessuun fooyya'iinsa godhuun akka qabaatu eerama. Bu'uuruma kanaan qorqattuun kun xiinxala qabiyyee dhiyaatan irratti hundaa'uun dhimma fayyadama jechoota tajaajila meeshaalee barnootaa Afaan oromoo kutaa Saglaaffaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan xiinxaluun hanqinoota mul'atan adda baastee kan furmaata jette eerteetti.

- Haaluma walfakkaatunis akkuma yaada cuunfaa jalatti ibsameetti irra deddeebiin gaaffileefi qabiyyee walfakkatanii kanneen yaaduma walfakkatan dabarsan sirraa'anii dhiyaachuu, jechoonni haaraan barattoota sadarkaa kutaa kanaa wajjin walgitu yeroo yeroon fooyya'anii meeshaalee barnootaa kana keessatti dabalamuu barbaachisaadha.
- Kaka'umsi fi hubannoon barsiisonni jechoota tajaajilaa irratti qaban gahaa miti; leenjiinfi xiyyeeffannoo mata duree kana irratti barsiisotaaf keenames hin jiru.

Walumaagalatti, qaaccessa fayyadama jechoota tajaajilaa meshalee barnootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa Afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$ irratti adeemsifameen argannoowwan dhiyaatan bu'uura godhachuun yaadni furmaataa haala armaan olitti tarreeffamen dhiyaateera. Kana bu'uura godhachuun qaamni dhimmi ilaalu keessumattuu, Ogeeyyii qophii sirna barnoota Afaan oromoo hanqinoota kanaaf furmaanni hanga kennamutti, barsiisonni mana barumsa sadarkaa barsiisaa jiran bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'uun jechoota tajaajilaa akka barsiisan dhaamsa qorattuu isa ijoodha.

# Wabii


1. *Addunyaa Barkessaa,(2011) Yaadrimee Qorannoo Hujoo(Concepts of Applie research), Maxxansaa 3ffaa, Bitootessa, pp.67, Fifinnee.*
2. *Addunyaa Barkkeessaa. (2011). Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan oromoo Keessatti, Finfinnee: Efficiency printing press.*
3. *Akma, Z. (2006). Masalah Pengajaran dan Pembelajaran Bahasa Melayu di Sekolah. PENDETA: Jurnal Bahasa, Sastera dan Budaya Jil. II, 45-57.*
4. Atkins, and et al. (1995). Skill Development Methodology, part II. Addis Ababa: Addis Ababa University.
5. Atkins, and etal. (1995). Skill Development Methodology, part II. Addis Ababa: Addis Ababa University.
6. *Baily, D.K. (1994). Methods of Social Research. (3rded.). New York: The free press.*

*Barnootaafi Kitaabilee Wabii: Finiffinnee yunivarsiitii Addis Ababaa. (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan Hin maxxanfamin)*

7. Batstone, R. (1995). Grammar. Oxford: Oxford University Press.
8. Beekaan Gulummaa. (2015). Tuujuba: Saayinsiifi Dandeettiiwwan Afaanii. Finfinnee:
9. *Benard,B.(1995). Fostering resilience in children. http://resilnet.uiuc.edu/library/benard95.html. Diakses pada 9 September 2007.*
10. *Best, J.W. (1981). Research in Education. New Delhi: Prinice Hall Inc.*
11. *Bulmer, M.: Questionnaires, 1st edition, Sage Benchmarks in Social Science Research Methods, edited by: Bulmer, M, Sage Publications, London, 354 pp. 2004.Cambridge University Press.*
12. *Canning-Wilson, C. (1998) 'Visual support and language teaching'. TESOL Arabia News, Vol. 5, no. 4, pp. 3-4.*
13. *Canning-Wilson, C. (2000) 'Practical Aspects of using Video in the Foreign Language Classroom' The internet TESL Journal, retrieved from http://itestlj.org/articles/canning-video.html.*
14. *Clark, H. (1996). Using Language. Cambridge: Cambridge University Press.*
15. *Cohn, L.(1994). Research methods in Education. Fifth Edition. London: Routledge*

16. *Cook, V. (2001). Second LanguageLearning and Language Teaching. Oxford: Oxford Universit Press.*
17. *Cooper,R (1976).The Study Of Language Use.In M.L. Bender, J.D.Brown, R.L. Cooper,and C.A. Fergusan (eds.), Language in Ethiopia.London:Oxford University Press.Currculum Devlopment and Research, Minstry of Education: Addis Ababa.*
18. *Dassee Biraanee. (1988). "An evaluation of the effectiveness of Modern Teaching Methods. And the extent to which these are implemented in Freshman English Course." Addis Ababa University. Unprinted.*
19. *Dasta .Dassalegn (2013), Bu'uura Qorannoo.*
20. *Dastaa Dassaalany. (2013). Bu"uura Qorannoo. Far East Trading PLC.*
21. *Dawson, C. (Dr). (2002). Practical Research Methods. UK: How to books LTD.*
    Elleni P.P.PLC
22. *Getaachoo Rabbirraa(2011),Seerluga Afaan oromoo:Addis Abba, kurazinterntional publishing Enterprize.*
23. *Guba ,E and Y,S, Linoin(1981), Effective Evaluation:*
24. *Gurmeessa Tujubaa.(2015), Qaacceesa Caasaa Jechaafi Hima Afaan oromoo Kitaabilee*
25. *Harmer,J. (1991). The Practice Of English Language Teaching. London: Longman.*
26. Heinich.R. (1989). Instructional media, New York:Macmillan publishing campany.
27. *Huysamen, G .K.(1998). Introductory statistics and research design. Cape Town: Academic.*
28. *Kumer, R. (1996). Research Methodology: A Step by StepGuid for beginner. London: Asage Publication.*
29. *Little wood. (1981). Communicative Language Teaching, Cambridge University press.*
30. *Mannan, A. (2005). Modern Education: Audio-Visual Aids. New Delhi: Anmol Publications.*
31. *Mc. Donough. J. and.Shaw. (1993), Materials ana Methods in engilish language teaching,Oxford, Black well pubilishers ltd.*
32. Misgaanuu Gulummaa (2011). KATTAA: Ogummaa Barreessuu. Finfinnee.
33. *MulugeetaaTendaa (2012), qaacceessa dhiyaanna Qabiyyee Jechaafi Himoota Kitaaba Barnootaa Afaan oromoo Kutaa kurnaaffaa keessatti. Fininnee,Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hin maxxanfamin).*
34. Nasr, R. T. (1972). Teaching and Learning English. Singapore: Longman Singapore Publisher.
35. *NEK-International Consultancy. (1999), Teachers Educaton Handbook: Institute For*

36. *Nunan.D.(1988). Syllabus Design. Oxford: Oxford University Press.*
37. *O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. 1996.Contemporary linguistics Analysis, an Intruduction .3rd(edt.)Tronto:CoppClark LTD.*
38. *Opoku-Asare, N. A. A. (2000). Using Non-Book Instructional Materials to Promote Teaching and Learning in Ghanaian Primary Schools-Rhetoric and Reality, MPhil. Thesis, University of Sussex Institute of Education. U. K: Brightn.Oxford pergamon.*
39. Pincas, A. (1982). Teaching English Writing. London: McMillan Publisher LTD.
40. *Poljak, V. (1985). Didaktika. Zagreb: Školska knjiga.*
41. *Qajeelcha Qophii qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnoota (B.B.O). (1995) Silabasii Barnoota Afaan oromoo: Oromiyaa, Finfinnee.*
42. *Razhiyah, K. A. (2006). Menjadi Guru Pendidikan Khas. Kuala Lumpur: PTS Professional Sdn. Bhd.*
43. Richardas. J. C. and Rodgers. T.(1986).Approaches and methods in language teaching, Cambridge: Cambridge University Press.
44. *Richardas.J.C (2001).Curriculum development in Language Teaching.Cambridge:*
45. *Richards & Rodgers. (2001). Approaches and Methods in Language. Cambridge University Press.*
46. *Richards and Renandya. (2002). Methodology in Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press.*
47. Richards. J and Renandya. W. (2002), Methedology in Language Teaching. Cambridge: Cambridge University press.
48. *Rogers. T. (1989). Syllabus design, curriculum Devlopment and policy determination. In. R. k. Jonson(ed) The second Language curriculum. Newyork: Cambridge university press.*
49. *Romiszowski, A.J. (1988). The Selection and Use of Instructional Media for Improved Classroom Teaching and for Interactional Individualized Instruction. (2nd .). London: Wiley.*
50. *Saeed, J. (2003). Semantics. Oxford: Blackwell Publishing.*
51. *Sarantakos, S. (2005). Social Research. (3rded.). New York: Palgrave Macmillan*
52. *Sarantakos, S. (2005). Social Research. (3rded.). New York: Palgrave Macmillan.*
53. *Scanlan, C.L. (2003). University of Saskatchewan Teaching & Learning Centre. Using Instructional Media [Web Page]. Accessed 2003 Mar.*

54. Shikha Kapur(2018), Teaching Aids: Non-conventional and Modern: https://www.researchgate.net/publication/327971438.
55. *Sufean Hussin. (1996). Pendidikan di Malaysia: Sejarah, sistem dan falsafah. Kuala Lumpur: Dewan Bahasa dan Pustaka.*
56. *Tafarii Ayyaanaa,(2004), New Systamatic Book Serious,Addis Ababa, Maxxansaa 2ffaa, Aster NegaPublishing Enterprize.*
57. *Talabi, J. K. (2001). Educational Technology. Accra Universal Press.*
58. *Talabi, J. K. (2001). Educational Technology. Accra Universal Press. The World Book Encyclopedia (2001).U.S.A: Onyx.*
59. Ur, P. (1988). Grammar Practice and Activities: A Practical Guide for Teachers. Cambridge: Cambridge University Press.
60. *Victor Jupp (2006) Saga dictionary of social research method.*
61. *Wilkinsion, T. S. and Bhandarkar, P. L. (1990). Methodology and Techniques of Social Science research. Bombey: Himalaya Publishing House.*
62. *Wilkinsion, T. S. and Bhandarkar, P. L. (1990). Methodology and Techniques of SocialScience research. Bombey: Himalaya Publishing House*
63. *Wolff, E. (2000).“ Language and society.” In Heince, B and Nurse, D. (eds.).African languages: An Introduction: Cambridge university press.*
64. *Yahya Othman. (2005). Mengurus Sekolah. Bentong: PTS Professional Sdn. Bhd.*
65. *Yalden .J.(1983). The communicative Syllabus :Evalution,Design and Implementation,*
66. *Yule, G. (2006). The Study of Language. NewYork: Cambridge University Press.*
67. *Zoltan. D.(2007),Reserch method in Applied Linguastics.Qualitative, quantitative and Mixed Methodologies. Oxford:Oxford University press.*

**Dabalee (A): Qabxiilee Mirkaneeffannaa Daawwannaa Dareef Qophaa'an**

## Kutaa I: Odeeffannoo Waliigalaa

1. Maqaa mana barumsaa: ______________________________
2. Maqaa daawwataa: __________________________________
3. Guyyaa Daawwatame: _________ Wayitii________ Yeroo______________
4. Kutaa Daawwatame: __________ Daree__________
5. Saala: Dhiira ☐ Dhalaa ☐
6. Umrii: 20-25 ☐ 26-30 ☐ 31 fi isaa ol ☐
7. Sadarkaa Barnootaa: Dipilomaa ☐ BA ☐ MA ☐
8. Barnoota ittiin leenjifame: Afaan oromoo ☐ Kan biro ☐
9. Bara Tajaajilaa: 1-5 ☐ 6-10 11-15 ☐ 16-20 21fi isaa ol ☐

## Kutaa II: Qabxii Mirkaneeffata Daawwata Daree

Qorattuun marsaa daawwannaa gaggeessitu keessatti qabxii gabattee kutaa seente sana mirkaneeffatti. Raawwateera/tti yoo ta'e 'eeyyee' fuuldura mallattoo (√) kana keessi. Yoo hin raawwanne ta'e immoo 'lakki' fuuldura mallattoo ( X ) kaa'uun adda baafattti.

| Lakk | Qabxii mirkaneeffannaa daree | Mirkaneeffata | |
|---|---|---|---|
| | | Eeyyee | Lakki |
| 1 | Barsiisaan jechoota tajaajilaa adda baasee barattoota barsiisaa? | | |
| 2 | Barsiisaan hariiroo jechoota tajaajilaa fi meshalee barnootaa barattootatti himaa? | | |
| 3 | Barsiisaan barattoota jechoota tajaajilaa daree keessatti shaakalsiisa? | | |
| 4 | Barsiisaan barattoonni jechoota tajaajilaa akka shaakalan ni | | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | hordofaa? | | |
| 5 | Barsiisaan akka baratooni jechoota tajaajilaa garee jechootaa biro waliin wal bira qabuun hubachiisa? | | |
| 6 | Jechoota tajaajilaa garee jechoota biroo irra haala salphaan adda baasanii akka hubatan barsiisaa? | | |
| 7 | Barsiisaan fkn daree keessaa yeroo fudhatu akka jechoota tajaajilaa salphaati hubatanif karaa saaqa? | | |
| 8 | Meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuun jechoota tajaajilaa barsiisaa? | | |
| 9 | Tooftaa barsiisaan barattoota barsiisuuf filate qalbii barattoota hawwataa? | | |
| 10 | Barsiisaan faayidaa jechoota tajaajilaa barattootatti himaa? | | |

## DABALEE (B): AF-GAAFFII BARSIISOTAA

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoommaa Qorannoo**

**Afaanootaa, joornalizimiifi sabqunnamtiitti**

**Muummee Afaan oromoo, Hog-barruufi Fookloorii**

Barreessituun waraqaa qorannoo kanaa, Fayyadama Jechoota tajaailaa barsiisuu kitaaba baratаa barnoota Afaan oromoo Mana barumsa Gurraa Jarjaraakuutaa 9ffaa qaaccessuuf gaafannoo kana isiniif dhiyeessiteetti. Yaadni isin kennitan hundi dhimma qorannoo kanaaf kan oolu ta‟uufi iciitiin kan qabamu ta'uu isaa gamanumaan isinii mirkaneessa. Qorannoon kun immoo hirmaannaa keessaniin galmaan ga'uu waan danda'uuf, gaaffilee qorattuun isin gaafattu kanneen xiyyeffannoon dhageeffachuun deebii kennuun akkasumas, yaada dabalataa qorannoo kana qajeelchuu yoo qabaattan itti dabaluun qorattuu akka gargaartaniif kabajaan isin gaafatti.

**Gargaarsa Keessaniif Galatoomaa!**

**Horaa bulaa!**

**Qorattuu Dirribee Gabruu**

**Kutaa I: Gaaffilee Armaan Gadii Haala Gaafatamteen Deebii Kenni.**

1. Kaayyoo jechoota tajaajilaa barattootaaf hubannoo kennituu?
2. Jechootni tajaajilaa akkuma jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo argatanii jiruu?
3. Jechoota tajaajilaa adda baasuun barattoota keessan barsiiftuu?
4. Barbaachisummaa jechoota tajaajilaa barattoonni hubataniiruu?'
5. Hariiroo Jechootni tajaajilaa garee jechoota biroo wajjin qaban barattootaaf hubannoo kennituu?'
6. Waa'ee jechoota tajaajilaa baratoota yommuu barsiiftan akka madaalaman ni taasiftuu?'
7. 'Barattoonni jechoota tajaajilaa barachuuf hangam fedhii qabu?
8. 'Tooftan isin jechoota tajaajilaa barsiisuuf itti fayyadamtan hangan kaayyoo keessan milkeessa jettanii yaaddu?

9. Hariiroon jechoota tajaajilaa fi meshalee barnootaa barsiisaan keessan isin barsiisee beekaa ?
10. Waa'ee jechoota tajaajilaa barattoota erga barsiiftanii booda duubdeebii barattoota irraa fudhattuu?

**Dabalee(C): Af-gaaffii Barattootaa**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoommaa Qorannoo**

**Afaanootaa, joornalizimiifi sabqunnamtiitti**

**Muummee Afaan oromoo, Hog-barruufi Fookloorii**

Barreessituun waraqaa qorannoo kanaa, Fayyadama Jechoota tajaailaa barsiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo Mana barumsa Gurraa Jarjaraa kuutaa 9[ffaa] qaaccessuuf gaafannoo kana isiniif dhiyeessiteetti. Yaadni isin kennitan hundi dhimma qorannoo kanaaf kan oolu ta'uufi iciitiin kan qabamu ta'uu isaa gamanumaan isinii mirkaneessa. Qorannoon kun immoo hirmaannaa keessaniin galmaan ga'uu waan danda'uuf, gaaffilee qorattuun isin gaafattu kanneen xiyyeffannoon dhageeffachuun deebii kennuun akkasumas, yaada dabalataa qorannoo kana qajeelchuu yoo qabaattan itti dabaluun qorattuu akka gargaartaniif kabajaan isin gaafatti.

**Gargaarsa Keessaniif Galatoomaa!**

**Horaa bulaa!**

**Qorattuu Dirribee Gabruu**

**Kutaa I: Odeeffannoo Waliigalaa**

1. Maqaa mana barumsaa______________________________________
2. Guyyaa itti gaafatame/mte________Sa'aatii_______
3. Saala______Umrii_____

**Kutaa II: Qabxiilee Ijoo Gaaffiilee Af-gaaffiif Dhiyaatan**

1. Barsiisaan keessaan kaayyoo jechoota tajaajilaa maal akka ta'e isin barsiisaa?
2. Jechootni tajaajilaa akkuma jechoota qabiyyee xiyyeeffannoo argatanii jiruu?
3. Jechoota tajaajilaa adda baasuun barsiisaan keessan isin barsiisuu?
4. Barbaachisummaa jechoota tajaajilaa barsiisaan keessan isin huchiisaniiruu?

5. Hariiroo Jechootni tajaajilaa garee jechoota biroo wajjin qaban barsiisaa keessan irraa hubannoo argattaniittuu?
6. Waa'ee jechoota tajaajilaa erga barattanii booda madaallii akkamii madaalamtu?
7. Jechoota tajaajilaa barachuuf hangam fedhii qabdu?
8. Tooftan barsiisaan keessan jechoota tajaajilaa ittiin isin barsiisan itti hangam kaayyoo keessan milkeessa jettanii yaaddu?
9. Hariiroo jechoota tajaajilaa fi meshalee barnootaa barsiisaan keessan isin barsiisee beekaa?
10. Waa'ee jechoota tajaajilaa barsiisaan keessan erga isin barsiisanii booda duubdeebii isinii kennuu?

## Dabalee (D): Af-gaaffii Muummee Afaan oromoo

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoommaa Qorannoo**

**Afaanootaa, joornalizimiifi sabqunnamtiitti**

**Muummee Afaan oromoo, Hog-barruufi Fookloorii**

Barreessituun waraqaa qorannoo kanaa, Fayyadama Jechoota tajaailaa barsiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo Mana barumsa Gurraa Jarjaraa sadarkaa 2ffaa kuutaa 9ffaa qaaccessuuf gaafannoo kana isiniif dhiyeessiteetti. Yaadni isin kennitan hundi dhimma qorannoo kanaaf kan oolu ta'uufi iciitiin kan qabamu ta'uu isaa gamanumaan isinii mirkaneessa. Qorannoon kun immoo hirmaannaa keessaniin galmaan ga'uu waan danda'uuf, gaaffilee qorattuun isin gaafattu kanneen xiyyeffannoon dhageeffachuun deebii kennuun akkasumas, yaada dabalataa qorannoo kana qajeelchuu yoo qabaattan itti dabaluun qorattuu akka gargaartaniif kabajaan isin gaafatti.

**Gargaarsa Keessaniif Galatoomaa!**

**Horaa bulaa!**

**Qorattuu Dirribee Gabruu**

### Kutaa I: Odeeffannoo Waliigalaa

1. Maqaa mana barumsaa________________________________________
2. Guyyaa ittigaafatame/mte_________Sa'aatii________
3. Saala______Umrii_____
4. Sadarkaa barnootaa_________________

### Kutaa II: Qabxiilee Ijoo Gaaffiilee Af-gaaffiif Dhiyaatan

1. Barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa keessatti jechootni tajaajilaa akka barattootaaf ifutti wanti yaadame jeraa?
2. Barsiisonni Afaanii wantoota adda addaa irratti jechoota tajaajilaa barreessuun akka mana kuusaa kaa'an Muummeen ni hubachiisaa?

3. Jechoonni tajaajilaa akka xiyyeeffannoo argatu Muummeen Barsiisota Afaan oromoo waliin waan yaade qabaa?
4. Muummeen Afaan oromoo jechoota afaan oromoo haala salphaan akka barattoonni hubatan ni hordofaa?
5. Jechoota tajaajilaa barsiisonni afaan oromoo akka addatti barattoota hubachiisan ni gorfamuu?
6. Tooftaan barsiisonni Barnoota Afaan oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ barsiisan barattoota madaaluuf daree keessatti itti fayyadaman tooftaa madaallii kami?
7. Barsiisonni barnoota Afaan oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ barsiisan erga barattoota madaalanii booda duubdeebii barattootaaf akka kennan muummeen ni taasisaa?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorattuu_______________________________________

Mallattoo___________________________________________

Guyyaa ___________________________________________

Ani Dr.____________________________________barattuun kun hojiin ishee of ittisuuf dhiyaachuu akka danda'uuf mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Mallattoo_________________________________

Guyyaa__________________________________